

Yeeyyis Yunivarsiitii Wallaggaatti barataa fayyaa waggaa arfaffaati. Dhiigni diimatteef dhiiga miti. Dhiiga keessas dhiigni jira; yoo dhiigni dhiiga beekeef. Waan seenaa keessa jiru dheebotaa seenaatu beeka. Isa cabni lammii cabasaa ta'eefi hirriba halkaniif guyyaa keessaa dammaqanii of baran!

Barreessicha.

Akka nama qalbiin darbee gaafa maraatan; akka horii siddisa dheeddees gaafa bokokan; dubbachuu utuu danda'anii yeroo callisan; fagoo ga'uun utuu danda'amuu gaafa takaalaman; nyaataan utuu hintaane yaadaan yeroo mar'immaan namaa waxalamu, humna ogummaa dhiibamuu keessa jiruun albuuda qilee keessaa waraabbachuun akka danda'amu shakkii hinqabnu! ...Ilkee arrabaa doomsuuf!..hundaaf hoj-mannee haata'u!

Misgaanuu Gulummaa Irranaa
Yunivarsiitii Finfinneetti Barataa PhD
Barsiisaafi Barreessaa

Kitaabni kun kan Oromoon keessatti of ilaalu, daawwitii duubaaf keessaati. Dhugaa dabeefi qajeelummaa quucare ittiin qajeelchuuf meeshaa jabanaa kan jaarraa kanaa dargaggeessa kanaan kalaqamedha.

Dr. Soolan Baqqalaa Abboomaa


Qar. 45

$ 30

Subi
Printing Press

ILKEE ARRABAA

Yeeyyis Birruu Nagaroo



Guraandhala,2013
Finfinnee, Oromiyaa

ILKEE ARRABAA

YEEYYIS BIRRUU NAGAROO

Gulaalaan: Misgaanuu Gulummaa Irranaa

FINFINNEE, OROMIYAA
BITOOTESSA, 2013

ILKEE ARRABAA

©YEEYYIS BIRRUU NAGAROO 2013

Teessoon:

Bilbil-sochii. 0917136806

E-mail: yeyisbiru@yahoo.com

yebinab@yahoo.com

Mirgi isaa seeraan eegamaadha.Kitaaba kana eyyama barreessaa malee karaa kamiinuu baay'isuufi raabsuun dhorkaadha.Garuu madda eeruun wabeeffachuun nidandaa'ama.

FINFINNEE OROMIYAA

YAADANNOON:

Kitaabni yaad uumeen kun:

1. Gootota Oromoo qabsoo dhiigaatiin Afaan Oromoofi eenyummaa keenya nubarsiisanii ofii garuu dirree qabsoorratti dhumaniif,
2. Dargaggoota Oromoo kan utuu abjuufi mul'ata biyya jijjiiru keessa isaaniiti qabanii akka ifa hingooneef ukkaamsamaniif,
3. Lammii Oromoo biyya isaanii quba qabaachuu dhabuun bittaa faranjii jalatti gowwoomfamaniif,
4. Dargaggoota waa'ee saba isaanii barreessuudhaaf utuu kennaafi ga'umsa guddaa qabanii sababa rakkoo garaagaraatiif kiyyoo rakki naa keessa jiraniif.

Hubachiisa!

1. Kitaaba kana ilaalchisee yaadni isin naaf laattan hundi hojiikoo isa itti aanuuf bu'uura waan naaf ta'eef lakkoofsa argamakootiin akka naaf dhaamtan sinan gaafadha.

2. Kutaa lammaffaan asoosama kanaa yeroo dhiyootti isin bira waan ga'uuf obsaan na eegaa.

3. Aadaa kitaaba dubbisuu ofiis horannee namoota biroos kakaasuun iddoo har'a biyyi guddatan ga'an Oromiyaanis akka geessuuf waliin waltaanee haa hojjennu...TOKKUMMAA!!!

Dhaamsa Barreessichaa

Hawwiifi fedhiin dhala namaa bakka dhalootaan hinmurteeffamu. Bakki dhalootaas xumura jireenyaaf murteessaa miti. Murteessaadha utuu ta'ee, Addaamiifi Hewwaan jannata Eden keessaa hinba'an turan. Ilmi waaqaammoo dallaa horii keessatti hafa ture. Inni bakka ol'aanaa gadi bu'ee, inni bakka gadi aanaas olba'ee madaalliin bakka dhalootaa-fi xumura jireenyaa waljijjiirraan, mudhiikoo wadaroo seexaan hidhadhee, itti gaafatamummaa narra jiru ofirraa baasuuf kobbeekoo waraqaa diriiraarra asii gadi dhaabe.

Egereekootti gammaduuf, har'a utuun beekuu fuuncaa sibiilaa yaadaatiin takaalamee,yeroon takaallii kutadhee ka'ummoo fiigicha yoo fiigan hindhaabannefi obomboleettii bonaa galaanarraa ka'ee, waaqaafi lafa gidduu gulufuu wajjin konkolaadhee, xiqqoo turee yeroon ofbaru, galaana yaadaa seenee akkan borcaa jiru ofqeeqee, madaa marrummaankoofi okkolaa lafee yaadakootii hurursaa, bakka golli sammuukootii dadhabee bososetti sossobeen ofdammaqsa.

Bor hinbeekneen bara dukkanaa, baatiin baatii dabalatee qaammee dhalchee waggaa akka guutu irraanfattee, qalbiikoo mancaaftee malkaa gama na ceesifte. Booruu yaada kootii utuman hareeruu "Ya Waaqa garaa gurraachaa! Atumtiyyuu madaa arrabni na madeessite kana hinargituu laata?" Jedhee uumaakoo wajjin walmorkii dubbii dhaqeera. Hum! Ajaa'iba! Maal amma itti hinjiraannee malee hiyyummaa hinqabu. Qaroonkoos garraamiidha; budooma hinbeeku. Yoo ta'es garuu, qalbii dhabee maree hiriyaakootii balfee deemsa guyyaa saafaa dhiisee gulufa dukkana xillimii keessa taa'uu kootiifillee utuun tuqameera ta'ee garaakootiif baga, amma garuu isas miti.

Gowwaan gamna offakkeessu eenyummaakoo kaleessa dheengaddaa na hirraanfachiisuuf "Kan darbe dubbachuuf kan rafe dhuungachuun bu'aa hinbuusu" jedhee egereekoorra guuboo dukkanaa dhaabuuf madaakoo horfee tuttuqa. Achii as dhufakoofi hidda sanyii dhalootakootii hormi qorachuun hinbarbaachisu, dacheen irratti dhaladhe irrattin guddadhe.

Ilkeen Arrabaa haadha warraakoo qeerrummaati! Lafee cinaachakoo bitaa keesssa qofaa baate utuu hintaane, guutummaa foonkoottii biqiltee, dhiigakoo abbuuqqattee guddatte. Ishee jaalladhee, harkakoo keessa galfachuuf ijoollummaakootti fuullikoo keessi na qooree muka ibiddi jala ba'e na fakkaateera. Gammachuukoofi gaddakoo isheettin obsee, iccitiikoos dhoksee itti gumgumadhee, riqicha galaana ibiddaa godhadhee isheetiin bara lakkoofsisiifadheera.

Fiixee harmashee kan gadi cabse ana, kanaaf Aniifi Ilkeen Arrabaa, dhirsaafi niitii ijoollummaatti waljaallatanii wajjin rifeensa lama biqilchan taane. Yoomiyyuu ani ishee keessan jira, isheen na keessa jirti, ofkeessatti na ilaalti, anis ishee keessattin ofilaala, na keessatti ofilaalti, anis ofkeessattin ishee ilaala. Nuti waliif daawwitii seenaati, kan eenyummaa keenya ittiin waliif ibsinu.

Yeroo ani kitaaba kana barreessaa ture, gombisaan qilleensaa harka uumaa keessaa uumama hundaaf tola kennamullee na biratti qaala'aa ta'eera. Nyaachuun, dhuguun, rafuun, uffachuun, kolfuun, ayyaaneffachuun, naaf hikkaa dhabee ture, kana hundumaas uumaatu natti fide utuu hintaane, raacitii gola garaakoo keessaa bukaa'uu dideedha. Kunis waggoota ja'aaf jiruufi jireenya namummaa keessaa ala na jiraachiseera.

Madaa Ilkeen Arrabaa na keessatti uumte suphachuudhaaf ogeessa madaakoo ni fayyisa jedhee abdadhe biratti ceepha'amera. Yoota'es naaf, "Ilkeen Arrabaa abjuukootiif hiikkaa taati" waanan jedheef, ceephoonsaanii sokoksaa baallee ijaa natti hinfakkaanne. Anis sagalee 'bor har'a miti' jedhu dhaga'een ofdammaqsee, haatikoo wadaroo rakkinaa qabattee akka na hindeenye yaadadheen warran gargaarsaaf harkasaaniii dhaqee dhabe taajjabe.

Egaa Ilkeen Arrabaa:

Qaramaadha hinqarani - Qartuu hinbarbaachisu

Godaannisa sammuuti - Dibataan hinsuphamu

Waraansa dhiiga hinbuufne - Waraantuun hinagartuu

Ilkee namni hinbuqqifne - Kan dhukaafi dhiiga seenu

Miixuu ofkaltii hinqabne - Miixuu gadameessa gogeeti. Kanaaf utuu ergaasaa na duraa hinhaqaaqin dhaamsa Ilkeen Arrabaa qabdu akka soorattan isin afeereera.

Fuuleffannaa

Foon lafee cabsee dhuka xuuxu, kan jaarraa lakkoofsiiseefi godaannisnisaa agartuu seenaa jalaa hinmiliqneefi waraansa uumaanis ta'e uumamni ofkeessaa qabuudha. Dhalli namaa kan utuu Ilkee Arrabaatiin hinwaraanamin kayyoosaa bira ga'eefi utuu hinmilkaa'iin dachee kanarraa godaane tokkollee hinjiru.

Dhalli namaa dhalatee erga gara dachee kanaa dhufee miseensa uumama dachee kanaa ta'ee jaarraa baay'ee lakkoofsiseera. Irra caalaansaanii dhukkuba daawwaa hinqabneefi mana wallaansaa utuu hinciibsin sammuu gaa'aa gara dachee kanaa dhufe kan karaatti deebisuu danda'uun, siidaa seenaa utuu hindhaabin darbaniiru. Dhukkubni uumama ganamaarraa eegalee hamma har'aatti jiru, boris hindhibamne kun, mataa ofiif ilaalcha gadi aanaa qabaachuudha; oftuffachuu!

Kanaf dhalootni har'a gara dachee kanaa dhufe hundi, eenyummaasaatiif ilaalcha gadi aanaa kennee, lammiisaatiifi hawwaasa keessatti dhalateef utuu bu'aa hinbuusin yoo hafe, gara dachee kanaa keessummummaadhaan dhufee keessa jiraataa jira malee, miseensa uumama dachee kanaa miti.

Magariisni hara'a dachee golgee jiru kun, fooniifi lafee gootota Oromoo wareegamanii albuuda godhatee, dhiignisaaniimmoo jiidha ta'eefiiti malee uumamasheen qofa miti kan miidhagina kana fakkaatu argatte. Isaanoo eelaasaanii garaatti baatanii, mar'ummaan madaa'een golli lapheesaanis mil'uu gaddaan guuteen utuu karaa eeguu, hawwiin hawwii taatee miilla fageeffattee; anis, akkumasaani madaakoorratti eelaa baadhee utuman tiradhuu 'Dacheen waamicha naa gootii laata?' jedheen Gootota Oromoo warra maqaa fokkisaa nafxanyoonni moggaasanii turan ofirraa mulquuf wareegama lubbuu Ilmaan Oromoo hundaaf kanfalan sana Ilmaan Oromoo hundi akka yaadataniif "Ilkee Arrabaa" isaaniif galaaseera. Lammiikootiif dhaadannoo, Gootota Oromoofimmoo yaadannoo haataatu!

Dubbistootakoof dhaamsi ani qabu akka waliigalaatti dandeenyaan barreessinee seenaa ol haakeenyu; dhabnu ammoo dubbisuutiin seenaa darbe haayaadannu. Irratti hojjechuutiin gaaffii seenaan nugaafattu mara seenaan deebii haalaannu! Namni seenaarraa hinbaranne ammoo... hanga kitaaba biraatiin walitti deebinutti dubbisa gaarii...!!

Barreessicha
Bara 2013

Galata

Ogummaa hundumaaf maddaafi hundee inni ta'e Waaqayyo jaqabarratti haagalateeffamu! Utuu inni hinjenne ta'e, jiraadheeyyuu hojii seenaa qabeessa kana hinhojjedhun ture.

Utuu kitaaba mucaakootii hindubbisin Waaqni waan tokkoyyuu nu hingodhin jettanii naa wajjin yaadaan dararamaa kan turtan, abbaakoo Obbo Birruu Nagaroofi harmeekoo Aadde Geexee Guddinaa guddaan isin galateeffadha.

Obbolootakoo Obbo Mazgabuu Birruufi Aadde Muluu Jabarraa, Obbo Malkaamuu Birruufi Aadde Ayyaantuu Nigaatuu, Addisuu Birruu, Lijaalem Birruu, Misgaanuu Birruu, Ajaa'ibduu Birruu, Ayyaantuu Birruu, Ifee Birruufi Iftuu Birruu. Hiriyootakoo, Turaa Mulugeetaa, Mitikkuu Buzunaah, Addunyaa Dhufeeraa, Lammeessaa Haayiluu, Elsaabet Ittafaa, Yaadannoo Garomsaa, Mootii Mootummaafi Suraafel Baahiluu (ogeessa fakkii kitaabicharraa).

Akka abbaa dhimmaatti gorsaakoo taa'anii kan yaada naaf qoodan, Barsiisaa Guddataa Abdiisaa, Barsiisaa Muusxafaa Adam, Baarsiisaa Bulchaa Qanaasaa, Barsiisaa Fedhasaa Taddasee, Abbaa Seeraa Obbo Mazgabuu Taasisaa, Obbo Daggafee Nagawoofi Aadde Sannaayet Jabarraa.

Isan gola sammuukoo keessaa gadi dhangalaasee kobbee kootiin barreesse, utuu hinnuffin tokko tokkoon funaananii marrummaan kompiwuuteeraatti kan naaf sassaaban, Durbee Asaggadech Taaddasee, Durbee Taabotee Waaqjiraa, Durbee Hawwii Tasfaayee naaf haajiraatan.

Waajjira Aadaafi Turizimii Godina Wallagga Lixaa, Giddugaleessa Qo'annoo Hawaasaafi Naannoo Yuuniversitii Wallagga, Gumii Aadaafi Dagaagina Afaan Oromoo Yuuniversitii Wallaggaa. Abbootii qabeenyaafi maanguddoota Oromoo, hundumti keessan miidhamakoo miidhamtanii, beelako beeloftanii, daarakoo daartanii, eelaakoo baattanii, anaa wajjin kan hubamtan hundaaf meeshaa safaraa galataa waan hinarganneef, isiniif ibsuu hindanda'u; galatnikoo guddaadha.

Keessumattuu kitaaban yeroo dheeraaf barreessee wajjin rakkataa ture, waan hindanda'amne akka danda'amu godhee gara mana maxxansaatti akkan geessuuf odeeffannoo, gulaalliifi ogummaa kitaabarratti qabu mara utuu hinqusatiin naaf qooduun kan hojiin kun akka fiixaan ba'u nagargaare Yunivarsiitii Finfinneetti barataa PhD kan ta'e Misgaanuu Gulummaa Irranaatiif galata Oromummaan qaba. Ulfa dhaloota guddisuuf qabduuf carroomteetta; ammayyuu hayyuu guddaa nuuf ta'i! Keessumattuu utuu atis akkumakoo wal'aansoo barnootaa keessa jirtuu gargaarsa gatiin hintilmaamane kana naaraawwachuukeetiif ammayyuu ija horaa jirtu kanarratti ija danuu horadhudhun siinjedha.

Lammiinkoo marti kan miixannaa dhugaa nafaana miixachaa turtan, bu'aan dhamaatee keessanii kunoo ija waan godhatteef galata qabdu.

Kitaabni kun yeroo dheeraaf ana harka ture. Ulfa waggaa dheeraati. Kitaaba kana dubbistootaan ga'uuf hedduun maassane. Warri afaaniin naloogdanii gargaarsaafis nagowwoomsitan innumtuu anaaf gaarummaaf ta'e najechisiiseera. Galata qabdu!

Kitaabni kun hamma kana kan xiqqaatu hinturre garuu sababa rakkoo maxxansaatiif iddoo lamatti qooduun dirqama natti ta'e. Kutaa lammaffaasaas yoo Waaqayyo jedhe dhiyoottan siniin ga'a.

KUTAA 1

Lagni Dhidheessa laga guddaafi laga dheerina qabuudha. Bo'oon isaa konkolaataa uumamaa daandii sirreessuun duguugamee, miidhagiinaaf immoo akka qomoo qomoosaatiitti, siisoo, tima, cirracha, dhagaa gurguddaafi xixiqqaan akka angafaafi quxusuutti harka uumaatiin naqamanii toora galanii jiru.

Hundeen muka gurguddaafi jirmisaa kan rukuttaafi kaballaa rooba gannaatiin madaa'ee qolasaa wareegee madaa hinfayyineefi qaama kulkulaa baatee qarqara bishaanichaa cirracha keessa boraafatee ciisu, reeffa loltuu waraanaa daangaa biyyaarratti rukutame fakkaatee darbee darbee nimul'ata. Jirmi gubaalessaa bonaatiin holqaa'ee, gannammoo reeffisaa lolaan gaararraa dhiibamee utuma tiratuu dhufee gara muummeetti gadi konkolaatee, maal nadhibdeedhaan utuma deemuu baatamee dhufee dhagaatti hirkatee ciisus wadala harree gurraacha, waraabessaan nyaatamee raqnisaa holqaa'ee ciisu fakkaatee mumul'ata.

Dhagaa gurguddaan, gamoo dulloomaa mana mooticha Solomoon durii isa Gaazaa keessa dhaabbatu kan fafakkaatuu gosa dhagaa garaagaraan qiinqimamee, walakkeesssa bishaanichaatii walhammatee dhadhaabata. Qomoon bineensota bishaan galanii, uumamni xixiqqoon kan maqaasaanii nama utuu hintaane uumaan qofti beeku gamoo ijaarsa 'kondomiiniiyeemii' Waaqni ijaaree kenneef kana jala taa'aanii, ciisanii caama qaqaammatu. Kaanimmoo walgangalchanii taphatu, as baa'anii, as baa'anii deddebi'u, reeffa bishaaniin baatamee dhufetti kolfu, yeedaloo dhahii bishaan Dhidheessa dhaggeeffatu, daakkiyyee bishaanirra koochooshee haftee balaliitu ilaalu, nidaawwatu.

Lagni Dhidheessa laga harki Waaqaa diriirsee, lafa gamaafi gamanaa gargar saaqee gidduu hafeedha. Irra guddeessisaa dachee Oromiyaa

keessa haaqaxxaamuruyyuu malee, bakka tokko tokkotti daangaa mootummaa naannoo Oromiyaafi mootummaa naannoo Beenishaangul Gumuzirra oola. Warri gama jiran akka isaanii dandaa'ametti yoo as ce'anillee, warri gamanaa garuu yeroo barbaadaniifi haala barbaadanitti achi ce'uu hindandaa'an. Yeroo achi ce'uuf jedhanis ulaagaalee ce'umsaa baay'ee gaafatamu.

Yakkaa qabda yoota'e, yakkaakee himadhu, nama yakkiteetta yoota'e, uummata, mootummaa, maatiikee, ollaakee yakkiteetta yoota'e, imaanaa fuutee nyaatteetta yoota'e, lubbuun namaa, lubbuun horii si harkatti miidhameera yoota'e, ati uumama harka uumaati waantateef yakkaa hojjette kanaaf uumaa dhiifama gaafadhu jedhu. Ulaagaaleen gaaffii imaltoota karaa Dhidheessaa ce'aniif dhiyaatu kun 'paaspoortii' imala laga Dhidheessaati. Gaaffiin kunis daaktota qarqara bishaan Dhidheessa jiraataniif amala ta'eera. Gaaffii kana kan gaafatus, imaltoota kana kan ceesisus, lammii biraa utuu hintaane Gumuzoota qofa. Qullaasaanii dhaabatanii gaaffiidhaan hafuura nama kutu.

Shimala xobbee babbaqaqsanii, akka ogummaasaaniitti walkeessa hulluuqsanii ittiin imaltoota ceesisu. Kaanimmoo jirma muka meexxiirraa bidiruu tolchanii ittiin ceesisu. Isaaniif bidiruun kun doonii taayitaanikii caalti. Kunoo kanaaf, daaktuun bo'oo isaa qabatanii kallattii karaa deemtoota argaachuu dandaa'aniin qarqara lagichaatti hoxxee ijaarratanii argamu.

Dameefi Baayisaan miiltoosaanii wajjin ergaa bishaaniin nyaatamanii booda, bishaanni isaan baatee deemee daaktuu kan biraa, kan goodaa Dhidheessaa jiranitti isaan kenne. Reeffisaanii bishaan keessa yeroo gangalatus bineensa bifti isaa hinbeekamne fakkaatanii nama sodaachisu. Baayisaafi miiltoonsaanii nama ta'uunsaanii utuu adda hinbaaf

amiin, utuu daaktonni nama ceesisan walwaamanii walitti agarsiisanii bishaanni fudhatee darbe. Du'aniiruufi lubbuun hafaniiruu isaanii wanti adda ba'e tokkollee hinjiru. Garuu lubbuun keessa jiraayyuu mataasaanii olqabatanii harka faffacaasaa deemu turan. Ammammoo mataasaaniifi harkisaaniis dhokateera. Kan argamu dugdasaanii qofa.

Yeroo yartuu booda nama harka faffacaasaa wirriiqqatu tokko bishaanni ammas baatee fide. Daaktotnis nama ta'uusaa erga adda baafatanii ariitiidhaan keessaa baasan. Dhagaa bishaan keessa jirutti rukutamee qaamni isaa tokko tokko miidhameera. Haata'u malee, lubbuun keessa jiraates eenyummaasaa beekuufillee waraqaa eenyummaa hinqabu. Korojoo isaatti harka kaa'anii yeroo ilaalan qarshii 688 kan bishaanni tortorse qofaatu jira.

Daaktootni kunis lammummaan waan isaanitti dhagaa'ameef, gaangee daldaltootaa fe'umsaan karaa gammoojjii laga Dhidheessa deemaa jirtu keessaa kan dugda duwwaa taate tokko argatanii irratti qabanii gara magaalaa Senteraaliitti geessan. Daandiitti erga ba'anii konkolaataadhaan gara Hospitaala Naqamteetti fuudhanii deemuuf dursa asiifi achi fiiganii namoota magaalaa Senteraaliirraa gargaarsa kadhachuufii eegalan. Hospitaala Naqamtee kutaa hatattamaa galchan.

Yeroo kana ogeettiin fayyaa kutaa kana keessa turte Aadde Yaadashii Jaarraati. Isheenis, suuta jettee yommuu ilaaltu, nama duraan beektu isheetti fakkaate. Gara malee yoo dadhabellee, maqaasaa Damee Aagaa jedhee isheetti himachuu hindadhabne. Hiriyaashee durii ta'uusaa adda baafatte. Gargaarsa hatattamaa hunda gooteefii qilleensa baafachuufi fudhachuunsaa addaan ciccitaa kan ture, Oksijiinii erga laatteefii booda xiqqoo hafuurrisaa walsassaabe.

Garuu, kun haadha; haadha guyyaa muddamaa....gaafa xiiqii....haadha wadaroo miixuu ofirraa hinkutnee, utuu hinulfaa'in eelaa; eelaa gadameessaa.....kan mar'ummaan duwwaa miixattu, ciniinsuu gogaa ciniinsifattu. Ciniinsifattuu, ciniinsifachiiftuu.....ofkalchiiftuu, ofiis ofkaluuf kan karaa eegdu. Hiddi handhuurakoo qooree gogee, gogee golgolaa'ee bakkaa badeera, isheen garuu mucaa dhiigaa nagootee nabira ciiftee kafana natti haguugdee nakunuunsiti. Wixxifattuun gubbee mataakootii kantaree walfunaanee, walcuqqaalee dhagaa ta'eera. Isheen garuu, akka daa'imaatti dalga naqabatti malee, gubbee mataakoo olhinqabdu. Hum!..... kun, kunimoo? " Baalleen ijasaatii cufamaadha, garuu dhiigaafi dhuknisaa ofkeessatti guumgumee mar'ummaansaatti hasaasa; hasaasee, hasaasee waan hasaasu dhabee afaan saaqqatee dubbii eegale.

"Eenyu isin kan hamma kana natti dhamaatan, maaloo utuu lubbuun nakeessa jiruu maqaa keessan natti himaa" Jedhe sagalee addaan ciccitaadhaan. "Ati naaf fayyi malee eenyummaakoo siif ibsuutu natti ulfaatemoo?" Miira gaddaa tokkoon sagalee marartee qabuun. "Lakki, lakkin jedhe ani kankoo beeka, amma natti himaa, amma....." Dudubbachiisuu eegaleera garuu, afaansaa toora dubbii eeggatee hindubbatu. Harkashee bitaadhaan lapheshee qabattee, harka mirgaanimmoo isa qaqqabaa, bakka inni ciisutti gadi jettee sagalee mararteedhaan, "Ati Damee mitii? Nadagattemoo ofdagattee? Yeroo ijoollummaa keenyaa Mana Barumsaa Maarachee Wadaboo jedhamutti wajjin hinbarannee? Akka fedhe yoota'eyyuu atihoo Damee kooti! Hidda dhaloota keenyaa dagannamoo?" Jiruufi jireenyi; gargar nama baasus, dhigni walii wajjin taliila jireenya ijoollumaa abbuuqqatee guddate walhindagatu.

Mataasaa siree irra ciisurraa olqabatee sagalee fageeffatee "Wayyoo dhuguma ati Yaadashiidhamoo? Ishee dur wajjin barataa turree? Uffee-kaa yaa haadhakoo..... uf.....uf.....uffee" Jedhee hafuura baafataa yaadaan liqimfame. Amma erga ishee ta'uu adda baafatee, akka wajjin barataa tures niyaadate. Sammuunsaas, gochawwan waggoota darbanii teellaa deebi'ee yoo ofyaadachiisu, godaannisa sammuu isatti ta'e.

Waggoota kudhan dura Dameefi Baayisaan, Yaadashii wajjin Mana Barumsaa Maarache Wadaboo jedhamutti barataa turan. Haata'u malee, isaan lamaan akkuma amalasaanii isa badaa sanaa, Yaadashii daree barnootaa keessatti jeequ turan. Sababa isheen barnootatti cimtuu taateef, jechoota hamileeshee tuqu isheetti darbataa oolu. Amalasaanii kana hundumaa dandeessee yeroo dheeraaf isaanii wajjin jiraataa turte. Guyyaa tokko jechootni isaan isheedhaan jedhan waan garaa ishee madeesseef, obsashee fixattee, gara qindeessaa mana barumsichaa, Barsiisaa Waaqtolee bira deemtee himatte.

Barsiisaa Waaqtoleenis Dameefi Baayisaa gara waajjiraatti waaman. Isaanis dhufanii balbala waajjirichaa darbatanii bananii olseenan. Yaadashiin garuu suuta jettee banattee olseentee teesse. Yeroo kana isaan lamaanimmoo hamileeshee tuquuf ija dalgaatiin walilaalaa, gadi qabanii isheetti seequ. Dhimmashee kanaaf qindeessaan rakkina jiru hiikuuf yoo marii eegalullee, isaaan lamaan yaadaan faana dha'anii dhaggeeffataa hinjiran. Takka gara mirgaatti, takkammoo gara bitaatti gaggalagalanii barreeffama waajjiricha keessa jiru taa'anii dubbisu. Haalota jiran ilaalchisee gaaffii Barsiisaa Waaqtoleen dhiyeessaniif bookee gurra Arbaa buutetti hinlakkoofne.
Amalootni isaan calaqqisiisan kun garaashee ibidda godhee waade. Gadi jettee ijashee lamaaniin lafa ilaalaa, qeensashee ilkaaniin ciccinii-naa, garaa leyyoodhaan guuteen utuma teessuu, "Anaan kaayyookoofi

mul'ata ani gara fuulduraatti qabutu isiniif nagarboomse malee, amma kanayyuu hinobsun ture" Jettee isaanirraa achi galagaltee gadi jettee fiixee wayyaasheetiin imimmaanshee haxaa'atte.

Yeroo kana Dameefi Baayisaan gumgumuu eegalan. Sagalee u'ulfaatoodhaafi rifachiisoo dudubbatu. Barsiisaa Waaqtoleenis jeequmsa kana tasgabbeessuf suuta jedhee yoo dubbatellee isaan lamaan garuu teessuma isaaniirraa olka'anii, "Dhiisaa, isheen dura kaayyooshee bira haageessuu, gaafa rakkannee harkashee dhufnemmoo nuun haataajjabdu" Jedhanii waajjiricha keessatti sagalee gaafa machii dhageessisan. Mariin mari'atamaa jirus nidiigame.

Barsiisaa Waaqtoleenis, humnasaanii oltaanaan waardiyaa mana barumsichaa waamanii, akka isaan mooraa gadhiisaniif itti ajajan. Dameefi Baayisaanis, barnootasaanii guyyaa kanaa eegalanii addaan kutan. Mana barnootaatti lamuu akka hindeebines dhagaa darbatanii galan. Barsiisaa Waaqtoleenis, oldeebi'anii barattuu Yaadashii gorsaafi sagalee ishee jajjabessu isheetti dubbatan, akka isheen kaayyooshee galmaan ga'attuuf mudhiishee wadaroo gorsaan hidhaniifii geggeessan. Yeroo biraa gara maatii isaaniitti xalayaa barreessanii barattoota kana lamaan gorsanii, gara barnootaatti deebisuuf yaalanillee hinmilkaa'in hafan.

Yaadashiinis, barnootasheetti jabaattee, har'a kunoo ogeettii fayyaa Hospitaala Naqamtee taate. Baayisaan lubbuun isaa haadarbuyyuu malee, har'a garuu Dameen harka ishee dhufe. Hiriyaasaa Baayisaa wajjin jecha Yaadashiin jedheef qindeessaan mana barumsichaa akka ragaatti jiru. Lagni Dhidheessaas kan lubbuu Damee kunuunseef du'a oolchuuf utuu hintaanee, jecha waggoota dheeraan fuula dura Yaadashiin jedhame yaadachiisuuf harkashee fide malee, fayyinaaf miti.

Arrabnisaanii yoo akka tuffiitti ishee tuqeyyuu jechoota hamileeshee buusu kanaan teellaatti hinhafne. Dameen inni har'a lubbuun jirummoo rakkatee utuu ofhinbeekiin harkashee dhufe. Dambaliin bishaaniis, dhagaatti waan rukuteef onneen isaa miidhameera. Biiftuun guyyaa gaafasii baate godaannisa waggaa dheeraa yaadachiiftee, dachee kanarraa addaan isa footee deebitee seente. Yaadashiin gara biyyasaatti isa erguuf yaaddootu ishee qabate. Bakka awwalchaa barbaaddee sirna awwalcha isaatii geggeessite. Qarshi isheefi tajaajila isaaf goote hundaaf namni ishee galateeffates hinjiru.

Boonsaan hiriyootasaa wajjin erga manaa ba'ee halkan muraasa lakkoofsiseera. Maatiin isaafi maatiin hiriyootasaa erga isaan manaa badanii eegalanii barbaachaaf gadi hinteenye. Hamma bishaan Dhidheessatti deemanii utuu iyyaafatanii namootni sadii Dhidheessaan nyaataman kan jedhu karaa deemtoota karaa Dhidheessaa deemanirraa butaa dhagaa'an.

Aadde Gaaddiseen ilmakoofi ijoollota keessani jedhanii, maatii Dameefi Baayisaa duukaa deemuu dadhaban. Gammoojjii sagaleen namaa keessa hinjirre keessatti iyya kurii kutaa, utuu aduun akka ibiddaa mataasaanii gubuu, bosonnis hafuura isaanitti baafatee, utuu xaph isaan godhuu, baleesaanii mataarra buufatanii, sabbatasaaniin mudhiisaanii jabeeffatanii, harkasaanii bitaan lafee cinaachaasaanii susukkuummataa daaktuu laga Dhidheessaarraa adda baafachuuf deemsa itti fufan.

Daaktotni laga Dhidheessaas, "Namni sadii uffannaafi kopheesaanii baadhatanii bidiruudhaan ce'uu didanii karaa lafoo utuu ce'aa jiranii bishaanni isaan fudhatee bade." Jedhanii mallattoo ragaa ta'uu danda'u itti dabalanii harmee Boonsaafi maatii Dameefi Baayisaatti himan.

Bifaafi uffannaansaanii kan Boonsaa, Dameefi Baayisaa wajjin tokkuma. Dhalli keenya naachaaf irbaata taate jedhanii isaanis garaa kutatan. Imimmaaniin utuu fuula ofdhiqanii as kufaa achii kufaa abdii dukkanaa'een utuu hirqinfatanii boo'anii mana ga'an. Guyyaa tokkotti mana sadan isaaniitti bo'ichi ta'e. Utuu reeffa isaanii hinargin hundumtuu jigee yaa'ee bo'ee mankaraaree garaa kutate. Aadde Gaaddiseen baala cabsatanii mardoo taa'an. Har'an arga, boran arga jedhanii mil'uu gaddaan guuteen utuu karaa ilaalanii hafan. Iji reeffa dhalasaatii hinargiin hafe, du'aan hirriba se'a.

Yeroo kana kunoo kan Dokteer Dagaagaan bakka hojii isaatii magaalaa Amboorraa dhufee irmii tufee deebi'ee gale. Hiriyootni Boonsaa mana abbaasaa iyyaafatanii dhufanii boo'anii mar'atanii, maatiisaafi ollaasaanii boossisan. Haata'u malee, reeffasaallee harkasaaniitiin hinawwaallanne. Yoo nyaatanis, isaanitti hinminyaa'u, yoo rafanis hirribni isaan hinqabu. Utuu uffatanii dirribni isaanii isaanitti ho'uu dide. Utuu hojjetanii hojiin harkatti babbada. Hawwiin ilma isaaniif qabanis, utuu hindhugoomiin hafe.

Kunoo akkanaan hawwaasni jaalalaafi marabbaa Boonsaaf qabu utuu reffa isaa hinargiin boo'ee mankaraaree mar'ummaan hidhatee taa'e. Gadda keessa taa'anii "Gaafa hidhata bade mucaan kun galaafatame." Kan jedhanis jiru. Maatiinsaa ji'oota dheeraa erga lakkofsisanii booda ilmasaanii kanaaf imimmaan dhangalaasuu dhaaban. Haata'u malee galgala yeroo hundumaa dhiyaana yoo nyaatan biddeenas yoo afaan walkaa'an waldhokfataa imimmaan cuunfachuu hindhiifne. Maaddiin karaa taa'umsa Boonsaa durii utuu hincitiin yoo hafe, Aadde Gaaddiseen kuttee gara abbaa warraasheetiitti butti. Battalumatti harkashee maaddii keessaa fudhattee gadi jettee shaashara sabbatasheen imimmaan cuunfatti. Kunis amaleeffannaa yeroo dheeraa itti ta'eera.

Ah!....iihiih!, tokkichakoo karaa ilaalaa nahambifte, hidhata baddee baatee hindeebi'iin haftehoo ani maalin godheree?...Aadde Gaaddisee. Godaannisa madaa dhalasaaniitu ijasaanii dura dhufe. Muu! hinbo'in, maal boossa? Dhiirri gaafa dhalatte duutehoo, du'a dhiiraa haaraa gootee maaddiirratti boossaa? Mee as jedhi...Obbo Biyyaa. Biddeen afaan kaa'uuf harkatti baatanii taa'aa jiru. Abbaan warra garaansaa akka mukaati malee, waa'een dhalasaanii garaa isaan nyaachuu hinhafne. Lamaansaaniiyyuu, maaddii keessaa harka fudhatanii isa darbe dubbachuu eegalan.

Dhalasaanii isa utuu tattaafatuu hinmilkaa'iin hafe, jibba hiriyootasaan isa biyyaa ba'ee hingaliin hafe, jibba jaalala fakkaatu....jibba. Utuu haadhaafi abbaa, firaafi lammii qabuu isa cirracha bishaan Dhidheessaatti awwaalame, isa reeffisaa Dhidheessaan baatamee laga Abbayyatti ergame, isa Abbayyaan baatamee...

*****

KUTAA 2

Guyyaa gaafasii eenyu manaa isa waamee, fuudhee akka deeme hinbeeku. Gowwomsaan duumessa gannaa itti ta'ee haagolguyyuu malee, oolee bulee gaaffii sammuunsaa dhiyeessuuf deebii argachuu hindandeenye. Hiriyootnisaa halkan xillimii guyyaa itti fakkeessaniiru. Dhiiga bishaan godhanii, dhagaas midhaan godhanii, mudhiisaa wadaroo jaalalaa quba kijibaan dhaa'ameen hidhanii fuudhanii qajeelan. Boonsaan hiriyootnisaa Dameefi Baayisaan isa waamaniif faana ba'e malee, akkasaan riqicha bututaarra isa deemsisuuf karoorfatan quba hinqabu.

Bakki dhalootasaa magaalaa Gimbii jalaa ganda Waddeessa Warqaa baadiyaa xiqqoo Wadaboo jedhamtuudha. Abbaasaa Obbo Biyyaa Hundarraafi haadhasaa Aadde Gaaddisee Hundeerraa dhalate. Boonsaan mucaa simboo qabeessa harki jaarsaa guddiseedha. Dubbiin arrabasaatii ba'u aannan mucha saawwanii keessaa okoleetti gadi elmamu yoo jedhame nama hinsobsiisu. Kan nama dhibu yoo jiraate, abbaa warraafi haadha warraa waldhabanillee jaarsolii wajjiin deemee walitti araarsa. Rifeensa lama hinbiqilchine ta'uyyuu, dubbiin afaansaa keessaa ba'u hayyuu ta'uusaa akeeka.

Dargaggootas ta'e, shamarran ollaasaa jiran sagaleesaa daandii qaxxaamura gubbaatti yoo dhagaa'an, mooraa keessaa morma yaafatanii, "Boonii! Haa'i, eessa deemtaa?"Jechuun dubbii afaansaa keessaa baa'u dhaga'uuf waamanii kofalchiisu. Innis, yoo isatti tole qofa dubbii dheeraa dubbata; kan kanarraa hafe mammaaksaan deebii darbatee dhiisa. Akka hiriyootasaa amala hintaane kashalabbummaa, araadaafi suusii adda addaa hinqabu. Silaa, lamaansaanii harka, waan galmeen amala shamarranii jiru fakkaata. Gaafa warra akkasaanii arrabni ibidda

malee bishaan diilalla'aa danfisuu wajjin walargatanii dubbii gadi fuudhan, Waaqnis laftis isaan hinhafu. Mana meeqa seenanii ba'u, magaalleefi diimtuu hinqabu kanisaan ilkaanitti qarxamsanii nyaatan. Ishee waan jechaa hinqabneyyuu maqaa itti moggaasanii, daandii gubbaatti eeganii arrabsuu, ishee waan ittin jedhamu qabdummoo Waaqatu itti fuudhe, funyootti ishee ergu.

Daraartuu ishee koomeenshee tatarsa'ee lafa bonaa bokkaa dheebote fakkaatu...diina uffata halkanii! Koomeesheetu asassa'ee ciree fixa. Tuujjubee ishee harmishee gaagura gammoojjii dammi itti ulfaatnaan kanniisni tuqee taa'u fakkaattu, saqqiin qabsiiftuu harmasheetii inni bobaashee jalaan gara dugdasheetiitti olqaxxaamuree jiru, daagaa lolaaf qotame dugdashee fakkeessee, bo'oo baafatee wayyaa keessaan mumul'ata, ishee yeroo sagadachuuf gadi jettu utuu jilbishee lafa hinga'in harmishee lafa haru, ishee yeroo deemtu akka ameessa mirgiftuu maaxaa gubaalessaa Arfaasaa quuftee galgala yeroo galtu ulfaatina gurruu; muchasheetiif jettee mataashee bitaafi mirgatti hurgufaa deemtu fakkaattu.

Kumashii ishee dabbasaan mataashee qiinxii dugdaarra ciisu, hidhiinsheemmo foon kiiloo walakkaa gachisiisa....muu! Kan waan hundaan hintolle. Kichuunimmoo maqaatti hafte, fuulashee caalaa qoma Dirribaa isa ispoortiin dadayyaasetu irra boca qaba. Eden teessuunshee qoftiyyuu funyaan dhabe malee fuula Kuluulee wajjin walitti hindhufu.

Namni hidhii Saaroniin ilaalemmoo midhaaniyyuu hinnyaatu,....nidhiiga jechuuf asii gadi hincoccobu malee, diiminnisaa madaa ibiddaa fakkaata, udduu jaldeessa haadhoo namni arge hinwallaalu. Akka wanta ogeessi fayyaa qorichaa wajjin guyyaatti alsadii ajajeefiitti wayyaa ganama uffatte guyyaa hinuffattu, inni guyyaas

galgala irra hinjiru.Wayyaa sagal jijjiiruun maal godha utuu irraa deema ta'e malee. Surreeshee isa Taayilaandiidha jettee bitte sanammoo utuu irraa baasanii gubanii? Gaafa isa uffattee baatu, waan miicanii mukarra buusan qaamasheerraa fakkaata malee, waan qaama namaarra uffannaan jiru hinfakkaatu. Waaqni Siinbooneeraa uume ishee hinagarree laata? Anaan Siinbooneeraan muca namaa utuu hintaane, intala Rabbi samiirraa gadi buuse natti fakkaatti.
Muu!....isheenimmoo nama maaliiti jetteeti? Ishee mannaa Saaron ishee tuffataa oolle hinwayyuu? Haati ishee deesse akkuma warra kaanii miixattee deessemoo, ...muu! Yeroo uffattee deemtummoo dhala namaa fakkaatti malee ilkaanshee warri fuulduraa lamaan tumtuu cimtuun utuu argattee qottoo qoraanii cimaa irraa tolchiti. Utuu gororri isheen liqimsitu walitti kuufamee, akka bishaan ashaboo yoo aduutti ba'e hurkee jajjabaatee warqee ta'a utuu jedhaniiyyuu...

Ihii!...kkkkkkkkkk...uu...isin fuuluma qofa ilaaltuu edaa? Maalgodha fuula dhiqanii dhuguu? Jedhanii kolfaa, ceephaa'aa, walharkaa fufudhanii maqaa sagal namatti moggaasu. Isheen sun amala akkasii qabdi; ishee dabbasaa adurree koomeen majii, ishee fuulli istaadiyeemii, harmi koochoo baasu, ishee ilkaan keelloo mohoon jal'aa, ishee mudhii soonsaa ilkaan asheetii jedhanii yommuu odeessan waa'ee namaa dubbachuu nama kaku.

Boonsaan akka tasaa ciree nyaatee, laaqanatti utuu hingaliin yoo bakkee oole, harmeensaa Aadde Gaaddiseen wandaboo harka bitaan oldachaafattee, sabbata keessatti gadi suuqqattee gandarra kaati. Isa guddaanis ta'e xiqqaan, "Ihii! Isinii, mucaakoo argitaniittuu laataa?... eeyyee; Boonii dhumakoo" jechuun akka nama qalbii gatee imimmaan lakkuu ija keessaa ofdarbataa, namoota gaafatti. Waa'ee mucaashee kanaaf namootni afaan ho'an, "Maalisheen ilma namni hinqabne

qabdii?" jechuun hidhii gadiin isa olii tuffatu. Aadde Gaddiseen ilmashee kanaaf waraansa dhiiga hinbuufneen waraanamuunshee isheef keessummaa miti.

Haata'u malee, Boonsaan jireenya dhahaa galaanaa jiraachuu erga eegalee xiqqoo bubbuleera. Jechootni yeroo kaan hiriyoota isaarraa hadhaa'aa ture, har'a itti minyaa'aa jira. Ilaalchi inni barnootaaf qabus laafaa dhufe. Amalli badaan hiriyootasaa, gorsa abbaansaa isa gorsaa turan mancaasanii ofii bakka bu'aniiru. Qooda maatiisaan mari'achuu mataasaan mari'atee, bakka barbaade deemuuf murteeffateera.Yaada maree abbaasaa wajjin qabu addaan kuteera. Gara xumuraatti, maatii isaarraa addaan ba'ee galaana bashannanaa, kan fixeensa ganamaa caalaa jarjaru daakuu eegale.

Jireenya qe'ee abbaasaatii dureessonniifi gurguddoonni hormaayyuu nihawwu turan. Karaa ittiin ooyiruu jallisiisaanii argatanii, irratti callaa oomishan illee qonnaan bultoonni hedduun fala barbaaddatu. "Warqeen harkarraa qaban sibiila" akkuma jedhan, Boonsaan qooda marabbaadhaan abbaasaa wajjin mari'atee hojii kamillee hojjetee maatiifi naannoosaa jijjiru, amala hiriyootasaatii damdamachuu dadhabee bakkee ilaala.

Humnasaa abdatee, "humni qabeenya qabeenyaa caalu" jedhee, jecha arraba hiriyootasaan gowwomfame. Laga ce'ee hojii kamillee hojjetee dureessa ta'ee beekamuuf karoorfate. Kunis, Boonsaatu egeree hinqabuuf utuu hintaane, hiriyootasaa lamaan warra inni bukoofi bilchaataa wajjin nyaatee guddatetu miilla guddinaaf tarkaanfataa jiru hari'ee laga ceesisuuf. Ta'us garuu, darbee darbee, yommuu gochaasaa kanaaf leyyoon isa qabatu mar'ummaannisaa balbala shakkii seena.

Gabaan Wadaboo gabaa baadiyaati. Bara mootummaa Haayilesillaseerraa eegalee hamma har'atti gabaa taatee jirti. Manneetiin daldalaa kanneen akka mana dhugaatii xixiqqaa, mana sha'ee, mana baaburaa, mana shaqaxaafi mana barumsaa, akkasumas kilinika mootummaas ta'e, kan dhuunfaa gabaa kanatti naanna'anii fageenya muraasaan faffaca'anii mul'atu.

Hata'u malee, qarshiin yoo jiraateef qilleensarrayyuu karaan jira akkuma jedhan, meeshaan ammayyaa sab-quunnamtii akka gosa gosasaaniitti, warri kaan sirbisiisaa, warri kaan geerarsiisaa, warri kaan gelloofi mararoo ofitti nama hawwataniin, kaanimmoo, faarfannaa mana sagadaatiin gabaa Wadaboo kana macheessaa oolu.Yeroo kana shamarreen Gabaa Wadaboo isa safartullee dhangalaasaa,"Ajab yaa Waaq! Lookoon morma lawwee kana fakkaatu utuu jiruu, Dameefi Baayisaan, warri akka korma saree ofhurgufaa deeman nu doorsisaa ooluu?" jechuun ofirra mil'atu. Harkasaaniitu callaa bitee gurgura; safaras malee, qalbiinsaanii simboo dargaggoota kanaan booji'ameera. Kunis Dameefi Baayisaan shamarran kanaan akka balfaman taasise.

Har'a kunoo dubbiin kun Dameefi Baayisaa waan mataa dhowwateef ija hiriyaasaanii guutuu dadhaban. Boonsaas tuttuqanii, fudhatanii akka biyyaa baa'anii sooromanii deebi'an murteeffatan. Isaan lamaan erga sababa Yaadashiitiif qindeessaa Mana Barumsaa Maarachee Wadaboo wajjin wallolanii mana barnootaa addaan kutanii waggoota hedduu lakkoofsisaniiru.
Boonsaan yeroo barataa kutaa 5ffaa ture, ilma eessumasaatii Dokteer Dagaagaa Dhaabaan bakka hojiisaa, magaalaa Ambootti Boonsaa fudhatee akka deemuuf abbaasaa Obbo Dhaabaa Hundeefi adaadaasaa Aadde Gaaddisee Hundee wajjin mari'atee ture. Haata'u malee, Boonsaan hir'ina qalbii isaatiirraan kan ka'e, eessumasaafi harmeesaa

cina taa'ee, "Ani utuu ijikoo ilaaluu deemee Dokteer Dagaagaaf hingugguufu; naaf dhimmee utuu hintaane haala jireenyasaa mijeeffachuuf jedheeti." Jedhee dide. Yaadni kunimmoo kan madde, sammuusaa keessaa utuu hintaane, hiriyootasaa warra bofa marga keessaa isatti ta'antu gara fuulduraatti akka inni jireenya qananii hinjiraanneef, arraba hamaa dubbatee hinbeekne dubbachiisan.

Haata'u malee, Dokteer Dagaagaan dubbatee hindhabne; obboleettiisaa Caaltuu fudhatee deeme. Dokteer Dagaagaan guddina Boonsaa egereef abjuu gaarii waan abjootuuf, akka maatiinsaa kunuunsanii qabaniif, barnootatti cimee ofiisaas ta'e, naannoosaa jijjiiruu akka danda'uuf, imaanaa guddaa harmee Boonsaa, Aadde Gaaddiseetti kennee gara bakka hojiisa deeme.
Baloon magaalaa Gimbiirraa kallattii bahaan naannoo 6ffaa yookaan 'Killil siddistii' kessatti argamti. Dacheenshee dirree walqixxeedha. Garuu akka biyyoo Najjoofi Yuubdoo warqee balaqqamuu yoobaatellee, ofirratti gosa dhagaa daalattii baachudhaa yoobaattes, akka Jimmaa, akka Wallaggaa, akka Iluu Abbaa Booraa bosona miidhaginaa; buna biqilchuudhaa yoobaatellee, akka Shawwaa, Arsiifi Baalee, garbuufi qamadii yoo dhabeyyuu miidhaginni isheerra qotamu kan nama hawwatuufi irra deemanii kan hinquufnedha.

Ooyiruunshee sanyii midhaanii baay'ee keessummeessa. Boqqolloo, bishingaa, talbaa, ocholoonii, shumburaa, nuugii gurraachaafi kan biroon kafana qorra waqtii gannaa, dibaabee rooba ji'a Hagayyaa, golgaa bubbee obomboleettii bonaa, meeshaa waraanaa aadaa, gachana, kan cabbii qolatu ta'ee, akka waqtii waqtiisaatti raayyaa waraanaa ooyiruu kanaa ta'ee ciniinee hammatee dhaabata. Keessumaammoo, saalixni adiifi akalaan gogaa ooyiruusheetii wajjin lafeefi dhuka malee waan uumaman fakkaatu.

Ooyiruu kanas abbootii qabeenyaatu irratti callaa oomisha malee, namni dhuunfaan qotee callaa oomishu hinjiru, yoo jiraates warra achirratti dhalatanii guddatanii hidda sanyiisaanii lakkoofsisiifatani-idha. Ooyiruunsaas kudha shanee, digdamaa, soddomaa, afurtamaa, jaatamaa, saddettamaa, sangaa tokko, sangaa lama jedhamee hinqo-qqoodamu, hektaaraan safarama, tiraakteriin qotama.

Humni hojjetee bulu baay'eensaa bakka dhalootasaatii baqatee, ooyiruu maddaafi margisaa gogaa jiisu, jiisee biqilchu gadhiisee abbaa qabeenyaa kanaaf hojjetaa ta'ee, jaalalaan manaa ba'ee dirqamaan garboomee, dirqamaan manaa ba'ee jaalalaan garboomee, gurra gatee biyya gadhiisee, jibba ollaa baqatee, hinaaftuu lubbuun jiraachuusaa kan jibbitu jalaa miliqee bade halkan lama buluuf kan achitti hafee hojj-ettoota abbaa qabeenyaa kanaa taa'anii kan jiran, qomoon sagal ooyiruu kana keessa gugguufaa oolu.

Guyyaa guyyaa hundumtuu magariisa isaatti shooggaraa oola, halkan halkanimmoo waardiyaa corqaa guddataa jiruu ta'ee eegaa bula. Abbaa warraafi haati warraa quba walhinqaban, yeroo qabaatanii wajjin hinnyaatan, wajjin hindhugan, wajjin hinciisan, kun tibba hojiin muddee isaan rakkisuudha.

Aramaan midhaanii wajjin hinguddatu, yoo guddates ofkalee iddoo hinga'u. Aramaan farra aramaan barbadeeffama malee, callaa wajjin ushururii hintaphatan. Xiqqoo facaasanii bay'ee waan galfataniif humni hojjetee bulu baay'eensaanii bakka kanatti badanii jiru. Kunoo kana kan dargaggoota qe'ee hinteessifne, gara Balootti fiigsu. Garuu inniyyuu Baloo duriiti malee Baloo har'aa miti.

Dargaggootni hedduun bakka garaagaraarraa dhufanii naannoo kana, Baloo jiraatu. Naannoon kun dargaggoota hedduu ofkeessaa qabdi. Akkasumas, horii gaanfaa, kottee duudaafi oomishni callaa bakka kanatti bitamee waan gurguramuuf, magaalotnisaa kanneen akka Soogee, Senteraaliifi kan biroon daldaltoota karaa laga Dhidheessaa bidiruun ce'an, yookaan lafoon ce'anis ta'e, karaa daandii konkolaataa magaalaa Naqamteen dhuufaniifi magaalaa Kamashii dhufaniin gabaansaa ho'ee oola.

Dargaggoonni hedduun gabaa Baloo kanatti daldalanii, dargaggummaasaaniitti tujaaraniiru. Dargaggoonni achi turanii deebi'anii galanis haalli uffataafi kopheensaanii waan jannata yookaan hulaa waaqii bu'an isaan fakkeessa. Dibatni mataasaaniirra jiru carallaa biiftuun walqabatee zayitii ibidda gubbaarraa danfaa jiru fakkaata. Baloon baadiyaa Wadaboorraa baay'ee fagoodha. Daldaltoonni kottee duudaan daldalan miillaan magaalaa Gimbiirraa yoo ka'an, bakka Wadaboo jedhamu buufatanii, utuu booruun hinbaqaqiin karaarra yoo bu'an, laga guddaa bishaan Dhidheessaa qaxxaamuranii galgala erga dukkanaa'ee Baloo ga'u.

Guyyaansaa Sanbata waaree booda; yeroo itti manarraa achi deeman miti. Yoota'es, gara Dhidheessaatti deemuuf hinmijatu. Har'a garuu, Boonsaafi hiriyootnisaa uffannaafi kophee harkatti qabatanii, gara Baloo deemuuf qajeelaniiru. Dameefi Baayisaan waa'ee bakka dhaqanii kana odeeffannoo qabu. Boonsaaf garuu deemsi kun isa jalqabaati. Dargaggoonni durdurii biyya gadhiisanii achi deemaniyyuu, rifeensa adii fuudhatanii deebi'aanii galaa jiru. Haati dhalaa dhalashee hinargiin turte; har'a argitee, gammachuudhaaf sabbataan lafa harti. Jabannisaa bara mana harmee ofiirraa achi deeman miti. Boonsaan garuu qe'ee gadhiisee fuulasaa diidatti luucceffateera.

Tokkotti nihammaara, tokkotti nihammaata jedhanii mammaaku mitiiree?. Silaa garaan haadha nama deessee akka raatuu rom'aa, Aadde Gaaddiseen akkuma amalashee Boonsaa eegdee dadhabdee ollaa gaggaafataa gandarra kaate. Boolla meeqa lixxee, boolla meeqaan baatee barbaaddee dhabdee, abdiishee xuruurfattee iyya kurii kutte. Lafatti ofrukutaa manatti deebite.

Ollaan utuu hinhafiin iyyaa, dirmannaaf yeroo jigu, qe'een qe'ee du'aa ta'e. Boonsaan as bu'eefi achi bu'eensaa dhabameera. Inni dubbii kana gurraa hinqabne, "Maali firakoo! Mucaan kun durillee miilla fageeffatee hinbeeku; yoo waadhibame malee." Jechuunsaa hinoolle. Namootni dirmannaaf dhufaniifi kan biroon dubbii jajjabinaa yoo dubbatanillee, Aadde Gaaddiseen obsuu hindandeenye.

Qe'een Obbo Biyyaa abjuu guyyaa saafaa ta'e. Inni kaan as fiiga; inni kaan achi fiiga. Ilmasaanii iddoo guddaatti abdatan waan arganii dhabaniif, mooraafi maatiinsaanii tasgabbaa'uu dadhabe. Boonsaan hidhata waan badeef har'a qe'een abbaasaa tasa ta'e. Loon harree keessa oolte akka harree dhudhuufti jedhama mitiiree? Ilmakootti hasaasanii, jaalala fakkeessanii, ofitti qabanii na duraa galaafatan. Reeffasaa argee awwaallachuu hindandeenye. Ofiisaarra darbee biyyasaaf kan abdatamu egeereensaa fashalaa'e. Namni baduu ga'e nama galaafataa, dargaggoota barnootni itti ajaa'etu, ilmakoo barnoota jibbisiise. Erga inni manii karooraa keessaa ba'ee eegalee mar'ummaankoo akka ramacii sumsumaa jalaa ta'ee na waadamaa jira jedhanii Obbo Biyyaan ilmasaaniif imimmaan lolaasu.

Amma egaa abdiin hinjiru. Sossobbaadhaafi jechootni dubbatamanis ilmasaanii ta'uu hindandeenye. Qalbiisaaniin utuu riqicha bututaarra deemanii, waan riqichichi cabee galaana ibiddaatti gadi darbatames

nifakkaata. Ilmisaanii lubbuun akka jiruufi hinjirree waayyuu hinbeekamne. Achi buuteefi as buuteensaa dhibameera. Qaama biroon qabamee hukkaamfames hukkaanfamuu hinoolle jedhamee nama shakkisiisa. Dacheetu baqaqee liqimseefi samiitu ofitti olfudhatee isaatu wallaalame.

Harmeensaa kan miixattee isa deesse, harmee gaafa hojii ooyiruu wandaboo magariisa uffattee, sabbata gadi rarraaftee, magariisa keessa gugguuftu, har'a golli abdiisheetii dukkanaa'e. Harmee hinduune, kan kaleessa jirtu, boris darbitee jiraattu...harmee jaalala dhalasheef jibbamtu....harmee gara lafettii, kan firaafi horma hinjenne, kan guddaafi xiqqaa hinqoodne, kan dheeboteef aannan, kan beela'eef dhangaa, nyaata aadaa Oromoo: caccabsaa, cuukkoo, ancootee...sagal dhufnaan sagaltama gadi baafti, kumni dhufnaan kumaatamaan simatti. Hinqabu jechuu hinbeektu, dhugumasimmoo Waaqni waan hundumaa isheef kenneera; kennaa ganamaa...eebba uumamaa kan eenyu hinqabne qabdi.

Tokkicha dhalasheemmoo akka ija galgalaatti abdatti.....qaroo dimismisa galgalaa, kan ifaafi dukkana daangessu.....ejjeta sadaffaa kan miilla bitaafi mirgaa utubu. Ejjeta ganamaa lamaan, warra handhuurarraa gadi biqile kan utubee dhaabu, deggeree sochoosu, ejjeta sadaffaa.....kanittiin laga ce'an, malkaa qaxxaamuran, dhala gadameessaa baate; gadameessa haadhaa. Hirkoo galgalaa.....gaaddisa saafaa bonaa....dibaabee gaafa roobaa; rooba gannaa, kan cabbiifi bakakkaa baatu, ofisaan qolatee, kan harmeesaa du'a oolchu ----- Boonsaa.

Har'a ija harmeesaa duraa miliqee miira abdii dukkaneessu ishee keessatti biqilche. Garaan abdii kutate, maamilummaa jireenya dachee kanarraa harka deebifatee ofitti harka fudhate.

Aadde Gaaddiseen gadda kanarra du'a filatan; gara diinqatti oldarbanii sabbata mudhiisaaniin ofrarraasan. Sabbatni mudhiisaanii inni dugdaa-fi lafee harca'e walitti sassaabee hammatee qabu, har'a ga'eensaa, fooniifi lafee dullumaan bututee harcaa lubbuu ofkeessaa qabu gargar baasuuf, abdii kutannaafi gara jabina Aadde Gaaddiseen keenyan manaa diinqasaaniitti hidhameera.

Utuu hinjaallatin dirqamaan, magaalaa dukkanaa; ardii lafa jalaa; qe'ee warrra du'aa....galma hiyyeessaafi sooressa walqixxeessu... biyya haadhaafi dhala walqixa keessummeessu; gola dukkanaa limixii.....kan biiftuu, urjiifi baatii hinqabne, biyya torban, ji'a, wag-gaafi jaarraan hinlakkaa'amne kana deemanii ilma isaaniitti dabala-muuf mar'ummaan shuntuuraatiin murteeffatan.

Mataansaanii garaa jabaatee sabbata hidhamee furga'uuf afaan bane taa'u keessa olseeneera. Yoom akkasaan kana murteeffatan namni yaadaan qabe hinjiru. Namootni dirmannaaf dhufan goordubasaanii guutanii jiru. Namoota kana gidduu taa'anii utuma imimmaan dhim-misanii nama nagummaaf gara diinqatti oldarbu fakkaatanii hamma libsuu ijaatti ofrarraasan. Iji galagalee kobbii afaaniifi funyaaniin darbatamee, mormisaanii kan qaandillaa'e turtii daqiiqaa lama hinguutne keessatti.

Nama keessa silaa namni jiraa, hawwoota keessaa isheen tokko garaan-shee akka shakkuu taanaan gara diinqatti oldabartee yeroo Aadde Gaaddisee ilaaltu, waaqaafi lafa gidduu dhaabatanii rarra'aa jiru. Tok-kicha dhaabattee iyya kurii kuttee, jala gortee asii oli dhiibuu eegalte. Sabbatni duraan akka mukaa jabaatee, dhifamee asii gadi rarra'u, nilaafe, nishorshorate. Namootni goorduba taa'aa turanis, aalbee fudhatanii sabbaticha erga gargar kutanii, walii qabanii reeffa Aadde Gaaddisee gara goordubaatti gadi baasan.

Qaamnisaanii diilallaa'eera, harkiifi miilli akkasumas gogaan qaamasaaniifi hafuura baafannaansaanii sochii dhaabeera. Obbo Biyyaa gororri afaan isaan guute; waan dubbatan wallaalan. Tokkicha asii gadi lafatti ilaalanii, gaditti jedhanii sagalee hukkaamamaatiin akka giinga'uu taa'anii, "Gaa...Gaaddise! Gaaddise, ihii! Nan bade haadhako ....Gaaddise .....siinan jedhaam, wayyoo nan salphadhe? Na salphiftee Gaaddise? Uuu .... Uuuu....nadhiiftee deemtee Gaaddiseekoo.....?" Jedhani iyyanii waccaa'aa jiru. Du'a ilmaarratti du'a haadhaa! Kan affeelamutu waadamee, kan waadamummoo affeelame! Du'a haadhaarratti du'a ilmaa inni ture duraa duubasaa gadhiisee qe'ee Obbo Biyyaa woorjii godhe.

Namoota dirmannaaf dhufan keessaa inni tokko, Yuuniversiitii Jimmaatti barataa saayiinsii fayyaa waggaa 4ffaa kan ta'e, Fayyisaan, boqonnaaf galee utuu maatii isaa bira jiruu iyya kana dhaga'ee dirmannaaf dhufee kan jiru, ariitiidhaan namoota kana irraa dachaasee sochii hidda bar'uu harkasaanii jalaa yoo ilaalu(pulse), gadi fagaatee dhaga'ama malee, taa'ee taa'ee akka dhikkiffataa jiru adda baafate, hinduune lubbuun keessa jira.

Innis qaamasaanii sosochoosee, tajaajila ujummoo qilleensaa karaa afaaniifi funyaanii kennufii eegale. Battalumatti dugadaan ciibsee miilla lamaan kottoonfachiisee, hojjaadhaafi luka walitti cabsee, gara qomaatti olfidee, miillichumaan lafee qomaa gadi dhiiba, yeroo kana hafuurri walsassaabee dhufee karaa afaaniifi funyaanii yaa'a. Irra deddeebi'ee gargaarsa hatattamaa kana utuu kennuufii hafuurri keessa deebi'e. Kunoo akkasittiin lubbuun boolla du'aa ga'e, waaqa jalatti tajaajila Fayyisaatiin du'a oole. Warrootni kaleessa dheengadda ilma barnoota barataa jiruufi dhala baratee bakka tokkorra ga'e hinqabne, har'a gochaa Fayyisaan raawwate kana yeroo argan, kan barate ofiisaa

qofaaf utuu hintaane lammiisaaf baratee, lubbuu lammiisaatii du'a oolchuu akka danda'u hubatanii garaatti qabataniiru. Haata'u malee, haati dhalasheef lubbuu waan hinmararfanneef sabbatni mormasaaniirratti cituun Aadde Gaaddisee hingammachiifne. Kanarraan kan ka'e, ija namaa ilaallatanii summii akka qoricha rimmaa, qoricha hantuutaafi kan biroo imimmaan roobsaa barbaaddatan. Ta'ullee argachuu hindandeenye. Yoo kaa'an malee olkaa'aanii hinfuudhan. Yeroo kana Obboo Biyyaanimmoo akka nama qalbii gatee teessumasaaniirraa lafa bu'anii, takka garaan ciisaa, takka dugdaan ciisaa, takkammoo lafarra foqoqaa ilmasaanii jilba keessaa ba'eef seenaa dhaamu. Namootni dhufan gargaaranii yoo boo'uudhaa baatanillee, hiriyoonnisaa iyya kurii kutaa turan.

Boonsaafi hiriyootnisaa miilla fageeffatanii utuu deemaa jiranii, daldaltootatti dhufanii cina darban. Daldaltootni kun gammoojjii laga Dhidheessaa keessa qaxxaamuranii, yommuu baddaa Wadaboo ga'an bo'ichaafi iyya dhaga'amee hinbeekne qe'ee Obbo Biyyaatii dhaga'anii harrootaafi gangootasaanii akka fe'atanii jiraniin daandii gubbaa dhaabanii mana boyichaa kanatti goran. "Ilmi keessan dargaggoota lamaa wajjin karaatti nutti dhufan. Lubbuudhaanis wanta ta'e tokkollee hinqabu. Kanaaf nama lubbuun jirutti hinfarrisinaa" Jedhanii deebi'an.

"Kan du'e meeqatu galee beeka? Mee haata'uu! Akka Dameefi Baayisaan mana jiran, gara maatiisaanii deemaa naa gaafadhaa." Jedhu Obbo Biyyaan qalbii rarraa'een. Boolla bofti galuu gadamsi hinwallaalu. Aadde Gaaddiseen garuu, akka waan ilmasaanii fudhatanii deebi'anii, sabbataan mudhii hidhatanii, imimmaan fuulasaaniirra dhangalaasaa garaan lafarra foqoqaa manaa ba'an. "Adaraa seera mootummaa mucaakoo naaf barbaadaa, dhalakoo, qananiikoo, tokkichakoo

naaf barbaadaa" jedhanii mararoo dhaamaa karaarra bu'an. Dhaqanii akkasaan hinjirre adda baafatanii galanii Obbo Biyyaa gurra buusan. Akkuma kana dhaga'aniin hafuurri itti deebite.

Haata'u malee, kunis furmaata quubsaa ta'uu hindandeenye. Kana darbee eessatti akka barbaadanis wallaalan. Ammammoo, sammuun Obbo Biyyaafi Aadde Gaaddisee waan tasgabbaa'e fakkaatullee mar'ummaanisaanii galaana shakkii keessa seenuu hinoolle. Duraan du'eeraa bo'anii, namootas boossisan. Gadda taa'uuf kan jedhan "Boonsaa Biyyaa lubbuun jira." Sagalee jedhu dhaga'anii mogolee jabaatan. Garuu faana dha'anii hordofuuf hinmijanneef. Xiqqoo galgala'eera; biiftuunis seentetti. Kan guyyaa bade halkan barbaaduun ulfaataadha; ta'us garaan hinobsu. Halkan kana obsanii bulanii, barii obboroo namootaa wajjin deemanii akka barbaadan murteeffatan.

Boonsaan hiriyootasaa wajjiin karaarra erga bu'ee xiqqoo tureera. Millisaanii gammoojjii walakkaa ga'eera. Aduunis gara dhihaa geessetti. Garaansaas callaa daakuu eegale. Kan dhaga'amu yoo jiraate sagalee laga guddaa Wallaggaa keessa qaxxaamuru; Dhidheessa qofa ture. Darbee darbees bineensotni gurguddoon kanneen akka leencaa sagalee fageeffatee yoo aadu, qeerrransi yoo harqu, bosonuun, kurupheefi warabboonimmoo lubbuusaanii oolfachuuf dutaa fiigu. Jaldeessi, weennii, qamaleefi canoonis buukumsaa, korrisaa, kokkolfaa mukarra asifi achi utaalu. Allaattotniifi simbirroonni mimmiidhagoon sagalee fageeffatanii yoo wacan waan weedduu yeedaloo qabu weeddisan fakkaatu. Guyyichi guyyaa sirni eebba bineensotaa, bosona guddaa laga Dhidheessatti geeggeeffamaa oole fakkaata. Haalotni kun hunduu Boonsaaf waan haaraa ta'eef, eessa akka deemaa jiru, eessa akka ga'es hinbeeku. Miilli bitaafi mirgaan walduraa duubaan dabareesaa eeggatee haa eejjetuuf deema malee isaaf yeroo gaarii miti.

Hiriyootasaa wajjin akka deemsarra jiru qofa yaadata. Inni halkan tokkoofiyyuu harmeesaarraa addaan ba'ee hinbeeku. Sirba mormaa, dhiichisaafi shubbisni dargaggoota mana hinbulchine, inni akka waraabessaa halkaniin gulufsiisullee harmeesaarraa addaan isa baasee diida bulchee hinbeku. Yoo ta'es garuu, gaaraafi muummee harmeesaatti dhihaatu darbee achi hinqaxxaamuru. Hafuura baafannaafi libsuu ija haadhasaa hordofa. Har'a garuu, yeroo jalqabaaf garaa kutatee, haadhasaarraa addaan ba'ee buluuf aduun itti lixxe.

Huursaan bishaan Dhidheessa waan guddisee dhaga'amaa dhufeef, miilla fuudhee gara fuulduraatti deemuu dadhabeera. Isa qofa utuu hintaanee, Dameefi Baayisaan immoo yeroo kana isumaa wajjin jiru. Haa ta'u malee, waa'ee deemsasaanii hinajaa'ibsiifanne. Huursaan bishaan Dhidheessafi sagaleen bineensotaa waan tokkoyyuu ittii hinfakkaanne. Isaaniif lafti deeman hundinuu bakka jireenyaati. "Isa beekuuf lolli tapha" jedhe Abiisheen Garbaa.

Bosonni laga Dhidheessaa utuu walirraa hincitiin lafa golgee dhaabatu, isaaniif dirree kubbaa miillaati. Aduun lixxee maniinshee dhokateera. Huursaan laga Dhidheessaa dhaga'amullee ammayyuu isaanirraa fagoodha, deemsa sa'aatii tokkoo hincaalu kan isaan hafe. Kanaaf bakka bulan barbaaddachuun dirqama itti ta'e. Silaa Oromiyaan mukeetii gosa garaagaraatiin golgamtee kan miidhagdeedhaa kan bosona laga Dhidheessaammoo adda. Gosootni mukeetii bakka kanaa dhibamanis hinjiru. Kanneen akka; Baddeessaa, Qaraaroo, Ejersaa, Mukee, Dabeessaa, Qoqoraa, Mukarbaafi kan biroo simboo bosona gammoojjii laga Dhidheessaatti uumanii, miidhaginasaaf dhugaa kan ba'an keessaa warra jalqabaati.Boonsaafi hiriyootnisaas muka baay'ee guddaafi baala heddummataan uwwifamee dhaabatu keessaa, mukaa 'Qaraaroo' jedhamu jala buluuf baalasaa caccabsatanii hafatan.

Sana booda qoraaniifi jirma boba'u walitti funaananii, miilla hafatasaanii gaditti, bakkaa ibiddi itti boba'u qopheeffatan. Ichima ibiddaa baadhatanii deeman gadi fuudhanii ibidda bobeeffatan. Ibiddicha qaammataa, jireenya abjuu kana walitti odeessuu eegalan.

Silaa dhiirri karaa deemu galaa baadhatee deemu wajjin cabsatee nyaataa, Daameefi Baayisaan galaa qaban gadi fuudhanii nyaachuuf ba'aa hiikkatan. Boonsaan garuu galaa fudhatee dhufe tokkoollee hinqabu. Kanisaaf kennames, "Kun bishaanmoo midhaanii?" Jedhee utuu hingaafatiin, nyaatee callisee mataa buusee taa'e. Waa'ee gochaasaa kanaaf garaansaa shafshaafamus sagalee abdii hinarganne. Isaan lamaanimmoo walitti hasaasanii "Maalii dhiirri galaa malee deemu, nuuf maatii keenyatu qopheessee nuuf kennee? Maaliif wanta tokkollee dhoksee hinbaadhatuu?" Waliin jedhu. Hammasaan hasasan kana, inni yaadaan diinqa harmeesaatii keessa daaddisa. Maal akkasaan jedhaa jiranis waan hubate hinqabu. Galaa malee manaa ba'uusaaf ija nuffiifi hamminaan ilaalaa "Boonii, jabaadhu! Mana hinyaadiin, bor yoowana bakka baateef jirta." Jedhuun jajjabina dhugaa fakkeessanii.

Garuu Boonsaa gadda guddaatu qabate; jireenyi mana harmee isaatiitu ijasaa dura asiifi achi daaddisa. Galgala yeroo hundumaa maatiisaa wajjin yeroo dhiyaana nyaatu, jalqaba abbaasaa cina yoo taa'ee, xiqqoo tureemmoo gara harmeesaatti darba. Afaan walka'aa utuu bashannanaa nyaatanii dhiyaana fixanii maaddiin diinqatti oldarba. Har'a garuu, qooda dur harmeesaafi abbaasaatti galagalee taa'u, ibiddatti galagalee chisuuf taa'e.

Silaa qorri dachaa bishaanii, ibidda malee gubee waadee nama qaammata; halkan gaafasiimmoo bo'oo laga Dhidheesssa qabatee gara isaaniitti olqilleensa'aa bule. Boonsaan ibidda dhiisee dhaqee gad

qorra isatti shuf shuf jedhu sodaatee qofaasaa taa'ee hafe. Dameefi Baayisaan, akkuma galaa nyaataniin utuu bakkeen hindukkanaa'in galgalumaan Boonsaa ibidda biratti dhiisanii, bakka hirribaa dugdaan ciisanii waa'ee shamarree baddaa Gabaa Wadaboo walitti himu. Waan diinqa harmeesanii ba'aniyyuu itti hinfakkaatu. Akkuma amalasaanii durii shamarran jaalalli irraa isaan qabe walitti himu. Boonsaan garuu jaalala waan jedhamu hinbeeku. Durboonni hedduun kiyyoo jaalalaa keessa isa buusuuf utuu dhama'anii isaanirraa adda ba'e. Kanaaf qoosaa hiriyootasaa kana gargaaruu hindandeenye.

Dhagaa olka'insa qabu tokko ibidda gararraa kaa'atee irra taa'ee, miil-lasaa lamaan lafatti cufee, ciqileesaa mirgaa jilbasaa mirgaarra dhaab-batee, harkasaa bitaammoo lukasaa gidduu gadi buusee, surreesaa hamma jilbaatti oldachaafatee, uffannaa qorraallee utuu ofirra hinbuusin shamizii harka gabaabaa tokko uffatee, akka jaarsa buulee, ibidda qaammataa arcaa yaadasaatii alaalaa guura. Akka nama dhukku-ba ilkaanii qabuu maddiisaa mirgaa bar'uu harkasaa mirgaan hamma-tee yaadaan qofaasaa daldaaluu eegale.

Isaan lamaanimmoo utuu dugdaan ciisanii haasa'anii dubbiin isaan walitti himan waan isaan ajaa'ibsiiseef Dameen bakka ciisuu oljedhee utuu kolfuu imimmaan fuulasaarra ofdhangalaase. Yeroo kana Boon-saanimmoo galaana yaadaatiin liqimfameera. Ijisaa lamaan imimmaan calalee killee raachaa corroqa daaku fakkaachuu eegaleera. Battala Dameen kolfaan fuulasaarra imimmaan dhangalaasutti kan ofiisaa dhoksuuf, "Dame maaliif boossa?" Jedhe Boonsaan. Dameenimmoo ijasaa waan ilaalaa jiruuf "Kan imimmaanni fuulasaarra yaa'u hundi boo'ichaaf utuu hintaane, gammachuufis ta'uu nidanda'a. Akkasumas kan calluma jedhee taa'u itti tolee utuu hintaane, yaadaan liqimfamee duumessa tuttuqee

lafa gogaarratti rooba roobsisuuf ta'uu danda'a." Jedhee ija Boonsaa isa imimmaan kuusee taa'uutti mammaake.

Boonsaan akka dargaggoota baddaa Gabaa Wadaboo sirba, gelloo, geerarsaafi kan biroollee hinbeeku. Qorri laga Dhidheessa utuu isa gubuu, nyaata isaaf dhi'aates utuu taajjabamuu nyaatee fixe. Huursaan lagaa Dhiidheessaammoo yoo isa yaaddeessuu, jechi qoolaan hiriyoot-nisaa isaan jedhanis dabalataan guuboo abdii isatii tarsaase. Hir'ina qalbiisaatiif harmeesaarraa addaan ba'uusaas yaadatee halkaanumaa kana akka waan beekuutti aarii cabsachuuf geerarsa geeraruu jalqabe.

"Qalqalloo garaa bal'aa
Mataa hidhaatu koorsaa
Ilmoo dhiiraa qananii
Qalbii dhabuutu joorsaa.
Nan yaadadhee siree koo
Siree ciisichaa mootii
Har'a hafatni baalasaa
Qaraaroon mana kootii.
Qaraaroon ho'a baataa
Kun buruurii ta'innaa?
Naanoo garaa na nyaataa
Ururiin na dha'innaa?
Harmeekoo Gaaddiseekoo
Gaaddisa gaafa dhibee
Haxooftee naaf hafuunkee
Halkan tokkoon na dhibe".

Yeroo kana isaan lamaanimmoo geerarsasaatti xiqqoo seeqanii, sagalee walqixxeeffatanii isa jalaa qaban:

Sodaattuu bishaan daaktuuf
Alaltuun qaraaroodhaa
Nyaattee kan mana yaaddu
Qoonqoftuun qalqalloodha
Obsi obsi yaa dhiiraa
Dheebuuf Dhiidheessi jira
Dhidheessas hareerimee
Geerarsas haleelimee,
Dabalimee (2)

Kunis dabalee waan garaa isa madeesseef baay'ee gaddee marrummaansaa hidhate. Innis, utuu gubatuu yaadaan laga kutee, gaara bahee qaamaan isaan cinaa gadi ciise. Silaa dhiira manaa ba'e dafee hirribni hinqabuu, isaan lamaan yeroo darbe kan isaan mudateef karoora gara fuulduraatti qaban utuu haasa'anii hirribni isaan fudhatee bade. Boonsaaniis yaadaan bu'ee utuu ba'u hirribni fudhatee sokke.

Halkan keessaa gara sa'aatii 8:00 tii ta'eera. Qaamni bututaan gammoojjii laga Dhidheessa keessa deemaa oole muka jalatu mana isatti fakkaatnaan ofgadhiisee rafaa jira. Bineensi maqaan isaa hinbeekamne shan malkaa gara bishaan Dhidheessaatti qaxxaamuru, laga keessa qabatee dhufee ibidda biraa lafa fufunfataa jira.

Bineensa guddaa; olka'innisaa farda jala dhufu, kalaadoon isaa dacha'ee funyaan bira oldarbu, gurra gurguddatee mangaagaa battatu, bal'inni funyaansaatii balbala godoo haadha iyyeessaa caalu, kan ijisaa qaamasaa wajjin walhinmadaalle, furdinaafi coomina qola ijasaatiin haguugamee suuqa keessaa akka barbadaa jirma dhannansa diimatuudha. Garri mormasaatii utuma gurraacha'uu suuta suuta daammii ta'ee gara dugdasaatiifi cinaacha bitaafi mirgaan daalachaa'ee guutummaan qaamasaatii akka calaqqisuu ta'ee nama sodaachisa.

Filannoo lama qofa qabu: yoo oldeebi'an bineensichaan nyaatamuu, yoo gadi konkolaatan bishaan Dhidheessaan nyaatamuu; timaafi siisoon awwaalamu, Dhidheessaan baatamanii Abbayyatti dabalamuu, Abbayyaan baatamanii..... Kan kanarraan hafe filannoo kan biraa hinqaban.

Bineensichaan nyaatamuurra jedhanii, filannoosaanii bishaan Dhidheessaa godhatan. Boonsaan utuma garaan lo'uu, konkolaatuu, gaggalagaluu, afaan bineensa kanaa keessaa miliqee bishaan Dhidheessaatti ofkenne. Na ajjeeftus, na nyaattus, na baaftus, dabarsitee na laattus akka beektu na godhi, reeffuma koollee baadhuu biyya namaatti natufi, jedhee dhahii bishaan Dhidheessaa sossobatee, dandeettii daakaa bishaanii dur hinqabne har'a shaakaluu eegale.

Akka hinliqimfamneef harkasaa bitaafi miirgaatiin bacbac, bac, bac, bacbacbac godhee lubbuudhaaf wirriqqataa jira. Utuu harkasaa kanaan bishaan reebuu, cinaacha Baayisaa keessa rukutee galaana hirribaa keessaa dammaqse. Baayisaanis sax jedhee yeroo hirriba keessaa ka'u, "Maaltaate, maaltaate, nagaa mitimoo Boonsa?" Jedhee yeroo gaafatu, Boonsaanis sagalee Baayisaa dhaga'ee hirriba keessaa bir jedhee ka'e. Miilli guyyaa jooraa ooleefi yaadni guyyaa bo'aa oole halkan galaana abjuu daakaa bula.

Miiltoon kun sadan hirribarraa waldaammaqsanii deemuuf yeroo kaa'an, gara itti miilla fudhatanis niwallaalan. Karaa deemsa namaa ilaallatanii yoo deemuuf yaalanillee, adda baafachuu hindandeenye. Yeroo kana sagaleen bineensotaas ta'e allaattiiwwanii yookaan simbirroowwanii hindhagaa'amu. Bosonni mirgaafi bitasaanii garaa waaqaa wajjiin walitti dukkanaa'ee dhaabata. Dukkanichi dukkana rooba halkanii caalaa xillimiidha.

Isa qofa utuu hintaane, isaan lamaanis garaansaanii callaa daakuu eegaleera. Jireenya isaanii keessatti dukkanni akka kanaa waan isaan hinmudanneef, galaana sodaatiin liqimfamuuf dirqamaniiru. Hamma garaan waaqaa ifee karaan deemsa namaa mul'atutti, harka bitaan uffannaa walii qabatanii, xiqqooshee daandiirraa maqanii, muka guddaa tokko jala dhaabachuu eegalan. Sagaleen simbirrootaa, allaattiiwwaniifi gogorriwwanii dhagaa'amuu eegale.Weenniin kokorrisee muka bultiisaarraa walwaama. Kunis, mallattoo dukkana bariiti.

Bineensi gosnisaa hinbeekamne ilmooleesaa ofjala naqatee, inni kaan karaa qaxxaamuraa, inni kaan bosona caccabsaa, sokoksiisaa muka walitti rukutaa isaan cina fiiga. Kaan immoo qofaasaa utuu fiiguu yeroo isaan argu rifatee, sagalee addaa dhageessisuun mataa isaaniirra utaalee bosona seena. Utuu daawwattootaafi tuuristootaa wajjin jiru ta'ee, baay'inni gosa bineensota dachee Oromiyaa keessumaa immoo kan laga Dhidheessa lakka'amee hindhumu jedhamee tilmaamama ture. Garuu Oromiyaan paarkii bineensota bosonaa ta'uushee yaadatanii hinajaa'ibsiifanne. Hamma garaan waaqaa ifutti lubbuusaanii qubaan gadi ittifatanii dhaabataa jiru.

Garaan waaqaas guutummaa guutuutti ife. Laftis, nibari'e. Ijasaanii fageeffatanii gara fuulasaanii dura yeroo ilaalan, hurki bishaan Dhidheessaarraa olhurkuu hurrii uumee bo'oosaa qabatee, addaatee dhaabata. Laga Dhidheessaa yoo arguu dhabanillee, hurka isarraa hurkuu ilaaluun mudhiisaanii jabeeffatanii deemsa itti fufan. Biiftuun erga baatee olsiqxeetti; ho'ishees, fixeensa gogseera. Laftis sirriitti ho'iiteetti. Laga qaxxaamuranii gaaraan yommuu gadi ba'an, lagni Dhidheessaa garaa waaqaa fakkaatee gara samiitti olcalaqqisa. Dhagaan yeroo waqtii gannaa lolaan maniisaa keessa tatamsaases urjii waaqa keessaa fakkataa yoo jedhaan nama hinsobsiisu. Gaararra ijaaj

janii gara bishaanichaa gadi yoo ilaalan "Kottu, kottu dafii kottu" waan jedhus fakkatee gurra nama qeensisa. "Yaa waaq! Tuuttuqaan hiriyoot-akootii mana harmeekootii nabaasee naachaafi roobii bishaan Dhidheessaaf nyaata na gochuufii?" Jedhee Boonsaan gola sammuusaa keessatti gumgumaa, lubbuusaatti seenaa dhaama.

Daaktuun cina lagichaatti hoxxee ijaarratanii bidiruu ofcina naqanii daldaltoota karaa kana deemanirraa qarshii fudhatanii ceesisu. Hoxxeesaanii keessaa haarri ibiddaa gara samiitti olhaara. Nama utuu ani hinarginiin naachaafi roobiif soora ta'a kan jedhe, ijisaa haara ibiddaa yeroo argu amanuu hindandeenye. Hurka bishaan Dhidheessaa isatti fakkaate. "Ana qofa utuu hintaane, sabni kan biroos, qabsoo jireenyaaf jedhee, muummeefi lagatti galee qorra qarqara galaanaa danda'ee, bineensa bosonaa wajjin wal'aansoo walqaba erga ta'ee, anis jabaachuun qaba" jedhee Boonsaan ofjajjabeessa.

Boonsaafi hiriyootnisaa hoxxee warra namoota ceesisanii bira yeroo ga'an itti goranii afaan bule baasan. Namootni qarshii hinqabneefi sodaa bishaanii hinqabne karaa bishaanichi bal'ina qabuufi gadi fageenya hinqabneen harka tokkoon ulee dheeraa, harka tokkoonimmoo kafanasaanii qabatanii, baa'aa isaaniimmoo dugdatti baadhatanii ce'u. Boonsaan bidiruu bishaan gubbaatti argee hafuurrisaa isatti deebi'e.

Qarshii hamma fedhe yoo ta'es, bidiruudhaan akka ce'u nimurteeffate. Isaan lamaan garuu yaadnisaanii tokko ture. Kanaaf, bidiruu yookaan lafoon akka ce'an Boonsaa wajjin mari'atan. "Qarshiin nuti qabnu bidiruudhaan nuceesisee waan nuuf hafu miti. Haata'u malee, akkuma bakka baaneef geenyeen magaalotashee yeroo seennu, shamarrootni magaalicha keessaa ijasaanii akka nu faana naannessaniif dibata miid

haginaa bitachuu qabna. Kanaaf, nyaatamnus ceenus, karaa lafoo ce'uu nuuf wayya" jedhee Dameen yaada qabu ibsate. "Ahii! Ani kana hinbeekuutii, mee Baayisaammoo gaafadhu" jedhee Boonsaan gaaffii isaaf dhiyaate ofirra dabarse. "Maarree! Waan manaa baaneef beekuu qabna malee, bidiruu dhiifnee lafa haa ceenu"
"Akkasii? Isin waan jettan jedhaa malee, ani bidiruudhaanin ce'a" jedhee Boonsaan xiyyeeffannoon dubbate.

Kana booda Dameefi Baayisaan karaa lafoo cee'uuf, dhagaa ciniinanii yoo nyaatamnes, yoo ceenes, walbiraa hinhafnu jedhanii waliif kakatan. Akkuma tasaa ta'ee dargaggeessa rakkina qarshii hinqabne, kan akkumasaanii qarshiidhaaf sassatu tokko argatanii sadii ta'anii karaa lafoo bishaanitti lixan.

Caccabaan hanqaaquu naachaa qaruuraa burkutaa'e fakkaata; cina bishaanichaatti cirachatti makamee dhagaa keessaan mumul'ata. Allaagduun qarqara bishaanichaa mudhii hidhatee sirba mormaa lama-torbaa walitti sirba. Bocococ...cococ...boric...cococococo.....borci, utuma suuta dambali'uu sagalee dhageessisa-----Dambalii bishaanii. Gara oliitti, gama keessaan xiqqooshee olsiqatee funyaan walitti cuqqaalee dhadhaabata. Haarri funyaansaa keessaa futta'u isaaf meeshaa waraanaati; meeshaa waraanaa niwukiler boombii. Yeroo rifatu udduudhaan bishaan keessa gadi bada. Bineensa hinfakkaatu, uumama guddaadha; guddaa hamma gaaraati, nisocho'aaf malee dhagaa bishaan keessaa fakkaatee nama mamsiisa. Bineensa waaqni nama naasisuudhaaf uumee bishaan galche ta'uu hinoolle. Jagna kuma naasisee, lugnammoo kumaatama fayyaatti ajjeesa------Roobii. Inni kaan as ce'uuf gama keessaa, inni kaanimmoo achi ce'uuf gamana keessaa, qarqara bishaanii dhaabatee sagal gorora liqimsa.

Kaanimmoo fiixee wayyaa walii qabatee utuu qaxxisuu walakkeessa bishaanichaa kutee obbaafachuuf tarkaanfii lama sadiitu isa hafe. Inni keessaa baa'aa jiru, isa keessa deemaa jiruuf abdii ta'a; abdii imala bishaanirraa...booruu dambalii, kan du'aafi fayyaa baatu, kan malkaa meeqa kutee cooreefi laga dabalatee fiigu; fiigicha hinboqonne.....Fi-igicha bishaanii. Kunoo kana keessa qaxxaamuruuf walilaalanii jajja-baatu, waljajjabeessu.....ofjajjabeessu.

Gara walakkeessasaa ga'anii karaan galaa abjuu ta'e. Utuu waan tokko iyyuu isaan hinmudatiin, duumessa samiin hinjirre, aduun gubaa jiru qaqawweessi akka bakakkaa bonaa galaana gubbaarraa tokka'e. Gala-galanii yommuu ilaalanii, naachi eegee isaan bishaan rukutee fuula-saanii bishaaniin tortorse. Naasuurraan kan ka'e dhagaa qurxummiin arraabderra yeroo ejjetan, isaaniin mucucaate. Qabatni isaanii isaan harkaa bishaaniin nyaatame.

Baayisaa miillisaa gara fuula duraatti mucucaatnaan akkuma isa yeroo lafa gogaarrattii isatti fakkaatnaan, mudhiisaa hamma mataasaatiitti qaamoota jiran gara dugdaduubaatti darbate, ofoolchuuf harkasaa bitaafi mirgaa yoo facaasu, qaamnisaa guutummaan ededa qarqara bishaanii ta'ee utuma roqomuu gadi dhidhime. Qabatnisaas harkaa ba'ee bishaanirra balali'ee sokke. Walolchinaaf walitti rarra'uunsaanii hidhaa malee walitti isaan dura'ee dhahii bishaaniif haala mijeesse.
Harka faffacaasu.....niwixxifatu....yoo iyyan iyya namni namaaf hindirmanne, dhaabachuuf miilli kan namaaf hinajajamne, nifiigu...ni-balali'u.....balalii koochoo malee, takka takkammoo yoo inni tokko fuullisaa mul'atu, inni tokkommoo keessa gadi bada. Utuu ilaalanii walcina bu'anii siisoo bishaan Dhidheessaatti awwaalamuuf dachaa awwaalcha ilkaan naacha dulloomee du'ee, kan dhibee hinbeekamneen du'eefi lubbuu uumaan qofti beeku kan utuu hinjaallatin bishaaaniin

baatamanii timaan makamanii, fiinyaa qilleensi keessaa godaane fakkaatanii, kan coolliganii shunturanitti dabalamuuf deemaa jiru.Ofiin ofkafanuuf, ofiin ofawwaluuf, ofiif boo'anii, ofiif mardoo taa'aanii, magaalaa tiyaatiraa kantaate dachee kanarraa ofgeggeessaa jiru. Garuu, utumaa hafuuraa citanii wixxifatanii ofoolchuudhaaf yaaliisaanii itti fufaa jiru. Eenyumaansaanii hinbeekamu, inni tokko dame muka alaltuu walakkeessa bishaanichaa jiru harka biitaan qabatee rarra'aa jira. Warri lamaaniimmoo isa cina darbanii walfaana dhagaa tokkotti rukutamani,.....dhagaa dame hinqabnerra damee barbaadu,.....ejjetnisaanii kobba bishaanii ta'e,.....hoomacha bishaan Dhidheessaa! Inni isaan dugdaduubaan dame muka alaltuu wajjin wallaansoo walqabaa tures dirree injifannoo keessatti harka laatee dhahii bishaaniin baatamee darbeera. Utuma deemuu guutummaa guutuutti namummaansaa dhokateera. Warra lamaaniitu dura jiraafi isatu dura jiraa isaa kan beeku Waaqaafi qurxummii bashannanaaf mar'ummaan bishaanichaa keessa balali'an qofa.

Waadaan isaan waliif seenanis, waadaa dhugaa ta'e. Akkuma wajjin seenanitti, walii wajjin nyaataman. Shamarree magaalaa Soogeefi Senteraaliitti ofmidhagsanii qalbii isaanii hatuunis, nihafe. Daldalanii buusanii erga tujaaranii gara Gabaa Wadabootti deebi'uunis, karaatti hafe. Boonsaa mul'atasaafi karoorasaa jaalala sobaan boji'anillee karoorri isaanii fashalaa'ee, soora naachaa ta'uunsaanii kan hinoolle Dameefi Baayisaadha. Boonsaan garuu namoota bidiruudhaan ce'anii wajjin qarshii hamma nama tokkoof barbaachisu kanfalee ce'e. Akkuma ce'een dhaabatee hiriyootasaa wajjin deemuuf eegaa ture. Haata'u malee, isaanis waan hince'iin hafaniif ijisaa bishaan gubbaa utuu ilaaluu hafe.Utuu dhaabatee karaa eeguu imaltootni karaa lafoo ce'anii, fuulasaanii duratti yeroo namni sadii bishaaniin nyaataman ilaalaa turan waan ta'eef, erga ofii isaanii ce'anii Boonsaatti himan.

"Dargaaggoonni namni sadii utuu karaa lafoo ce'anii bishaaniin nyaataman, kan nama ajaa'ibuu hiriyaansaanii tokkoo karaa bidiruu ceena jedhee utuu diduu, isaaniis didanii karaa lafoo ce'an. Inni garuu ce'eef hinceenee isaanii hinbeeku" Jedhanii Boonsaattii himan. Innis hiriyootasaa ta'uusaanii adda baafate. Duraaniyyuu abdii isaanirraa dhabeera, amma immoo isa xumuraa uleen qabataa abdiisaatii kan inni isaanirraa qabu bososee caccabeera.

Boonsaan amma egaa gara itti deebi'us niwallaale. Hiriyaa wajjin ba'e irraa waan adda ba'eef, bakka dhaqus waan hinbeekneef lafa onaa keessatti guyyaan isatti dukkanaa'e. As ilaalee achi ilaalee muka qabataa dhabe. Karaa deemtota gara Baloo deemanii wajjin deemee gammoojjii kana keessaa akka ba'u murteeffate. Sammuunsaa waggoota muraasa dura Dokteer Dagaagaan waan jedhe yaadachuunsaa hinhafnee, "Siifuu jennaan siiquu jette jaartiin." Jedha Oromoon yeroo mammaaku. Sila qalbii dhabdee karaarraa kaattee, obsi yaa garaakoo jedhee imimmaan isaa xannacha imimmaanii keessatti gadi ittisullee baalleen ijasaatii utuma imimmaan kunuunsuu gadi firfirse. Namoota wajjin deemaa jiru biraa hafee booddee haadeemuyyuu malee ijasaanii ilaallatee fiixee shamiziiisaatiin imimmaansaa haxaa'ataa deema. Yeroo dheeraa erga deemanii booda Baloo akka ga'aniin magaalaa Seenteraalii seenan. Isaanis bakka dhimma isaaniitti yeroo jallatan, Boonsaadhaanimmoo "Booda walarginaa hinbadiin" Jedhanii nagaa isatti dhaamanii bakka dhimmasaanii deeman.

Obbo Girshaa T/gi'oorgis dureessa beekamaa magaalaa Seenteraaliiti. Kanneen akka mana bunaa, kuusaa midhaanii, mana baaburaafi manneetii daldalaa gurguddaa hamma xixiqqaatti jiran hedduun kan isaaniiti. Boonsaan gara mana bunaa Obbo Girshaa deemee siree qabatee bule. Erga mana harmeesaatii ba'ee halkan lammaffaa bakkee buluu isaati. Halkan guutuu waa'ee jireenya isaatiif utuu hidhii isaa soso-

choosuu lafti isatti bari'e. Ganama ka'ee ciree isaa nyaatee nama bira taa'u barbaaddachuuf Obbo Girshaatti yaadasaa ibsate. Isaanis, yeroof kanan si ajaje hojjedhuu asuma turi; gara fuulduraatti immoo amala kee ilaalee si wajjin mari'adha jedhanii ofbira tursan.

Boonsaan erga mana Obbo Girshaa jiraachuu eegalee xiqqoo bubbuuleera. Amma ammaatti waa'ee hiriyootasaa waan beeku hinqabu. Bishaaniin nyaatamaniiru jedhee sammuusaa ofamansise. Hiriyoonnisaa magaalaa Gimbiirraa, durbiinsaa magaalaa Amboorraa du'aaga'ii isaatiif gara maatiisaatii akka dhufan waan dhaga'e hinqabu. Maatiinsaas gadda taa'anii midhaan gaddaa akka nyaataa turanis hinbeeku. Obbo Girshaan amalasaa waan jaallataniif akka nama tafkii qabuutti harka jiifatanii waan qabatan fakkaatu. Kanarraan kan ka'e, hojjetaa amanamaa mana bunaasaanii godhatan.

Ijoollotnisaanii baratanii, bakka hojiisaaniitti ramadamanii maatiisaaniirraa faffagaatanii jiraatu. Maatiisaanii wajjin yeroo boqonnaasaanii qofa walargu. Kanaaf, Obbo Girshaan akka dhala isaaniitti ilaaluu eegalan. Boonsaan akkuma amala isaatii kokkolfaa, qoosaa addaa addaatiin isa guddaas ta'e isa xiqqaa wajjin waliigaluun jiraata. Inni amalasaa qofaan utuu hintaane, ilma simbo qabeessa baay'ee midhagaadha. Dubartootni mana bunaa Obbo Girshaa keessa hojjetanis, dabbasaa mataa isaatii kanaan "Utuu Rabbi nuuf kenneera ta'ee?" jedhu. Isheen kaan immoo kaarruu ilkaansaatii hawwiti; kaan immoo "Kun utuu dubartii akka keenyaati ta'ee, dargaggoota hedduu kiyyoo jaalalaa keessa buusa." Jechuun, akka allaattii samiirra balali'aa foon lafatti kajeeltuu, garaansaanii isa beela'a.
Kanarraan kan ka'e, dubartoota mana bunichaa keessaas ta'e, durbootni magaalicha keessaa galaana jaalalaan liqimsiisuuf carraaqaa turaniiru. Inni garuu abjuu isaa hinqabu.

Maal godharee? Kan hawwii durbaafi dubartootaa qabu'oo, Dameefi Baayisaa turee. Utuu bishaanni isaan nyaatee soora naachaafi roobiif hingodhiin, silaa gabaafi iyyeettii walbira dabarsaa, animmoo kanaaf hindhufne jedha gola sammuusaatii keessatti Boonsaan.

Intalli Obbo Girshaa, Yeneenash bakka hojiisheetiitii boqonnaaf maatiishee bira galtee jirti. Yeroo boqonnaasheetii dhukkuba miira dargaggummaatiin qabamtee utuu dhokfattuu dabarsite. "Dhoksaan fanxoo hinfayyisu" Jettee dubbii kan biroo waliin walbira qabdee Boonsaatti yoo itti himtullee, inni nama jaalala, addunyaa kanarratti abjuudhaaniyyuu argee beeku miti. Utuu beekees, haala amma keessa jiru keessatti waan jaalalaaf jilbeenfatu hinfakkaatu.Yeneenash intala bareedduudha. Qabeenyaan abbaasheefi midhaginnishee dargaggoota hedduu waan booji'eef, dargaggoonni baay'een ishee adamsaa oolu. Isheen garuu simboo isheefi baayyina qabeenyaa abbaashee kanaan, baay'ee boonti. Erga hojjettuu mootummaa taateemmoo dargaggeessayyuu harka qabdee hindubbiftu. Kun hundumtuu Boonsaa gurra bu'ee waan jiruuf gaaffiin isheen dhiyeessiteef dhugaa isatti hinfakkaatne. Amalasaa sakatta'uuf waan isheen isa qoraa jirtu isatti fakkaate.

Qalbiisaa hatuuf ofitti isa qabuu eegalte. Innis, ishee fuudhee qabeenyaa abbaa isheetii akka dhaaluuf dubbii dhugaa isatti fakkaatu yoo itti dudubbattullee, yaadni kun isaaf liqimfamuufii dide. Isheen garuu amalas ta'e bifasaa waan jaallatteef hojjetaa manasaanii akka ta'eyyuu hinyaadanne. Gochaafi kunuunsi isheen harka lafa jalaan akka inni ishee jaallatuuf godhaa turte hundisaa gatii dhabe. Sababa inni jaalala wanta jedhamu sadarkaa kanatti hinbarbaanneef jecha baay'eetu isaan jedhama. Obbo Girshaan hariiroo isaafi Yeneenash gidduu jiru baruu hindandeenye.

Garuu galgala galgala yeroo hundumaa isheen bakka inni hojjetu teessee utuu isa haasoofsiiftuu yeroon hirriba isheetii akka darbaa jiru hubachuun isaanii hinhafne. Kunis darbee darbee yeroo sammuu Obbo Girshaa keessa taphatu nijira. Isheenis, utuu hidhaa jaalalaa mataa lakkuun hidhamtee jirtuu, ganna guutuu boqonnaa maatiishee bira kan dhufte, utuu hinboqotiin yeroon boqonnaasheetii dhume. Hiriyootasheef boqonnaadha; isheen garuu ibidda bishaanni hindhaamsine seentee gogaan ishee waadamee, lafeen ishee bullaa'ee, dhuknishee xuuxameera. Nama boqonnaaf gale fakkaatti utuu hintaanee, dhukkubsataa hospitaala ciisee ba'aa jiru fakkaattee bakka hojiisheetti deebite.

Erga achi geessees utuu abdii hinkutatiin bilbilaan gaggaafachuu hindhiifne. Dur abbaa isheefi harmee isheef utuu hinbilbiliin hinooltu. Amma garuu akka tasaa bilbilli yoo waame kan barbaadamu Boonsaa qofa. Haalotni kun hundumtiyyuu Obbo Girshaa sammuu isaan nyaate. Dubbii kana adda baafachuuf intala isaani Yeneenash bilbilaan gaafatan.

"Ati Boonsaa waajjin maal maal gochaa jirtaa? Nama kolfaa na gochuufii?, Durseen si galaafadha malee namni natti quba hinqabu." Utuu isheen isaan bira jirti ta'ee rukuttaadhaan utuu hintaane, fuulasaanii isa walitti gudunfamee jiruufi sagalee dheekkamsa isaaniitiin naatee kudha afur ciifti.

"Yeroo darbe boqonnaa yommuun gale hojjetaan mana keenyaa inni, yoo itti himan hindhageenye, inni yoo gorsan hinfudhanne, inni yoo hurursan hinrafne, inni yoo dammaqsan hinkaane, afaan damma godhee balleessaasaa golgee inni taa'u sun na gudeedudhaaf bakka ati hinjirretti yaalii baay'ee gochaa ture. Ammammoo takka xalayaa natti barreessa, takka natti bilbila. Yoo ati na diddellee qorichan sitti godha malee si hindhiisu naan jedhaa jira.

Anis, kanaaf wantan lubbuukoo sodaadheef isinitti himuufis leyyoon waan na qabateef boqonnaa yeroon galu maatii koon mari'achiisa jechaan jira. Anisimmoo akka inni lubbuu koo irraan badii hingeessifneef gowwomseen bilbila manaarratti bilbileen sossobataan jira. Rakkinni tokkoyyuu hinjiru hundasaa yeroon boqonnaa galu, wajjin mari'anna jedheen qalbii isaa booji'ataan jira"

Isaanis, intalasaanii waan baay'ee jaallataniif utuu ilaafi ilaameen, Boonsaa waan tokkoyyuu hingaafatiin lubbuusaa balleessuuf hojjettoota manasaanii tokko tokko harka lafa jalaan mari'achiisuu eegalan. Yaa'ii waraabeessaa keessaa fira hindhaban akkuma jedhan hojjetaan manicha keessa hojjetu tokko iccitii kana baasee Boonsaatti hime. Dubbiin kun quufa qeerroo irratti caba mormaa isatti ta'e. Halkanuma gaafasii kutaa hirribasaatii seenee sireesaarra dugdaan ciisee murtii hadhaa'aa jireenyasaatiif keessummaa ta'e kanaaf utuu fala barbaaddatuu qilleensa keessaan balali'ee yaadni tokko gara gola sammuusaatti gadi dhangala'e; lubbuusaa yoo baafate wantoota qabummoo yoo dhiise ga'aadha jedhee gara biyyasaatti akka deebi'u murteeffate. Namni maaddii hormaarraa nyaatu hinarraabbatu jedha Oromoon jedhee xiqqooshee ofitti seeqee balbalaafi foddaa kutaa hirribasaatii banaatti dhiisee, mooraa Obbo Girshaa keessaa halkanumaan miliqee bade.Magaalattii keessaa xiqqoo ba'ee mana nama hinbeekne tokkootti goree bule. Ganama obboroon daandii konkolaataatti ba'ee konkolaataa eeggatee gara magaalaa Naqamtee deeme.

.....Jiruufi jireenyi; gargar nama baasus, dhigni walii wajjin taliila jireenya ijoollumaa abbuuqqatee guddate wal hindagatu!!!

Harmee hinduune, kan kaleessa jirtu, boris darbitee jiraattu....harmee gara lafettii ....sagal dhufnaan sagaltama gadbaafti, kumni dhufnaan kumaatamaan simatti!!!

******

KUTAA 3

Boonsaan erga mana harmeesaatii ba'ee har'a kunoo waggoota muraasa lakkoofsiseera. Hawwaasni inni keessatti dhalatee guddate waa'eesaas irraanfataniiru. Inni garuu gara maatiisaatti galuuf leyyoon waan isa qabateef darbee darbee garaan isaa nimama. Haata'u malee, qabeenyaa abbaasaafi jaalala isaan isaaf qaban yoo yaadatu garaan muka isa rukuta.

Ooyiruu abbaasaatii inni kaan karaarraa itti jallachuuf hawwa. Gordommoon kanniisaa mana duubaa tuqee gadi rarra'ee taa'a, dhadhaan manasaanii inni akka dhoqqee gannaa kutamee hindhumne utuu jiruu, akkasumas qooda dhiigasaa Dokteer Dagaagaa wajjin jiraatee gaddas ta'e gammachuu isaa wajjin hirmaatee isaa wajjin miidhaguu jibbee hormaaf gugguufee, horma miidhagsuu filate. Xumurri isaammoo kanaan yommuu goolabamu jireenyi isaa maaqii uffate. "Dhangaa qe'ee hormaa soorachuu mannaa, dhagaa qe'ee ofiin hooqqachuu wayya." Jedhee qe'ee abbaasaatti galuuf erbee yaadasaatii gudunfatee murtoo xumuraa murteeffate.

Boonsaan hiriyaasaa wajjin ba'e malee maal akka isaan ta'an waan beeku hinqabu. Daldalaa tureera; bu'aa isaas hinagarre, hojjetaa tureera; firii isaas hinarganne; dubartoota hedduun jaallatameera; mi'aa jaalalaas hindhamdhamne. Harka duwwaa manaa ba'ee harka duwwaa gara maatiisaatti deebi'uuf dirqame. Haata'u malee, ammas mana hingeenye. Rakkinnisaa akka dukkana halkanii cimee itti fufe. Innis qarshii ofharkaa haa dhabuyyuu malee, callisee gara buufata konkolaataa magaalaa Naqamtee deeme. Yeroo kana imaltootni hedduunsaanii kaan korojoosaa harkatti qabatee, kaan daa'imasaa harka qabatee, kaanimmoo jaalalleesaa wajjin dhaabatee konkolaataa eega. Isaan keessaa hedduun imaltoota kan gara magaalaa Gimbii deemaniidha.

Akkuma tasaa konkolaataan Finfinneerraa gara Gimbii deemu tokko namoota fe'atee dhufe. Bakka duwwaa waan qabuuf namoota guuttachuuf balbala mooraa buufata konkolaatichaa dura dhaabbate. Namootni gara Gimbii deemanis walsaamanii, waldaddarbataa konkolaataa seenan. Innis namootni seenaniif seene malee, farankaan loomii urgeeffachuuf bitu isa harka hinjiru.Boonsaan erga dhaqee taa'umsa qabatee, hafuurasaa dhokfatee yaada badee taa'e. Gargaaraan konkolaachisaa namoota amma seenan irraa qarshii funaanuu eegale. Ammammoo yaaddoo taarifa konkolaataatu isa qabate. Haata'u malee, namoota konkolaataa keessa jiran keessaa simbo qabeessi akka isaatii hinturre. Bifaan diimaadha. Biiftuun seenuu geesse daawwitii konkolaataa keessaan fuulasaatti yoo baatu dabalataan simboo ta'aaf. Konkolaataa keessa dhiironni jiran lakkoofsaan xinnoodha. Warri jiranis, fuullisaanii mana gandaa dulloome fafakkaata. Dubartootaafi shamarree qofatu guutee jira.

Dubartootni hedduun ija dalgaan isa ilaalaa korojoosaanii keessaa bilbil-sochii fuudhanii qaqqabu. Inni garuu qabduu furtuuyyuu harkatti baadhatee hinjiru. Yommuu ilaalan garuu dargaggeessa dargagummaasaatiin tujaare fakkaata. Gargaaraan konkolaachisaas, utuu qarshii funaanuu isa bira ga'e. Boonsaanis miilla isaa walirraa darbatee, sax jedhee lafaa ka'ee, " 'Aa'i'aam soorii!' uuf uuf, nan salphadhe." Jedhee mataasaa qabatee dhaabatee hafe. Namootni fuula dura taa'an gara dugda duubaatti galagalanii, warri gara booddee taa'an immoo lafaa olka'anii morma yaafatanii bakka taa'umsasaatti isa ilaalu. Gargaaraan konkolaachisaas 'Minoonki, minxeffaa? Eh, qayyoo.....' jedhee garasaatti qajeele. Calluma jedhee ija babaasee, dura isaafi duugdaduubasaa, bitasaafi mirgasaa ilaalee silas nama beeku hinqabu waan ta'eef mataasaa qabatee, boquu buusee lafa ilaalaa deebi'ee taa'e. Gara jabina dhiirummaatiif, hidhiisaa gadii taa'ee cicciniinnata.

Shamarreen isa cina teessu tokko namoota itti wacanii huursan isarraa ittistee, hiixattee wayyaasaa qabdee, "Maal taate maal si gargaaru?" Jettee haasaa eegalte."Eessatti akka ta'e hinbeeku, boorsaan qarshii kootii waraqaa eenyummaa koo wajjin na duraa bade" Mangaagaasaa keessaa qilleensa guutee, xiqqoo bokoksee, ijasaa lamaan xixinneessaa utuma ishee ilaaluu, gidduuttimmoo afaansaa keessaa qilleensa yaasee nama gaabbiin guutame fakkaatee yaadaan qaarihe.

"Kun homaa miti, kanaaf, hinyaadda'iin" Xiyyoo hidhisheetii isa olii akka dabsuu gootee, balaa isa mudate kana salphiftee itti himte. Isas qomasaarraa gadi bu'e. Jecha kana dhaga'uu isaafis, isa duraan huuruu dhiibee taa'u akka kolfuu ta'ee xiqqoo seeqe. Yeroo kana ilkaansaa inni kaarruun bakkeetti mul'ate. Isheen garuu akkasumaan ilaalteeyyuu jaallatteetti; ammammoo ilkaansaa erga argitee maal sigargaaru isa jetteyyuu irraanfattee, kutaa onneesaatii keessa seentee hirriba jaalalaa raftee kurruufaa jirti.
Gargaaraan konkolaachisaa bakka Boonsaan taa'u ilaalee bar'uu harkasaatii walitti rurrukutee taarifa konkolaataa gaafate. Isheenis qarshii noottii abbaa dhibbaa tokko fuutee itti laatte. Taarifni konkolaataa qarshii 26 ture. Qarshii 74 deebiseefii yeroo kennu, harkaa fuutee korojoo Boonsaatti gadi dhidhiibde. Kun hundumtuu abjuu isatti ta'ee mul'ate. Attamittiin namni ani hinbeekne taarifa konkolaataa naaf cufaa? Jedhee sammuusaa gaafata.

Konkolaachisaan yeroo imaltoota fuudhee karaa deemu akka isaan hinmukoofneef sirba, geerarsa yookaan kan mana waaqeffannaa, barumsa yookaan faarfannaa afeeree dhaggeeffachiisaa deema. Har'a garuu, kan isaan afeeraman faarfannaa mana waaqeffannaati. Kaasetii faarfannaa faarfataa 'Yohaannis Lammii' dha.

'Yoseef' biyya Gibxii keessatti haati manaa 'Phooxifaar' "Naa wajjin ciisi" jettee yoo wayyaa isarraa baafattu, innis wayyaasaa ishee harkatti gatee baqate. Isheenimmoo sobaan maqaa isa balleessitee abbaa manaasheetti himatte. Kanarraan kan ka'e, mana hidhaatti dabarfamee kenname. Faarfataan kun isa macaafa qulqulluu keessatti seera Uumamaa boqonnaa 39 keessatti caafame;

"Wayyaakoo narraa baaftee sobaan na hadhessitee
Waanan hingodhinitti sobaan na hammeessite.
Mootiinoo wanta kana tasumaa natti hinlaannee
Hingodhu waan salphinaa isaaf nan qopheessine."

Jechuun seenaa Yoseefiin walaleessee, yeedaloo nama mararuun faarfata. Boonsaan kana yoo dhaggeeffatu dhugaa isaa isa mana Obbo Girshaa T/gi'oorgisitti duraa dhokate yaadate. "Animmoo Yoseef lammaffaadha. Bara kana, kan akkakoo dargaggummaasaatti luugama miiraa kaa'ee, foonsaa gammachiisuurra uumaasaafi kaayyoosaa gammachiisuu danda'u jiraa laata? Moo foonsaa gammachiisuuf kan jaalala hormaan qabamee akka Saamsooniin, Daliilaa afaan bu'u, kan dhahichaaf ofsaaxilu, kan dhukkuba baraaf ofkennutu jira laata?" Jedha, garaasaa keessatti dhaloota ammaa wajjin ofmadaalee. Utuma yaadaan liqimfamee deemuu qalbiisaa garasheetti sassaabbate.

Hojjaa haadheeraattuyyuu malee umuriidhaan ijoolleedha. Guntutnishee akka waakkoo lafa arfaasaa reefuu quqquuqee bakkeetti mul'ata. Intala simboo qabeettiidha. Mudhiinshee qal'atee walitti bu'ee mudhii soonsa nama hidduuf jedhuu fakkaata. Qubeelaa yoo itti diran illee nisolola'a, teessuun ishee tole jedhee hindabarsuuf malee. Garuu irreen harkasheetii gara olii furdina waan qabuuf yeroo isheen harkashee gadhiiftee ciqileesheemmoo mohoosheerra kaa'attee deemtu mudhii ishee isa qal'aa hukkaamsee furdoo ishee fakkeessee ishee lafafa.

Dabbasaan mataasheetii maramee qiinxii dugdashee gidduu ciisa. Maddiinshee burtukaanii bilchina tole fakkaata; ilkaanshee toora galee, boqqolloo asheetii reefuu kafanasaa ofirraa baafatee jiruun waldorgoma. Ijasheetiin yommuu nama ilaaluuf jettu baalleen ijasheetii akka hurrii biiftuu ganamaarraa saaqamaa jiruu, yommuu suuta jedhee walfunaanee gargar banamu, ilaalchi ijisheetii waan onnee namaa huree seenaa jiru fakkaatee nama rifaasisa. Silaa kan quba harkasheetii, qaqqallinasaa dubbachuu miti. Qubniifi qeensi miillasheetii inni isheen ittiin lafa deemtu, harka isa ittiin nyaata nyaatan caalaa midhagaadha.Teessuunshee fuula namaa fakkaachuuf funyaan qofa dhabe.

Boonsaan erga gadameessa haadhasaa keessaa ba'ee eegalee fakkaattiin miidhagina shamarran kamiiyyuu ratinaasaarratti uumamee hinbeeku. Amma garuu oolmaan isheen isaaf oolteefi simboon ishee futtaasaa jaalalaa isatti fure. Utuma wajjin deemanii walqoqqorataa qoosaa garaagaraan karaa fageeffatan.

"Ani Boonsaa Biyyaan jedhama, walbarra!" Akka seequu ta'ee mataasaa suuta sosochoosa.

"Animmoo Meeroon H/maari'am Mogosin jedhama. Eessa deemaa jirta?"

"Waggaa muraasaan fuula dura bakka biraa deemeen ture. Lubbuudhan jiraachuukoo maatii koos ta'e firoonnikoo bakka biraa jiranillee

"Bakki jireeya maatii kee eessaa?"

"Abbaankoofi harmeenkoo Gimbii jalaa baadiyaa bakka Wadaaboo jedhamu jiraatu. Ati garuu eessa jiraatta?" akka itti toluu taanaan gadi fageenyaan walgaggaafachuu eegalan.

"Ani magaalaa Amboon jiraadha. Kutaa 7ffaa gara kutaa 8ffaa ttin darbee, Obboleettiikoo biratti boqonnaa dabarsuuf gara magaalaa Gimbii demaan jira." Nyarii, rifeensa mataashee qabdee haharkifti.

Akaakaafi akkoosheetu Amboo jiraata malee abbaanshee magaalaa Meexxii jiraatu. Amboos yeroo tokko tokko dhuftee akaakaashee dubbiftee galti.

"Hojiin Rabbii ajaa'iba! eessaa walitti nu fidee?"

"Fuullikee keessi dokteerii ollaa keenyaa tokko natti fakkaata. Kaarruun ilkaan keetiimmoo kan obboleettiisaa Caaltuurraa adda hinba'u."

"Dokteer eenyuu jedhama?"

"Dokteer Dagaagaa Dhaabaa"

"Dokteer Dagaagaan durbii kooti. Tariimmoo maqaatu walda'e fakkaata."

"Hojiidhaaf maagaalaa Gimbiirraa gara magaalaa Amboo erga dhufanii waggoota lakkoofsisaniiru ."

"Kan ati jettu kun dhugaadha yoo ta'eef, isaan naaf durbii kooti."

"Maalii? Dokteer Dagaagaa Dhaabaa Hundee si wajjin walhinfakkaatumoo?""Uhum.....dididid.....qaqaqaqaqqaq.....maarree! Harmeenkoo Aadde Gaddisee Hundee jedhamu. Obbo Dhaabaafi harmeenkoo Obbolaadha" Jedhee utuu ajaa'ibsiifatuu garasheetti galagalee garaa gammade fakkeessee, hammannaa jaalalaatiin Meeroonitti marmee, shurrubbaa mataasheetii fuulatti ofhaguuge, jamamaan rifeensasheeti gurrasaa gidduutti luqqa'ee hafe.

Silaa intalli birillee fakkaattii, dibatni shurrubbaasheerraa dabbasaa mataasaatii tuqe, yoo miiccateyyuu waan isattii ba'u miti."Ajaa'iba Rabbii! Biiftuun har'aa maaliin baatee?" Jedhee, isa ishee waliin walbare fakkeessee, isa shurrubbaashee fuulatti uwwifate ajaa'ibsiifataa ijashee keessa ilaalaa deebi'ee taa'ee itti seeqa.Namootni konkolaaticha keessa jiran, inni kaan ija lafa jalaan ilaala, inni kaanimmoo ijuma guutee ilaalaa deema. Jiruufi jireenya Dokteer Dagaagaafi Caaltuun jiraatan haa iyyaafatuyyuu malee dubbii dubbataa jiru tartiiba galchee haasa'uu hindandeenye.

Meeroon sammuun isaa qabamee akka jiru hubattee, "Dokteer Dagaagaanfaa jireenya gaarii jiraataa jiru. Jireenyi magaalaa Amboos isaaniif ta'eera. Kanarraan kan ka'e amma ammaatti bakka biraatti hinjijjirranne. Haata'u malee, waggoota muraasaan fuula dura nama firasaanii tokko bishaanni waan nyaateef du'aaga'ii dhaqanii deebi'an." Jette. Manni akaakaashee olla Dokteer Dagaagaati waan-ta'ef yeroo Amboo dhuftee akaakaashee dubbiftu, isuma ollaatii dhag-eesse dubatti.

Kana hundumaa itti himuusheef, sammuunsaa jeeqamaa waan jiruuf tarii tasgabba'uu danda'a jetteeti. Boonsaa garuu itti caalee qalbiinsaa abjuu ta'e. Galaana yaadaa keessa utuma taa'uu immoo ija isaa isheer-ratti hambisa. Haata'u malee firasaa kan bishaanni nyaate eenyu akka ta'e wanti adda ba'e hinjiru.

Boonsaafi Meeroon konkolaataa keessa taa'anii haasaa isaanii itti fufan. Mar'ummaanisaa kiyyoo jaalalaan qabameera. Simboo isheefi amalashee yommuu ilaalu waan falatu dhaba. Seenaa jireenyasaatii utuu isheetti seenessuu, barataa kutaa 8ffaa akka ture itti hime. Isheen-is, akka inni yeroodhaan galee mana barnootaatti deebi'ee barnootasaa eegaluuf gorsite. Akkasumas barnootasaa yoo itti fufe carraa barnoota kutaa 9ffaa walii wajjin barachuu akka qaban itti himte. "Ani kutaa 9ffaa obboleettiikoo biran taa'ee baradha waan ta'eef jabaadhu" Jettee mar'ummaansaaf galaa gudunfaa jaalalaa qabu galaafteef.Gaara Abbaa Seenaa kutanii magaalaa Gimbii seenuuf yeroo muraasatu isaan hafe. Jaalalli isaanii laphee keessa dhokatee taa'u utuu ba'ee walhind-hamdhamiin hukkaamamee taa'ee isaan waadaa jira. Yeroo muraasa booda magaalaa Gimbii seenan. Magaalaan Gimbii ijaarsi gamoo isheetii mimmiidhagee, "Nooraa! Keessummoota jaalalaa" Waan jettu fakkaatti. Dhukkee duraan bishaanii wajjin dhuganiifi

midhaanii wajjin nyaatan har'a asfaaltiin golgamee, daandii konkolaataa gubbaa konkolaataa manaa hamma konkolaataa fe'umsaatti guutanii, akka seera tiraafikaatti waljala hulluuqu.

Gara buufata konkolaataa yommuu seenan, Boonsaan jijjiirama ta'e hundumaa ilaalee sagalee gaabbiin guuteen, "Ani biyyakoo balfee, laga ce'een biyya hormaa keessati dararamaan ture. Magaalaakoo kan taate Gimbiinimmoo akka kanatti miidhagdee na eegde. Misooma biyya ofii utuu itti hinhirmaatiin ittiin miidhaguun leeyyoo guddaadha. Uumaafi uumamatu nama taajjaba. Akka fedhe yoota'es biyya ofiifi haadha ofii ganuun hindanda'amu" Jedhee sammuu isaan yaadaa, garaasaafi mataasaa taajjaba.

Boonsaafi Meeroon konkolaataa keessaa bu'anii addaan ba'uuf nagaa walitti dhaaman. Utuu jaalala golgameen waljaallatanii addaan ba'an. Gara dugda duuba isaaniitti galagalanii utuu walmil'atanii baayyina namaafi konkolaataarraan kan ka'e waldhaban. Walbaruufi walqorachuun isaanii onneesaani madeessee godaannisa hinbadne isaan keessatti uumaa jira.

Bakki maatiin Boonsaa jiraatan magaalaa Gimbiirraa Kiilomeetira 16 fagaata. Daandiin konkolaataa yoo jiraates, daandii konkolaataa baadiyaati. Shamiziisaa mataasaarra buufatee takka gurmuu mirgaa, takkammoo gurmuu bitaarra buufataa deema. "Ani eessan turee, eessan dhaqaa jirasii?" Jechuun sammuusaaf gaaffii dhiyeessaa deema. Yeroon turtiisaatii waggootaan lakkaa'amuyyuu akkaataan ba'uufi galuusaatii nama ollaa waafudhatee deebi'aa jirullee hinfakkaatu. Harka raasee manaa ba'ee, harka raasee deebi'ee galaa jira.

midhaanii wajjin nyaatan har'a asfaaltiin golgamee, daandii konkolaataa gubbaa konkolaataa manaa hamma konkolaataa fe'umsaatti guutanii, akka seera tiraafikaatti waljala hulluuqu.

Gara buufata konkolaataa yommuu seenan, Boonsaan jijjiirama ta'e hundumaa ilaalee sagalee gaabbiin guuteen, "Ani biyyakoo balfee, laga ce'een biyya hormaa keessati dararamaan ture. Magaalaakoo kan taate Gimbiinimmoo akka kanatti miidhagdee na eegde. Misooma biyya ofii utuu itti hinhirmaatiin ittiin miidhaguun leeyyoo guddaadha. Uumaafi uumamatu nama taajjaba. Akka fedhe yoota'es biyya ofiifi haadha ofii ganuun hindanda'amu" Jedhee sammuu isaan yaadaa, garaasaafi mataasaa taajjaba.

Boonsaafi Meeroon konkolaataa keessaa bu'anii addaan ba'uuf nagaa walitti dhaaman. Utuu jaalala golgameen waljaallatanii addaan ba'an. Gara dugda duuba isaaniitti galagalanii utuu walmil'atanii baayyina namaafi konkolaataarraan kan ka'e waldhaban. Walbaruufi walqorachuun isaanii onneesaani madeessee godaannisa hinbadne isaan keessatti uumaa jira.

Bakki maatiin Boonsaa jiraatan magaalaa Gimbiirraa Kiilomeetira 16 fagaata. Daandiin konkolaataa yoo jiraates, daandii konkolaataa baadiyaati. Shamiziisaa mataasaarra buufatee takka gurmuu mirgaa, takkammoo gurmuu bitaarra buufataa deema. "Ani eessan turee, eessan dhaqaa jirasii?" Jechuun sammuusaaf gaaffii dhiyeessaa deema. Yeroon turtiisaatii waggootaan lakkaa'amuyyuu akkaataan ba'uufi galuusaatii nama ollaa waafudhatee deebi'aa jirullee hinfakkaatu. Harka raasee manaa ba'ee, harka raasee deebi'ee galaa jira.

keessummaatu mana jira. Innis, akka abbaansaa olseenaniin, lafaa olka'ee dhaabatee "Eeh! Ihii, keessummaan baay'edha" Jedhe. Isaan-immoo "Ishookaa, nijaallanna!" Jedhanii hammannaa walitti cufanii lamaansaanii deebi'anii taa'an. Goordubni manasaanii yeroo bakkeetii deemanii dhufan nidukkana'a, suuta suuuta ija namaatti ifaa deema. Xiqqoo turanii yeroo ijasaa keessa ilaalanii haasa'an ilmasaanii isaanitti fakkaatee garaa isaan nyaate. "Ayyaanni keessan haacaalu malee ilmakoo tokko isa naacha bishaan Dhidheessaaf irbaata ta'e natti fakkaattu" jedhan. Yeroo kana Aadde Gaaddiseen gara diinqatti deebi'anii imimmaanin fuula ofdhiqu. Boonsaas dubbiin kun qoma isa qabate. "Kanumaammoo ilmi keessan kun nama akkamiiti?"

"Gaaddiseen ilma tokkicha naaf godhattee, Hospitaala Adiveentistii Gimbiitti dhukkubarraan kan ka'e garaashee baqaffatte. Utuun dhala hawwuu dhala dabalee hinargatiin hafe. Kanumaayyuu tokkicha ilmakoo utuun kunuunsuu, hiriyaan gaariidhas gadheedhasii, tuttuqanii mana barnootaarraa adda kuchisiisanii fuudhanii deeman. Utuu karaa Dhidheessaa ce'aa jiranii bishaanni sadan isaanii haree deeme. Kunoo nuti erga waa'eesaa dhiifnee tutturrerra. Ammammoo namni fakkaattii hindhabuu, fuullisaa keessiifi kaarruun ilkansaa kanuma keessanii wajjin walnatti fakkaatee jennaan, Boonsaankoo ija koo dura na ...." Jedhanii utuu haasa'anii imimmaan qabachuu dadhabanii kan duraan dubbataa jiran addaan kutan.

Boonsaan teessuma isaarraa ka'ee gadi jedhee fuulaan miilla abbaa isaarratti lafa dha'ee imimmaan jilba abbaasaarratti firfirsaa, "Ani hindune, bishaannis nan nyaatne, hiriyootakoo garuu na biraa nyaatera. Jireenyakoo foyyeffadheen gara biyya kootti debi'a utuun jedhuu waggoonni hammi kun narraan dhuman. Ani dhala keessani, ani ilma keessani, ...ilma keessani, Boonsaa, Boonsaa...." isaanin jedhaa takka miilla

abbaasaa takka miilla harmeesaa gidduutti lafa dha'ee dhiifama gaafata. Isaanis, bakka taa'anii jiranii utaalanii ka'anii waan dubbatan wallaalan. Jireenyi isaaniis abjuu ta'e. Nama takkaa hundumtuu huursee boo'ee garaa kutatee taa'eefiitu har'a immoo hingale jedhanii dubbachuun leeyyoo isaan qabsiise. Dhugaan hukkaamamee ture soba fakkaata.

Aduu guyyaan ba'aa jirtutu halkan walakkeessa isaanitti ta'e. Iyyaafi boo'icha yeroo eegalan hinbeekan. Iyya gaddaa ta'ee, iyya gammachuu ta'ee isaa wallaalan. Sagaleesaanii guddisanii iyya kurii kutan. Abbaansaa isa duraan "isin" jedhanii waamaniyyuu dhiisanii, "Ati dhu.....dhuguma i.....ilmakootii? Tokkichakoo, leencakoo, ati simboo kootiim; kafanakoo, gaachanakoo...." Jedhani fuulasaanii imimmaanin ofdhiqaa, areedasaanii isa harrii keessa gadi dhangalaasaa yeroo ofitti qabanii isa hammatan dugdasaa imimmaanin tortorsan. Gammachuurraan kan ka'e Aadde Gaaddiseen "Kan du'e meeqatu galee beeka" Jedhanii hirqinfatanii boo'u. Ollaan bitaafi mirgaa, gamaafi gamanaa wayyaa afarsaa, "Qe'een jara kanaa waggaa waggaan boo'ichumaa? Jaarsamoo, jaartiidha laata kan miidhame?" Jechaa dirmannaaf isaanitti fiigu.

Namootni dirmachuu dhufan kunis haalli jiru hundumtuu haaraa isaanitti ta'e. Kun ilmasaaniidha jedhanii yoo amanuudhaa baatanillee simboon isaa durii har'ayyuu isaaf ragaadha. Innis seenaa isaa tokko lama jedhee yoo himu, kan inni dubbatu hundumtuu dhugaadha. Maatiin Boonsaa gammachudhaan booji'amanii garaansaanii garba yaaddoofi abdii kutannaa ta'ee kan ture tokkicha ilmasaaniitiin bilisummaa gonfate. Warrootni dirmannaadhaaf dhufanis nama tasuma hinduuneef alsadii boo'uu isaaniif utuu ajaa'ibsiifatanii "Odeessituun duriyyuu ni odeessiti, inni jiru yoomiyyuu jira" Jechuudhaan gammachuu matiisaa hirmaatanii galan.

Erga Boonsaan gara maatiisatti galee, abbaansaa boonuu eegalan. Abbaa ilmaas ni ta'an. Warrootni kaleessa, dheengadda qabeenyaa abbaasaa harka lafa jalaan gaadaa turan abdii kutatan. Duriyyuu durii, erga harmeen isaa manatti wal'aantee, bifnisaa cululuqaa deemee dibicha horaa galu fakkaate.

Abbaan isaa sangoota coccoomoo mooraa keessaa gadi fuudhanii qalanii, fira dhiigaa, horma, guddaa, xiqqaa, dhihoo, fagoo utuu hinjedhin hundee lafaatti nama utuu hinhambisin waamanii dhangaa afeeran. Inni galumsisaa isa gammachiise dhufeera, inni mar'ummaan isaa hinaaffaa qabu, goomataanimmoo hindhufin hafe. Balbala mana isaaniirratti "Kan du'etu gale" jedhamee qubee gurguddaatiin barreeffamaee, meexxiinimmoo barreeffamichatti nanaana'ee miidhagsee jira.Shamarreen naannoosaatii isa dubbisuu yoo dhufan garaa dheebotaadhaan deebi'anii galu. Isheen ija hinfuune tokko tokkommoo abbaasaafi harmeesaa cinatti guntutashee isatti sukkuumtee "Baga nagaan galte" Jettee nagaa gaafatti. Yeroo kaatummoo ija dalgaan ilaalaa quba harkaan bar'uusaa keessa qanxooxaa nagaa dhaamteefii deemti. Mudannoo jireenyaasaa maatiisaatti taa'ee hima. Altokko hidhii xuuxaa, imimmaan cuunfatu. Utuma boo'aniimmoo gidduutti kolfu.

Haata'u malee, kan darbe dubbachuufi kan rafe dhuungachuun waa'ee hinbaasu jedhanii akkaataa maatiisaanii guddifachuu danda'an mari'atu. Abbaansaas, dargaggeessa muree mana ijaaruu danda'u kana ofitti qabanii gorsa akka kudhaamaatti kudhaamaniif. "Yaa ilmakoo ammaa eegalii barnootakeetti deebi'ii baradhu. Amma lafa kaayyookeetii geessuuttimmoo garba kaayyookeetii ta'i, daakuus daaki, kafanas miici, ba'aas baadhu. Garuu barri beelaa quufaan, barri quufaas beelaan, gooftaan garbichaan, giiftiin garbittiin, dukkanni ifaan akka waljijjiiru irraanfattee abdii hinkutatiin.Yoo baate galuu, yoo rafte dammaquu, yoo teesse ka'uu beeki. Dargaggoomtes dargaggummaakeen hinhaftu; fuutee dhalchitee, raagdee siidaa seenaa dhaabdee atis dabareekee akkakoo kana dhaloota haaraaf galaa galaafta. Baraan bara biti malee baraaf ofhinbitiin, hamma dacheen waamicha naaf dhiyeessitutti animmoo gaaddisa keeti, akka ijoollee abbaa ebeluu akka waan si darbuu, bifaafi miidhagina ilaaltee faana hinfiigin.

....Dhangaa qe'ee hormaa soorachuu mannaa, dhagaa qe'ee ofiin hooqqachuu wayya!!!

KUTAA 4

Boonsaan barnootasaa haala gaariin itti fufee, qormaata biyyoolessaa kutaa 10ffaa qoramee, firii gaarii galmeessisuun gara kuta 11ffaatti darbe. Mana Barumsaa Biiftuu Gimbii Sadarkaa 2ffaa tti qabxii ol'aanaan kan isaa ture. Har'a garuu Mana Barumsaa Qophaa'inaafi Kompireensivii Gimbii seeneera. Barnootni haala gaariin eegaluu yoobaatellee daree barnootaatti barattootni argamuu eegalaniiru.

Barsiisaan Afaan Oromoosaanii, barattoota saayinsii uumamaa kutaa 11ffaa "A"fi barattoota saayinsii hawwasaa kutaa 11ffaa "F" bakka tokkotti barsiisee xumurarratti maqaasaanii qabachuuf, maqaa galmeeffachuu eegale. Barattoota kutaa 11ffaa "A" keessaa, "Boonsaa Biyyaa Hundarraa" jedhee qabatee maqaa itti aanutti darbe. Gara xumuraattimmoo barattota saayinsii hawwaasaa keessaa "Meeroon H/maari'am" jedhee waamee xumuree ba'e. Boonsaan bakka taa'umsa isaatiirraa xiqqoo olka'ee morma yaafatee, 'Meeroon' ishee jedhan ilaalee deebi'ee taa'e. Yeroo kana Meeroonnimmoo 'Boonsaa Biyyaa' namni jedhamu kun keessummaa waan isheetti hintaaneef bakkuma inni taa'utti ijaan bilcheessitee ilaaltee garaatti qabattee teesse.

Barattootni hundumtuu barnoota isaanii xumuranii daree keessaa erga gadi ba'anii, akka seera tiraafikaatti toora galanii yaa'anii galaa jiru. Boonsaafi Meeroon garuu mooraa barnootaa keessaa gadi ba'anii dhoksaatti waleegaa jiru. "Meeroon, ati mucayyoo magaalaa Amboodha mitii? Eessaa biyya kana dhuftee?" "Atillee naaf haaraa miti. Waggoota muraasa fuula dura waan walbarre natti fakkaata." Yeroo kana lamaan isaaniiyyuu yaadaan waggoota muraasa teellaa deebi'uudhaan yaadaan liqimfaman, yaada gulufee kaateen baallee ijasaanii saaqqatanii ammas hammannaadhaan dugda walcuunfan. Walirraa siqanii dhaabatanii walilaalaa haasa'u.

Inni, lookoo morma lawwee dhaabbannaan isaa qajeelaa, as badeefi achii badee kan hinqabnee dha. Simboon Waaq kenneef kun kanneen kaanirraa adda yoo jedhan jajannaa hinfakkaatu. Rifeensa mataasaatii isa luuccaa sana gaggabaabsatee, rifeensa maddiisaafi areedasaarra jiru akka shiboo elektiriikaatti daandiisaa eeggatee walquunnamsiisee, harkasaa lamaan korojoo surreesaatiitti kaa'atee, miillasaa addaan fageessee haasa'a.

Isheenis, bareedduudha. Dubbiin arrabasheetii tasuma kan oorbitiisaa gadi hindhiifnes nifakkaata. Ammammoo erga maatiishee bira tutturtee dhuftee, midhaginnishee akka ija wayinii sirriitti bilchaatee bakka ga'ee urgaansaa siph jechuu eegale, miirri funyaan qabu utuu hinfuunfatin dhaga'a. Akka duraanii utuu hintaane gara malee akka itti caaluu ta'e. Mudhiinshee qaawwa lilmoo keessa nihulluuqaa nama shakkisiisa. Garuu furdinnishee inni gara mohoo yeroo isheen ejjechuuf miillashee fuutu "Ani mucaa furdoo dha" Jedhee ishee hammeessa. Faayaa uumama isheetii kana kunoo kan dargaggoota baay'ee jaalala isheef jilbeenfachiisaa ture.

Takka irraa siqaa, takka immoo itti siqaa hammannaa isatti cufti. Xiqqoo turteemmoo qormaata biyyoolessaa kutaa 10ffaa inni qabxii gaarii galmeessiseef fakkeessitee ammas guntutashee isatti sukkumtee gammaddiif. Isheen garuu amma kanatti barnootatti cimtuu miti. Yoo ta'es simboosheetiin dorgommii hinqabdu. Miidhaginashee da'oo godhattee, yeroo qormaata qoramtu morma dheeraffattee utuu kutaa lakkooftuu har'a kutaa 11ffaa geesse. Har'ammoo barattoota garaa isaan hinbeeknee wajjin barnoota eegaltullee, Boonsaa waan argatteef yoo isarraa adda baate waan deebitee uumama addunyaa kanarraa argitu isheetti hinfakkaatne. Walitti siqeenyisaanii baay'ee cimaa dhufe. Hariiroon isaan lamaan gidduu jiru kan warra kaaniirraa adda.

Akka dhiiraattis ta'e akka shamarreetti walii wajjin deemu. Erga waliin ba'anii waliin galuu eegalanii xiqqoo bubbulaniiru. Isheen isa malee hiriyoota dhiiraas ta'e shamarranii barattoota dareeshee kan ta'an hedduu wajjin walbarteetti. Garuu Boonsaatti nama tokkooyyuu hinqixxeessitu. Barattootni dareeshees, ta'e mooraa mana barumsichaa keessaa baratan baay'een isaanii kiyyoo jaalalaa keessa ishee galchuuf oolanii bulanii ishee adamsaa turan. Walitti dhufeenyi Boonsaafi Meeroon gidduu amma yoona kanaatti waanti qabatamaan waa'ee jaalalasaanii ibsu ragaan tokkollee hinargamne.

Abbiyyuun harmeesheetii, Obbo Mogos W/mikaa'el, bara mootummaa Haayilesillaasee keessa Gondorirraa dhufanii magaalaa Amboo utuu jiraatanii uummatnisaas, laftisaas, bishaansaafi qilleensisaa isaan gadhiisuu didee hambifate. Iyyaafannaa keessa kan isaaniif taatu argatanii; horanii baayyatanii, fuusisanii, heerumsiisanii, akkoo, akaakaa, akaakilii lakkaa'aa jiru. Bara ilmisaanii dargaggeessa waggaa 14 ture, "Haayileekoo, fuudha yoo barbaadde Gondoriin siif barbaada malee....." Jedhanii hidda dhiigasaanii isatti lakkaa'aa turaniiru.

Haayilemaari'aamis gorsa abbaasaa garaatti qabatee haadha warraasaatti himeera. Har'a garuu kan duraan Gondor, Gondor jedhan dhiisanii, Amboo.....Amboo, yoo fuutes yoo heerumtes shamarree Amboo, dargaggeessa Amboo jechuu eegalan. Keessummaan bubbule mana abbaasaa irraanfata, diinqafi goordubni manaa, isa ijareef walhincaalu; tokkuma, hundeen manaa harka utubaa muree dhaabe edata. "Keessa hinbeektu keessummaan seentee bulti" Jedhee Oromoon kanaaf mammaake.Harmeenshee utuu isheen barnootaaf gara magaalaa Gimbii hindhufiin akka isheen dargaggeessa Wallaggaa garaa of hinbarsiifneef, "Meeroon dargaggeessa akkasiifi akkasii Wallaggaa keessaa argattee jirti yoo naan jedhan garaankoo sitti hindiriiriin hafa.

Hiyyeessa qe'ee abbaakee siif wayya" Jedhanii gorsaniiru. Isheenis gorsa harmeenshee kennaniif kanaan eenyummaashee ofbartee garaa ofjabeessiteetti. Qe'een abbaashee garuu Amboo utuu hintaane...

Harmeenshee gola dhiigashee ibsachuuf dachee Oromiyaa kan sababa bal'ina teessuma isaatii bulchiinsaaf qoqqoodameen, Wallaggaa, Shawwaa jettee addaan baafte, garuu lamaansaaniiyyuu burqaa Madda Walaabuuti. Isheetu eenyummaashee sababeeffatee malkaafi maddaan addaan baase malee, sunis, kunis, gubbaanis, godaanis, gamis, gamannis kan warra abbaa tokkooti.

Xobbeen jalaan biqilu gurra yaafatee, qoqqoodama maqaa isheen waamte kanaan akka waamu, waamees, damee akka baafatu, baafatee maqaa akka ofii kennuuf sababa kan ta'e isheefi kanneen ishee fakkaatanidha. Kanaaf dhalootni har'aa, warra Wallaggaa, warra Shawwaa, warra Iluu Abbaa Booraa, warra Jimmaa, warra Arsii, warra Harargee, warra Booranaa jedhanii waamanii walhowwaachisu. Warri Wallaggaatti dhalatanis, warra Dambidoolloo, warra Gimbii, warra Naqamtee, Warra Shaambuu jedhanii lagaan walwaamu, malkaadhaan afoosha ijaaramu. Warri Shawwaammoo, Amboo, Fiichee, Adaamaa, Walisoo jedhanii magaalaafi baadiyaatiin walqoodu, eenyuutu handhuura biyyattiitti dhiyaata waliin jedhanii walfalmu, walceepha'u. Inni fagoos inni dhihoos gadameessa haadha tokkichaa keessaa akka ba'e, dagataniiru. Inni diinqa taa'u isa goorduba taa'uuf, inni goorduba taa'u isa ala taa'uuf maqaa dhibba kennaaf.
Kana malees, konkolaachisaa Margaa jedhamu wajjin jaalala waldhamdhamsiisanii utuu jiranii gidduutti barnootaaf gara obboleettiisheetti ergan. Kun hundumtuu karra gaddaan cufame keessa ishee seensisaa oola. Ragaa qabatamaan jireenya ishee egereef abdii ta'e simboofi cimina dandeettii isaatiiti.

Miidhaginasaafi amalasaa yoo ilaaltu nimurteeffatti. Yoo ta'es jaalallee kan biraa akka qabdu dhoksitee hamma magaalaa Gimbii jiraattutti Boonsaa wajjin jireenya dabarsuu barbaadde. Boonsaa yoo ta'emmoo erga gadameessa haadhasaa keessaa ba'e wanjoo jaalalaa seenee hinbeeku. Bakka dhalatetti utuu hintaane, bara laga ce'ee intala warra dureessaatiin jaallatameyyuu yeroosaa gulufa farda jaalalaatiif dabarsee hinhiixanne. Amma garuu jaalala Meeroon keessa seenuf tarkaanfii muraasatu isa hafe.

Utuu gara barnootaatti hindeebi'iin fuula dura, gorsa abbaansaa isa gorsan yeroo yaadatu jaalalashee kanatti seenuuf immoo sammuusaa ofamansiisuu dadhaba. Wadaroo safaraa yaadasaatii aggaamee darbachuu eegale, guuboon yaadaa hidda mataasaatiin xaxamee jiru isa harkatti mala'ee dhangala'uuf buqqee mataasaatii dayyaasuu ga'eera.

Isheen amanamtuu yoo taateef, arrabniifi amallishee akka bifashee yoo ta'eef, dhugaattis lafee cinaacha bitaakoo keessaa kan baate yoo taatee, naafi isheen foon tokkicha waan taaneef jaalalleekoo godhachuun dirqama natti ta'a. Garuu isheen lafee cinaachakoo keessaa hinbaane yoo taate naafi isheen foon tokko miti, kankoo utuu hintaanee kan hormaati.Lafee cinaachaakee keessaan argame nan jettus malkaa gingilchaa dhiigaa gaafa geessu riqicha eenyummaa dhiigaa ibsurra ce'uun fuula dura ija leeyyoon foonkoottii hiikkattee narraa dhidhimti. Foonni walitti biqilee madda dhiiga tokkoo abbuuqqatee guddate walgadhiisee walirraa hinarca'u.Walhinsobu, dabarsee walhinkennu, lammiif jedhee ofwareega malee ofiif jedhee lammii hinwareegu. Jedhe qofaa isaa mari'ata. Ji'oota muraasa erga lakkoofsisanii haalota isheerraa calaqqisan hordofee bira ga'e. Waa'ee jaalala isheen isaaf qabdu adda baafachuuf danqaraa harmeen ishee, ishee dura kaa'an beekuu hindandeenye.

Lamaan isaaniiyyuu madaa dhokataa kan maatiin isaanii itti gufatanii madeessan garaa keessaa qabu. Kunimmoo murtoo isaan dhowwate.

Jaalala inni isheef qabu isheenis hubachuu nidadhabde. Tarii kun naan tuffachuu danda'a jettee samuushee dhiphisti. Amma ammaatti yoo mucucaattee kuftellee jaalalleeshee Margaa, Boonsaa biratti akka maqaa hindhoofneef ciniinnattee eeggatti.

Jechoota jajannaafi sagalee hawwii qabu simbooshee waliin deemu fiffilatee dubbachuu hindhiifne. Ifa baasee dubbachuudhaa yoo baat-eyyuu xalayaa jaalalaa hawwii isheef qabu kan ibsu barreessee gumee galchatee, xumurarratti immoo walaloo simbooshee faarsuufi amala dargaggoota ammayyaa akka gorsaatti barreessee itti kenne.

Baay'ee bareedduudha ishee furunquuqxuu
Utuun si liqimsee garaakoo nan quuqxu.
Simboo qabeettiidha ijikee akka hanqaaquu
Mudhiinkees qal'atee akka walhankaakuu.
Qaxxisni qeerransaafi ejjennaan miillakee
Eegeen farda mootiifi shurrubbaan mataakee
Biiftuu gaaraan quuqxeefi ilaalchi ijikee
Kanaan walfakkeessee si uume waaqnikee.
Maal mucaan bareedduu kan Maaram eebbifte
Rifeensakee hinfixxu yoo farda dheechifte.
Warqeedhaaf kan ta'u qubnike akka qaccee
Na jalaa hinta'in, kan amalli ammace
Dubaroon hedduudha bareedduun lammiikoo
Garuu siif saaqame jalqaba onneenkoo.
Barruu bara gaarii hunda walqixxeessa
Kopheedhaafi uffannaan ulaagaa bayeessa
Asiifi achi deema hundumtuu walkeessa

Utuu adda hinbaasin sooressaafi hiyyeessa
Amala qabeettiifi duttuu akka jaldeessaa
Guluftuu akka fardaafi kan qalbii-qabeessa
Baattee kan barbaadduufi kan qalbiin qilleensaa
Dhiittee kan jigsitu meeshaa mana keessaa.
Ishee haadha gaarii qabaa jirbii qabdu
Kan olfuutee ejjettuufi yoo kuftellee cabdu.
Natu hinfedhu malee lammiikooti hunduu
Garuu an simalee kan biraa hinbarbaadu.
Dhiiras hinamaniin qabee si calaasaa
Mee wanta xiqqoosheen galaa siif galaasa.
Yerichis gaariidha yeroo balaafamaa
Walitti sassaabee nagaafi darbatamaa.
Isa eebba qabuufi isa abaaramaa
Kan rakkina hinbeekneefi isa gaaga'amaa
Isa ofgadhiisaafi cululuqaa namaa
Kosmootiksiin jira deemamee bitamaa
Rifeensi jeeliidhaan walitti qabamaa
Dheengadda daa'imaa har'a hingedderamaa
Maqaa 'istaayiliin findaataa' jedhama
Kunis sin gowwoomsiin an seenaan siidhaamaa.
Jechuudhaan xalayaasaa goolabe.

Gorsi harmeesheetii inni akka duumessaafi hurriitti jaalala isheen isaaf qabdu golgee ture irraa godaane. Jechootni toora galanii akkasittiin ishee faarsan kun akka isheen karra mooraa jaalalaa banattee olseentuuf ishee kakaase. Gudunfaan mar'ummaan ishee wan hiikame fakkaata. Sammuun ishee waan lafa hanqooqxee muka wayinii dhaabdee, hudhee daraaree ija godhannaan cirattee nyaataa jirtu isheetti fakkeesse. Duraan haalonni baay'een waan ishee daangessee tureef, akka fedhe yoo ta'eyyuu barnootashee utuu addaan hinkutiin bakka

haara galfii isheef kan ta'u onneesaa saaqqattee seenuuf murteeffatte. Inni garuu amma yoonaatti shamarree mimmiidhagan kan wandaboos ta'e surree ammayyaa uffatanii deeman kam irraayyuu jaalalaan qabamee guyyaan itti dukkanaa'ee hinbeeku.

Meeroonkoo yoo fedhashee ta'e onneeshee saaqxee yoo na seensiftee isheen naaf jaalallee kooti jedhee sammuusaa amansiise. Bultii manaa kan gosaafi sanyii qorachiisuu qabu eenyummaashee utuu hinqoratiin akka salphaatti hundeessuuf murteeffate. Amma egaa oolee hinbulle lamaan isaaniiyyuu harka walqabatanii dirree jaalalaa seenan. Jaalalli isaan waliif qaban ofitti amanamummaa isaaniif kenne.Takka harka walqabataa, takka walhammataa, takkammoo wal irraa siqaa kolfaa taphachaa utuu deemanii magaalaa Gimbii uummatni akkas keessa asiifi achi hulluuqullee lafa duwwaa dirree kubbaa nama hinqabnetti hinfakkeessine.

Ganda 04 safara Qodaannaa Leexoo jedhamuu ka'anii ganda lama keessa qaxxaamuranii ganda 01tti barnootasaanii hordofaa jiru. Sababa walhinargiin ooluu hindandeenyeef rakkina kamiifiyyuu mana barnootaarraa ooluuf hineeyyaman. Inni duriyyuu cimaadha ammam-moo yeroosaa fudhatee ishee qo'achiisa. Kunimmoo dandeettiisaa cimse. Isheenis akka isaan jajatamtuuf wanta inni qo'achiisu lafa hinbuuftu. Kunis, burqaa bishaan jaalalaa duraan bubbisuu eegale akka hincitne godhe.

Jaalalli isaan waaliif qaban, jaalala qurxummiin bishaaniif qabdu yoo jedhan nama hinsobsiisu. Qaanqeen jaalalaa erga isaan gidduutti faca'ee hinqabbanoofne. Kanarraan kan ka'e utuu walhinargiin guyyaa tokko ni oolu jechuun, Oksijiinii malee namni kam iyyuu guyyaa muraasaaf ooluu nidanda'a yaada jedhu nama keessatti uuma. Isheen

isaaf Oksijiinii taateettiif. Innis isheef akkuma kana. Utuu rafanii mana barnootaa demuuf yoo itti guyya'ellee, cireesaanii dhiisanii waleeganii walii wajjin deemuu filatu.

Jiraattootni magaalaa Gimbii tokko tokko yeroo barattootni daandii konkolaataarra harkasaanii bitaa qabatanii toora galanii yaa'an, ijisaanii Boonsaafi Meeroonirratti lafa dha'a. Kunis, ija uummata kanaaf maamila isaan taasise. Darbannaa arrabaa isaaniin jedhamus gurrisaanii hindhaga'u. Akkasittiin mana barnootaa oolanii, barnootasaanii hordofanii yeroo galan isheen gara mooraasheetti jallatti. Innimmoo eessumasaa bira taa'ee waan baratuuf moorashee cina darbee gala. Ijoollota eessumasaatii wajjin walbarsiisullee jaalala isaafi ishee gidduu waan bushaa'aa fakkeessee isaan dhoksuuf yaalaa ture. Haata'u malee, akka inni hidhaa jaalalaan hidhamee galaana ibidda jaalalaan liqimfamee nyaatamaa jiru shakkuun isaanii hinhafne. Mudannoon isaa kun isaaf isa jalqabaa waan ta'eef baay'ee isa ajaa'ibsiifatu.

Meeroon obboleettiishee wajjin gara gabaa yeroo deemtu Boonsaan bakka isaan argetti harka qabee dubbisee darba. Obboleettiin ishees utuu hinqeeqin, akkaataa dubbiisafi nagaa Waaqayyoo inni nama gaafatullee ilaaltee garaashee keessatti Meerooniif jaallataa turte. Garaanshee isa mararfatuyyuu, waan adda baafatte tokkollee hinqabdu. Hamma kana keessaa bareedduun magaalaa Gimbii tokko tokko kiyyoo jaalalaa keessa isa galchuuf bakka qofaatti isa argattetti arrabashee dhadhaa dibattee yeroo isaa wajjin dhaabattee haasoftu, "Hammaarrannaan jaarsaa alanfannaa hintaatu jedhan" jedhee dhiisa malee garaa of hinbarsiisu. Yeroo kana isheen immoo ilkaanshee 32n isaa itti dhangalaaftee qalbiisaa hatuuf yaaltullee saree bineensa argitee itti gururi'aa jirtu isatti fakkaatti.

Meeroon garuu yaadaan gara Ambootti qaxxaamuraa haa oltuyyuu malee jaalala Boonsaan boji'amtee jirti. Garaan ishee keessi butaa waraabessaa qabaachuu hinoolu. Dargaggoonni abbaan isaanii magaalaa Gimbii keessatti dureeyyii ta'an galgala galgala yeroo hundumaa konkolaataa manaatiin ishee barbaacha yoo ka'an ishee dandii konkolaataa irratti argachuu waan hindandeenyeef, mooraa obboleettiisheetii fuula dura ga'anii sagalee deemsa akeekkachiiftuudhaan ishee waamaa, konkolaataa naanneffatanii deebi'anii galu. Isheenis isaan kana hundumaaf utuu hinjilbeenfatiin jaalala Boonsaa qofaaf jilbeenfattee jirti.

Boonsaan ilma baadiyaa yoo ta'ellee yoo isaaf jilbeenfatte isheetti hinbadu. Nama kashalabbummaafi suusii kan biraa hinqabnedha. Nama egeree isaa guddifachuuf karoora qabudha. Meeroon garuu, intala magaalaati; intala waan baay'ee argitedha. Jaalalas sirritti dhamdhamtee beekti, yoota'es ulfinashee waan ofharkaa hinbaasin jirtuuf xiqqoo ofqabdi malee, miirri keessasheetii kan Boonsaa nicaala.

Yeroo tokko tokko mana barnootaatii yeroo galan Gabaa Maaliifuu isa goodaa magaalaa Gimbiitti argamutti goranii gabaa keessaa paappayyaa, burtukaanii, loomii, turungoo, roqaa, kookii, shonkooraa, aappilii, abukaadoo, maangoofi muuzii keessaa kan isaanitti tole bitatanii asheeta boqolloo immoo harkatti rarraafatani, kolfaa taphataa, nyaataa yeroo quufan darbatanii utuu waldhahanii gara mana isheetiitti fudhattee galtee buna danfifteefii, asheeta boqqolloos akoofteefii yeroo wajjin dabarfatu. Aferraa kana hundaaf sababni dhiyaatu yoo jiraate hojii manaa kan barsiisaan isaaniif kenne wajjin hojjechuuf waan ta'eef lamaan isaaniiyyuu obboleettiishee hinrifanne. Hiriyootnisaa ishee wajjin wal baran yeroo tokko tokko gara mooraa isheen keessa jiraattutti goranii dubbisanii darbu.

Sababa Boonsaa jaallataniif baay'ee ishee kabaju. Meerooniif marartee gaariifi kunuunsa ga'aa utuu godhaniifii, dhokattee konkolaachisaa tokkoo wajjin gara magaalaa deemte. Jaalalleeshee durii kan ta'e Margaan, konkolaataadhaan dhufee ganamaan ishee fudhatee magaalaatti ba'e. Obboleettiin ishee mana barnootaa deemte jettee dhiiste. Meeroon garuu isa ganama baate amma laaqanaatti Margaa wajjin Hoteela Helen siree qabatanii, nyaatanii, dhuganii bashannanaa oolan. Isheenis, akka sa'aatii 8:00 irratti deebitu Margaa beellamtee galte. Qaamashee dhiqattee, laaqanashee nyaattee mana kitaabaan deema jettee obboleettiisheetti himtee beellamashee kabajjee deebite.

Yeroonsaa bulluqaadha, aduun waan sammuu namaa saaqee keessa gadi seenaa jiru fakkaata. Qomee gabaabaa isa handhuurashee gararraatti hafu tokko jalatti uffata baay'ee haphii nafasheetti maxxanu kan teessushee fuxuruqsee bakkee baasu tokko uffatteetti. Rifeensi mataasheetii kan lakkoofsaan soddoma hincaalle gartokkee ijasheen gadi rarra'ee fiixeen isaas akka olkokottoonfachuu ta'ee miidhaga.

Hidhiinshee utuma calaqqisuu waan laaqanarratti dhadhaa baqfame dhugdee kaate, ishee fakkeesseera. Surree adii aannan fakkaatu kan teessuushee hammatee qabee qaamashee buxxurreessee bakkee baasu uffattee yeroo tarkaanfattu xiyyoonsaa gamaafi gamanaa akka cabuu ta'ee kolfa sooressaa namatti kolfaa deema, quba malee nama qirqida, ija malee nama ilaala, lubbuu dhabe malee fuula namaa fakkaateera. Waan ogeessi surreshee hodhe isheerratti hodhee, isheerratti tokkose fakkaata; baay'ee qaamasheetti maxxanee bocni qaamasheetii, uffata jalaa qaamasheetti aanuufi toorri inni qabatee taa'u sararasaa qabatee bakkeetti fuxuruqee achi buxxurraa'ee waan dayyaasee bakkee ba'uuf jedhu fakkaata.

Baruuleefi waraqaa yaadannoo harkatti qabattee jirtu gara mataa-sheetiitti qabdee ho'a aduu ofirraa dhorkuuf aduu wajjin wallaansoo walqabaa gara beellamasheetiitti qajeelte.

Kutaan lakkoofsa 12 kan ganamaa caalaa urgaa addaa gonfateera, kokaan, nyaatni lallaafaan, keekiin waraqaa haphiin golgamee kursiir-raa bakka qabateera.

"Animmoo nihaftemoo jedheen garaakoo keessatti si hamadheera. Ammammoo ergan si argee yaaddoo kan biraatu naqabate" Hammatee nagaa gaafatee, itti jedhee hidhiishee keessa dhuungate.
"Yaaddoo maalii?" baallee ijasheetii lasas gootee, ijasaa keessa asi oli ilaalaa, miira laphee nama coru tokkoon gaaffii dhiyeessiteef.
"Afacha! Ati har'a beellama qofaaf hamma kana ofmiidhagsitee dhuftemoo na duukaa galuufii?" Akka kolfuu ta'ee deebii isheen isaaf deebistu dhaga'uuf sochii hidhisheerratti ijasaa gogsee afaanshee keessa ilaala.
"Galatoomi! Inni waan salphaa sitti fakkaatemoo?" Isatu harkasaa mirgaatiin hammatee sireerra taa'aa jira malee, isheen siree irra taa'aa jirturratti harkashee bitaa gara dugdaduubaatti diriirsitee utubattee, quba elmituu harkashee mirgaadhaan toora surreesaatii qeensaan sassararti.
"Maaltu hafe jetteeti miidhaginnikee har'aa kun miidhagina misirroo tokkoon gadiitimoo?" Utuma haasa'uu miillasaa lamaaniin kopheeshee miillarraa baasuuf wallaansoo jalqabe. Miillisaanii lamaan wallaansoo utuma walqabanii isa kan miillaa caalaa, isa inni gara oliitii harmashee hoossaa jirutu hafuura dadhabbii isheetti naqnaan wallaansoo qabuu dadhabdee miillashee isatti gadhiifte. Qubni miillashee inni duraan olqonnoorratee qabaa isa dhowwataa ture, amma gadi luucca'ee jennaan kopheenshee ittii luqqa'e.

Qaruuraa kokaa buqqisee altokko erga itti jedhee abbuuqqatee akka daa'imaatti lapheesaatti ishee qabatee dhugsiisuuf afaansheetti qabe. Isheenimmoo qaruuraa harkatti qabattee afaansheerraa achi dhiibdi. Utuma dabaree dabaree abbuuqqatanii, keekiis cabsanii suuta suuta utuma dhamdhamanii, walakkeessaniiru. Wallaansoo inni duraa sun hafee keekii cabsanii afaan walkaa'u, kokaa innis isheetti niqaba, isheenis isatti qabuu eegalte.
Utuma walhoossanii, utuma kolfanii walkolfisiisanii, yandoon yaadaa dhufee isaanirra buufate. Kokaan dhugamaa jiruufi keekiin nyaatamaa jirus, isaan biraa bakka dhabee qilleensaa wajjin walkeessummeessuu eegale. Bakkuma kaa'ametti afaan banee hafe.

Harkasaa mirgaa gurmuushee jala achi loosee, harka bitaanimmoo rifeensa mataashee sisirreessaa, fuulashee utuma haxaa'uu hidhiishee bira ga'ee harkisaa rifatnaan itti jedhee dhuungate. Ammas harkasaa bitaa gara mormashee jalatti gadi buusee utuma hoossuu, harmashee lamaan gidduudhaan qubasaa gadi galcheera. Qaqqabaadhaafi sukkuummaa harkasaatiin guutummaan qaamashee ofdadhabee jennaan paastaa bulluqni itti baayyate taatee bobaasaa gidduu gadi buute.

Addunyaa haaraa seenanii qilleensa haaraa fudhachuu eegalaniiru. Dafqi muraasni nyaarashee gidduudhaan siph, siph jedhee fixeensa'eera. Bakka harkisaa dhaqu eegdi, harkasaa gagam gootee qabdi, ammas gagam gootee qabdi, ofirraa dhowwiti, saqqiisaarraas kottoonfattee eegaa jirti, utuma yaadaan bakka harkisaa dhaqu eegduu, namummaanshee ofdadhabaa dhufe, harkasaa eeguu mitii qaamashee isa da'oo keessa dhokatee jiruyyuu lukashee walitti hukkaamsitee eeggachuu dadhabde.

"....ufff.....ufufuff....ufuf.....Margaakoo maal hojjetaa jirtaa?" Akka korma sangaa marga quufee yeroo gadi ciisu bakki itti tollaan hafuura baafatuu, hafuura guddaa tokko baafatte. Isayyuu afaaniin dudubbatti malee baalleen ijasheetii cufamaadha, hirriba jaalalaa rafaa jirti, isa reebicha malee qabee nama butuchu. Guutumma qaamashee bantee isatti ofgadhiiftee, areedasaa hoossuu eegalte. Margaan saqqiisaa hiikkatee mohoosaa asiifi achi sosochoosaa miillasaa bitaafi mirgaatti deggeratee surreesaa ofirraa gadi utuma dhiibuu jilbasaa gadi dabarseera. Surreenshee garuu ammayyuu akka meeshaa waraanaa takaalamee jira malee saqqiinsaa hinhiikamne.

Itti jedhee utuma dhuungatuu, harkasaa tokko ededa handhuurasheetii gidduu gadi buusee surreenshee tiraafika isatti taanaan suuta jedhee saqqishee gargar saaqee utuma tirsuu isheen dammaqnaan, sax godhee harkasaa keessaa butee, gara oliitii harmashee gidduu haxaa'uutti deebi'e. Yeroo yartuu booda shukkummaafi hoossaa miira keessummaa lamaaniin surreenshee gara miilla jalaatti gadi marmaramee surreesaa wajjin walhammateera.

Qaamotni qixa walii jiran akkuma walitti dhiyaatanitti walitti hasaasuu eegalan, miira hinabboomamne tokkotu isaanirra bu'e. Miira dunuunfatee dunquqqaa'ansaa ija malee walilaalu, funyaan malee walfuunfatu, miilla malee deemutu walitti tirachuu eegale, miira akka allaagduu bishaan keessaa roqomsiisu, miira ilkaan malee walnyaatu, nyaatee walliqimsu, alanfatee waltufutu isaanirratti gadi dhangala'e.

Hidhiinsaanii lamaan walitti cuqqaalamee futta'ee, futta'ee walitti seena, harki lamaan lubbuudhaaf wirriiqqannaa marartee qabu tokkoon wirriiqqata. Gara gadiitiimmoo qaamnisaanii aannan buufatee dhugaa jira.

Margaafi Meeroon galaana jaalalaan liqimfamanii eenyummaasaanii dagataniiru. Akka gadameessa haadhashee keessaa baateetti qilleensa baay'ee bulluqaa jirurratti dabalataan, irreefi miilla Margaa isa akka jirmaa ulfaatuun hukkaamamtee ittantee ofirraa dhiibdi. Takka takkammoo uffannaa qorraan walhukkaamsanii dafqa walirra lolaasaa siree keessaa wirriiqqatu.

Akka nama ramacii ibiddaa keessa ejjeteetti utuu sagalee hukkaamamaatiin sagaleeshee gadi qabdee, "itititit! itititit! nagalaafattee, utuun si amanuu na nyaattee Margaakoo, uuu! uuu! Nanyaatte, nanyaatte...iddoon na gaa'attee?" Jettee utuu boossuu gidduuttimmoo harkashee lamaaniin cinaacha Margaatti marmitee hafuura xumuraa baafattee ofwallaaltee hafte.

"Afacha! Naaf obsikaa, naaf obsikaa amma'oo dur obbaafannee, Meerookoo, kanumaafan waggoota hedduu obse, o...obsee si...sii eegee, maa....maaloo Meerookoo i...ilaamee...." Sochii qiinxii dugdasaa gara gadiitiin hafuurrisaa olba'uufi gadi ba'u addaan ciccitee kan duraan dudubbataa jiru hargansuu qofaatti jijjiirame. Isheen ammayyuu koompaasii qaama saalaasaan hordofamaa waan jirtuuf, sochii isaa faana hurgufamaa utuma hafuura baafattuu gidduuttimmoo xirqanti. Shurrubbaa mataashee isa jorooroo gurmuushee jala facaaftee fattee bakakkaan dhahe taatee gaggabdeetti. Innis qaamni saalaasaa kan duraan shaanfoo gootaa, waraanaaf qophaa'ee dhaabbatu fakkaatu dibaabee dhaame ta'ee mataan isaa lafa ilaaleera. Qullaa isaanii utuu walhinleyya'iin daqiiqaa yartuuf akkasumaan ciisanii hafan.Ta'ullee kan dafee ofbare isa ture. Meeroon amma har'aatti utuu dhiira ofitti hinbutin durbummaa isheen utuu ofkoorsituu, umurii amma kana turtee qaama dheebotaa isheef jedhee magaalaa Amboorraa dhufeef kabajashee Margaaf laattee, garaa gaddaan cabeen deebitee galte.

KUTAA 5

Yeroon qormaata biyyoolessaa gabaabbataa dhufeera. Boonsaan kanarraan kan ka'e waa'ee isheetiif guddaa dhama'aa jira. Qabxii gaarii galmeessiftee barnoota sadarkaa ol'aanaatti akka ceetuuf boolla meeqa lixee ba'ee fala qopheessaafii jira. Barnoota hamma tokko niyaalti jedhee waan abdii irraa hinqabneef kan beektu mara hojjettee, kan hinbeeknemmoo barattoota ishee cina taa'an irraa akka hojjettuuf asiifi achi deemee barattoota maqaan isaanii qubee jalqabaa maqaasheetii wajjin tokko ta'e garaa isaan laaffifataa ture. Kunimmoo hiriyootasaa biratti jechaan ceepha'amuu isatti fide.

Inni dur nama jaalalaan qabamee jeeqamutti kolfu, har'ammoo barattootni mooraa barnootichaa keessaa kan isaan beekanis ta'e kan isaan hinbeekne hundi "Warra jaalala arganii hinbeekne" Jedhanii itti kolfuun isaanii hinhafne. Haata'u malee, jecha arraba namaatiin utuu hindaangeeffamiin "Maal Meeronkootiif akka hintaanellee yoon ta'e, yoon jedhames homaa miti" jechuun nadhii daraaraa jaalalaa kanarraa ilbiisa xuuxxu eegaa ture. Nadhiin jaalalaa kunis imaanaa jireenyaa ta'ee isatti mul'ate. Erga waraabessi darbee sareen.....

Biiftuun baate deebitee haaseentu malee guyyaan inni kam isa kamiin hordofee akka dhufu adda baasanii hinbeekan. Utuma wargamanii guyyaan guyyaarra buutee torban taatee, torbanis torban dabalattee ji'a dhaltee, ji'is ji'a akkashee dabalattee waggaa guutuuf yeroo muraasatu ishee hafe. Kun immoo waan xumurri biyyi lafaa ta'uuf haalonni hundumtuu madaallisaanii gadhiisanii manca'an isaanitti fakkaata. Guyyoota walii wajjin dabarsan yommuu yaadatan sammuun isaanii oorbiitii yaaduu irraa gorti. Guyyaa hamaas ta'e gammachuu wajjin dabarsaa turan. Keessumaa isheen yommuu isheetti toluu didu isa da'oo godhattee bakka haara galfii onneesaa keessa filattee guyyoota

jibbisiisoo dabarfatteetti. Yeroo sagaleesaa dharraatummoo daa'imman isatti ergitee waamsiftee, yeroo inni dhufu isaa wajjin daandii asfaaltiin uwwifamee jirurraa maqanii karaa dhukkee qabdurra yeroo isaan deemaa turanis darbee darbee ni mul'ata.

Boonsaan dargagootas ta'e shamarree kamillee icciitiisaa wajjin dubbatee hinbeeku. Ishee garuu gombisaa iccitii jireenyaa godhatee hir'inasaas ta'e, bal'inasaa tokko waan dhokse hinqabu. Hawwii isheef hawwes ta'e ishee wajjin jiraachuuf karoorfatu hundumaa hidda mar'ummaan isaarraa fudhatee icciitii jiru isheetti himataa ture. Isheenimmoo hamma kana dubbii garaa isa nyaatu tokkollee itti hindubbanne. Jaalallee dhugaa isaa wajjin bultii ijaarrachuuf jettu fakkaatti.

Sababasheetiif barattootni ollaasaa kan kaleessa dheengadda akka taliilaa isa dheebotan, akka dhangaa isa beela'an qoosaafi tapha isaallee, akka aannaniitti unatan, ulfina akka hiriyaatti utuu hintaane akka nama kabajaatti isaaf kennan, har'a yommuu inni jaalala isheen qabamee hiriyyootasaa kanneenii wajjin qoosuu dhiise, hiriyyootnisaa isa tuquun isaanii waan oole miti. Boonsaafi Meeroon qormaatasaanii haala gaariin qoramanii xumuraniiru. Barattootni, Boonsaan yeroo darbe akka isaan qormaatashee gargaaraniif gaggaafataa ture sirriitti ishe gargaaraniiru. Kunis, jaalala Boonsaaf qabanirraa ka'aniiti malee isheef dhimmanii miti. Isheenis kallattii qormaataan akka milkooftu bartee "Qabxiin nideebiti" jetti garaashee keessatti.

Inni qormaata fixuu isaaniif baay'ee gammadee yeroodheeraa waan qaban isatti fakkaata. Isheen garuu, erga qormaata xumurtee magaalaa Gimbii keessa taa'uun waan reeffa bira taa'aa jirtu fakkaatee isheetti dhaga'ama. Garaanshee didee gara biyyashee yaada. Isa duraan yeroo isaa wajjin deemtu kolfitee taphattu har'a nigeeddaramte. Dur waa'ee

jireenyasaanii gara fuula duraaf yaada jiru isatti gadi fuutee mari'achiifti. Ammammoo yaada duraan sammuusaa keessa hinjirre isatti dhiyeessuu eegalte. Kun immoo hibboo gudda isatti ta'ee mul'ate. Mar'ummaanni isaas shakkiin guutame. Jaalallee kan biraa narratti baafatte jedhee manii madaallii keessa ishee seensisee madaalus nigooti jedhee sammuusaa hinamansiifne. Yommuu akkasittiin yaadummoo gara fuulduraatti abdii waan irraa qabu itti hinfakkaatu.
Narviin sammuusheetii gaaffii hedduun utuu qabamee wargamuu gara biyya harmeesheetiitti deebi'uuf haaldureewwan tokko tokko mijeeffachuu eegalte. Haata'u malee, gadi baatee olgaluuf ofsodaatte. Maarree! "Waraabessi kan halkan godhe beekaaf guyyaa nama dhokata" jedhan mitiiree?

Yeroo kana Boonsaan awwaalamuuf kafanamee waan boolli isaaf qotamaa jiru isatti fakkaata. Utuu deemuu guyyaan yoo itti dukkanaa'u, miilla duwwaan waan ramacii ibiddaa keessa ejjete isatti fakkaatee garaan isaa gubata. Isheen isarraa adda ba'uu qofaaf utuu hintaane, jaalalli isheen isaaf qabduu waan isa shakkisiiseef abdiisaa isheerra ka'achuu irraas miilla deebifachuuf yaalullee garaansaa jajjabaachuu hindandeenye.

Hundeen hidhaa jaalalaa kan duraan lafa keessatti hafe; lafa keessatti hidda yaafatee jiru gufuun isaa waan ishee madeesseef abbaa mirgaasheetii kan ta'e Margaatti galuuf baay'ee jarjarte.

Boonsaan mudhiisaa hidhatee garaa kutatee taa'uuf murteeffate. Utuu isheerraa adda hinba'iin, waraansa namni hinbuqqifne kan namni sababasheetiif isaan jedhe hunda ishee yaadachiisuuf jaalalashee isa dhamdhama bishaanii ta'e sanas akeekkachisee, jechoota fiffilatee kan urgaa hawwiifi gaabbii qabu barreessee qopheesse.

"Amma mana maatii keetiitti dhi'aattutti hindubbisiin" jedhee waadaa galche. Gara buufata konkolaataa deemee ishee geggeessuuf ishee wajjin dhaabata. Yaada abdii qabu akka gara fuulduraatti walarguu danda'an isatti himte. Afaan damma gootee, "Yoo ati qabxii ol'aanaa galmeessifte badhaasa addaa siif nan kenna" Jettee waadaa seente. "Mucaa gowwoomsanii ganda akkoo kaa'u" mammaaksi kun waan isaaf mammaakame fakkata.

"Utuu beeknuu huubaa wajjin jette..... " jedhee garaa jaalalaan itti mararama. Boo'ichaafi gadda guyyaa du'aa caaluun walitti bo'aa nagaa walitti dhaamanii adda ba'an. Yeroo sooftii fuutee ijashee haxaa'attuu nama dhuguma jaalala dhugaa isaaf qabdu fakkaatti. Isheen garuu nama nagaa dhaamu fakkaattee, jibba dhaamteefii konkolaataa seentee daawwitii konkolaataa keessaan bar'uu harkasheetii isatti facaaftee, " 'Enii haawoo ayi laaviyuu' " isaan jette. Sagalee huursaa mootora konkolaataatiif waan isheen jettu utuu hindhaga'in isheerraa addaan ba'e.

Boonsaanis akka nama tokkittii dhalasaatii awwaalee harka raasee galaa jiruutti iddoo meeqatti goree utuu boqonnaa fudhatuu gara manasaatti gale. Erga isheerraa adda ba'ee waan daandii jireenyaarraa fottoqe isatti fakkaata. Yeroo qofaasaa adeemus sababa isheen isa bira hinjirreef waan qullaa deemu ofse'a.

Meeroon buufata konkolaataa Gimbii erga baatee sa'aatii muraasa lakkoofsifteetti. Magaaloota Gimbiifi Amboo gidduu jiran qaxxaamurtee mana maatii ishee ga'uuf yeroo muraasatu ishee hafe. Waadaashee kabajjee barreeffama Boonsaan guyyaa muraasa fuula dura isheetti kenne korojoo ishee keessaa fuutee poostaasaa kuttee dubbisuu eegalte.

...Kolfinee taphannee baras lakkoofneerraa
Buna danfifataa asheeta akoofneerraa.
Guyyaa gaariis ta'e hamaas dabarsinee
Biiftuu guyyaan dhaamtes waliinbariisifnee
Yeroo deemuu diddes walumaan dhiisifnee
Addaan ba'uun geenyaanakkaswaltaasifnee?
Garaan koo hindagatu waan namaan jedhamne
Taaksiin deemuu dhifnee miillaan lafa deemnee
Bakka dadhabnettis ofirra gadi teenyee
Ciree keenya dhiifnee dhaabannee waleegne.
Akka addaan baanus tasa ani hinbeekne
Arraba namootaafi jecha hiriyaa baannee
Wayinii jaalalaa ijasaa cirannee
Asfaaltii balfinee awwaara filannee
Addaan ba'uun geenyaan mudhii keenya
hidhannee?
Miiltoo kooti jedhee sijjin taa'ee ka'ee
Kan har'a addaan baanee jireenyi akkas ta'e.
Carraa koof nan gadda qalbiidhaa cabeeraa
Hir'ina qalbii koof kabajas dhabeera.
Kanumaaf qalbiinkoo namaan hammeeffamte
Mul'atnis booroftee miilla fageeffatte
Dhagaan oldarbadhes samii keessatti hafte.
Tokkummaan tamsa'ee hawwiin keenyas hafee
Wadaroon jaalalaa kan eenyummaa laafee.
Iccitii koos baasee sifaana odeessee
Malkaas nan ceesifne garaa na bobeesse
Arrabaan na bira yaadaan biyya geesse
Imaanaa boonsaakee meerre eessa keessee?
Hamma bari'uttis dubbachuu hindanda'u

Egaa imimmaan koo simboo naaf haa ta'u.
Ta'us ta'ee hinhafu, dukkanni nibari'aa
Biiftuun gaaraan ba'u fixeensa hari'a,
Hormatti hinhimadhu onneekoon hukkaamsa
Garuu waadaan sobaa garaa na dhukkubsa.
Waa'een kee naan galle inni simboon gaarii
Cimseen si qoradha si hubachuuf tarii.
Jaalalakees miti eenyummaa keen hawwaa
Garuu ta'uu baannaan madaa kootu qaawwa...
Magaalaa Amboo seenteetti. Onneenshee qara jaalalaan waraanamee madaansaa itti dhaga'amuu eegale. Amala calaqqisiisaa turteefi marartee inni isheef qabu waliin madaaltee qalbii laphee gogaa jiidha gadi hindabarsineen, ibiddi jaalalaa jechoota isheen dubbifatteen waltuttuqee utuu lapheetti olhaaruu, qufaa walirraa hincitne qufa'aa ija lamaaniin imimmaan daddarbataa konkolaataa keessaa buutee gara maatiiishee deemte.

Maatiinshee baay'ee isheetti mararamanii nagaa gaafatu. Ishee garuu qalbiinshee hokkolaadha. Yoo teesses yoo kaates, waa'ee Boonsaa yaaddi. "Jaalalakee miti eenyummaakeen hawwaa? Hum! Eenyummaakoo qorachuun maaliif isa barbaachise? Ajaa'iba! " jetti garaashee keessatti. Hiriyootnishee warri shamarranii galumsashee dhaga'anii yoo ishee dubbisan isheetti tolaa miti. Waggoota hamma kana Boonsaa wajjin dhamdhama jaalalaa dhamdhamataa haaturaniyyuu malee, isheen guyyaa tokkoofillee "Ani jaalalle akkasiifi akkasii qaban ture, amma garuu....." jettee isatti dubbattee hinbeektu."Diinakee ofirraa eegi, garuu miiltoo kee Waaq sirraa haa eeguu" akkuma jedhan dhugaattiyyuu inni jaalalleesaa kana sirritti eenyummashee baree harka lafa jalaan wanta isheen gootu beekuu hindandeenye. Jaalallee dhugaa, isaaf fakkaattee jaalalleeshee isa dhugaatti sassaabbatte.

KUTAA 6

Margaan konkolaachisaa beekamaadha. Isa guddaa biraas isa xiqqaa biraas beekamtii qaba. Magaalaa Amboo keessatti yeroo galma Aadde Abbabeechiin seenu eenyullee lafaa olka'eeisa teessisa. Yeroo boqonnaasaatii naannoo gamoo kanaatti dabarsa. Hunda biratti kabaja qaba. Magaalota Shawwaa Lixaa keessatti argaman keessaa namootni isa hinbeekne muraasa. Bunaafi oomisha callaa kan biroo haala gaariitiin daldala. Yeroo kana dargaggoota kan ta'an hunda maamiltoota isaan godhate. Akkasittin Meeronii wajjin yeroo isheen barattuu kutaa 9ffaa turte walbaran. Dubartootni magaalaa Amboo keessaa battala isaa wajjin walbaraniin kiyyoo jaalalaa keessa seenu. Konkolaachistootni tokko tokko Margaan qoricha qaba jechuun isaanii hinoolu.

Margaan magaalaa Giinciitti dhalate. Abbaansaa Obbo Madaqsaan ogeessa daandii elektirikaati. Yeroo daa'immummaa Margaa utuu daandii elektirikaa magaalaa Amboo keessaa suphanii, dogoggora daandiin elektiriikaa walquunnameen muka elektiriikaarratti akka saaxoo bonaa utuu hinhaariin namummaan isaanii gubatee muka elektiriikaarraa gadi harca'e. Margaanis bifti abbaasaati maal akka fakkaatu utuu adda hinbaafatiin harmeesaa, Aadde Wayituu wajjin mana gandaa tokko keessa utuu jiraatuu daa'imummaa kessa ba'ee, ergaa ergameefii harmeesaa du'a oolchuu eegale. Ilkaan fuulduree buqqifatee manarra ol darbatee gara mana barumsaa deeme.

Barnootasaa kutaa 10ffaatti qabxii ga'aa waan hingalmeessifneef kutaa itti aanutti ce'uu hindandeenye. Kanaaf konkolaachisummaa baratee har'a konkolaachisaa ta'e.Jaalalli inni namootaaf qabus ta'e, amallisaa baay'ee kan namatti toludha. Dubbiin arraba isaa kan nama hawwatudha. Yoo ta'es, muuxannoo hojiisaa keessaan dubbii bibilchaataa bare malee, akka Boonsaa bilchina sammuu hinqabu. Margaafi Meer

oon erga walargatanii xiqqoo bubbulaniiru. Haalli hundumtuu itti tolaadha. Silaa, isheen bakka jirtu fakkaatti, ammammoo isaa wajjin

Har'ammoo dargaggoota magaalaa Gimbii tuffatti, "Namni afaan guutee na gaafate tokkoyyuu hinjiru. Darbee darbee kan amalakoo baruuf na adamsaa turanis jiru. Ani garuu jaalala isaaniif hinjilbeenfanne" Jechuun abbaa mirgaashee Margaatti ofarboomsiti. Dubbiin arrabashee dargaggoota Gimbii warra lookoofi mimmiidhagoo ceepha'a.

Abbaanshee, Haayilemaari'am "yoo Yuuniversitii Gondoriin siga'e hinbeektu waanta'eef firan sibarsiisa" jedhanii Gondoritti fuudhanii qajeelan.

Boonsaan hamma qormaatni biyyoolessaa deebi'utti boqonnaaf maatiisaa bira baadiyaa deeme. Hiriyootasaa barachaa turaniif yeroon yeroo boqonnaati. Isaaf garuu jireenyi, miixuu ofkaltii dhabedha. Kana qofas utuu hintaane ilmi abbeerasaatii du'aan boqotee isarraa adda ba'e, kanaaf jireenyisaas waagii uffate, yeroon boqonnaasaatii gadda taa'uudhaan darbe. Gaddarraan kan ka'es simboofi surraan isaa isarraa oljedhe. Soofamee qaamaan qallatee, namni dur lommoxxoo bareedaan, bifaan saakachaa'ee jireenyisaa jijjiirameera. Gadda kanarra utuu jiruu, firiin qormaatasaa deebi'e.
Barattoota Mana Barumsaa Qopha'umsaafi Koompireensivii Gimbii Sadarkaa 2ffaa keessaa kan qabxii ol'aanaa galmeessise isa ture. Inni guddaanis ta'e inni xiqqaan Boonsaa hammatee ofitti qabee gammadaaf. Warri kaanimmoo sababa inni uffannaa gaddaas ta'e gonfoo gaddaa uffatee jiruuf isa cina darbanii bakka biraatti barbaadu. Boonsaadha jedhanii hinilaalle. Boonsaan namootni isaan "Baga gammadde!" jedhaniif "Ameen, waan garii isiniif haagammadu"

Jedha malee haalli inni keessa jiru isa hingammachiifne.

Meeroon firii qormaatashee fudhachuuf magaalaa Gimbii dhuftee jirti. Isheenis qabxii gaarii galmeessifteetti. Barattootni hiriyootasheetii qabxii Boonsaan galmeessises ta'e kan isheen galmeessifte isheef gaamadu. Garuu amma ammaatti gurraan dhageesse malee, Boonsaa ijaan agartee waan isaa wajjin haasofte hinqabdu. Barattootni qormaata firii gaarii argatanis ta'e firii ol'aanaa galmeessisan fuula ifaadhaan asiifi achi yaa'u. Kanneen qabxii ga'aa hingalmeessifnemmoo sababa ija hiriyaasaanii hinguutneef fuula dukkanaa'aadhan mooricha keessaa miilla jarjarsuun utaalanii ba'u. Meeroon utuu barattoota hiriyootashee wajjin dhaabattee haasoftuu barataan kan biraan dugdaduubasheen "Boonii! baga gammadde. Ishoo! Leencakoo ammayyuu siin boonuuf jirra" Jedhee Boonsaaf gammade.

Duraan isa barbaaddee dhabdee, tarii nigale jettee garaa kutatteetti. Amma immoo sagalee kun yoo gurrashee keessa bu'u, suuta jettee gara dugdaduubasheetti galagaltee isa ilaalte. Boonsaan eenyu akka ta'e isaan keessaa adda baafachuu dadhabde. Xiqqoo turtee ammas mil'attee yoo ilaaltu ijisheefi fuullisaa walirra bu'e. Gara inni itti deebi'u ijaan eegaa utuma haasoftuu qofaasaa argattee itti fiigdee yoo isa bira geessu nagaa waaqayyoo gaafachuufillee isa miti jettee mar'ummaanishee bidiruu shakkii seene. Gaaffii sammuunshee dhiyeessu kana injifattee itti marmitee hammattee erga nagaa gaafattee booda ofitti qabdee "Baga gammadde!" Isaan jette. Innis dabaree isaa qabxiishee yoo gaafatu qabxii gaarii galmeessiste waan ta'eef innis gaammadeefii irraa siqee dhaabate. "Maalii ati Boonsaa mitimoo? Simboo kee durii eenyuuf laattee? Akkamittiin akkas jireenyikee luqqa'ee?" Nyaarashee gudunfitee nama axxiffachuuf jedhu fakkaatti.

Silaa isa dubbiin qoolaa hinrakkisuu "Ani kanan luqqa'eef waa'ee jaalala keetiif malee rakkina tokkollee hinqabu" Arrabasaa gadi baasee hidhiisaa gadii isa goge jiifata. Dubbiin kunis ifaa ta'uufii didee sammushee nyaate. Innis akkuma tasaalle dagatee waa'ee jaalalasaanii isheetti kaasuu dhiise. Isheen garuu utuu abdii hinkutatiin ammas ammas afaansaa keessa dubbii eegaa turte. "Utuu ta'ee akkas calluma jedhee hindhiisu" Jettee haalota isa mudataniif jijjiirama qaamasaarratti mul'atan isa gaaggaafatte.

"Utuu tiruun ofii du'aan namattii adda ba'uu, nama ta'uuf utuu qabsoo jireenyaa geggeessuu carraan jireenyasaatii dachee kana jala yeroo ta'u akkamittiin nyaatanii quufanii, dhuganii dheebuu ba'anii, rafanii gabbatuu? Yoo kan ofii ta'uudhaabaate malee." Boca ijasaa isa bitaa xiqqeessee, hidhiisaa isa olii gartokkeeshee ciniinee, luugama yaadaa gadhiisee "Chee, bulloo!" jedhee gulufaa jira.

Dubbiin hadha'aa inni dubbate kunis ishee shakkisiise. Xiqqoo turtee suuta jettee yoo gaafattu mucaan abbeerasaatii duunaan gadda taa'aa akka ture isheetti hime. Dhugaattiyyuu bifnisaa gedderamaadha. Fuullisaa cilaatta'ee gurraacha'eera. Uffata gaddaa uffataa jiru fakkata. Gonfoo gurracha mataasaa isa aadamaa ittin golgee, shamiizii gurraacha harkisaa gabaabaa ta'e tokko uffatee, handhuurasaa gadii hamma mormasaa jalaatti cufatee, surreesaa keessa sussuuqqatee, surreesaa isa mirgaa immoo kophee sharaa gurraacha oldheeraa ta'e kan gulubiisaa bira oldarbu tokko keessa asii gadi suuqqatee dhaabata. Namni jarjaraan Boonsaadha jedhee nagaa hin gaafatu.Meeroon bu'aa mataa ofiif fakkeessanii jiraachuun amalashee isa angafaa ta'us, jaalalli Boonsaa lapheeshee keessa jira. Barreeffamni inni dura isheef barreessee kenne qalbiishee, eegee qilleensaatti haa hidhuyyuu malee, isheen yeroo boqonnaasheetii haala gaariin Margaa wajjin dabarsite.

"Maarree! Garraamiin umurii dheeraa hinqabu. Dacheen kunis nama qajeelaa ofirratti hinbaattu. Daftee ofitti hawwatti. Yoo ta'es warra arrabnisaanii hadhaa bofaa, warra fira fakkaataa boolla namaaf qotan daftee hinwaammattu malee" Jedhee maatiishee warra amma ammaatti gadda taa'anii hinbeekne ishee yaadachiise.

"Ammayyuu kanan sodaadhu tokkon qaba. Durbiinkee Dokteer Dagaagaan waggaa kana keessa gara Ameriikaa Waashingiteen Diisii deemu jedhanii wallaalaafi beekaatu odeessa. Silaa maatiin keessan dabaree du'aa qabatee jiraa, yeroo dabareen du'aa isaan ga'u Dokteer Dagaagaan utuu hindeebi'iin biyya alaatti du'anii awwaalamuunsaanii hinhafu" Rifeensa mataashee isa dubartoota warra Indii ishee fakkeessu sana isa bissiin muraasni gartokkee nyaara ijaarra gadi rarra'ee jiru oldeebifachuuf gara rifeensichaatti mataashee darbatti. Afaan damma gootee nama isaaf jaalala dhugaa qabu isatti offakkeessaa daandii daldalaa isaafi Margaa gidduu jirurra yaadaan asiifi achi deemtee daldalaa jirti.

Mooraa mana barumsichaa keessa walcina bu'anii walii wajjin haasa'aa yeroo gadi ba'an nama fageenyarratti isaan ilaaluuf, muka gogee baala arcaafateefi abaaboo daraaraansaa dho'ee, biiftuu ganamaa fakkaatu kan qilleensaan raafamaa jiru walbiraa fakkaatu. Barattoota hamma kana keessa isaa wajjin deemuun akka nama waltajjii bal'aa fuula duratti daa'imni isaa isarratti bobbaatii bobbaateefi fincaan fincoofte caalaa ishee leeyyasise.Daandii asfaltii konkolaataatti ba'anii taaksii utuu eeggataa jiranii, taaksii nama guuttattee dhufte tokko isaan fuula dura geessee dhaabattee nama tokko buufte. "Booda walagarraa taaksii eeggadhuutii kottu" Jettee taaksii seentee daandii gubbaatti isa dhiiftee deemte. Yeroo kana barsiisootniifi barattootni hiriyaasaatii mooraa keessa asiifi achi deemanii isa barbaadu. Isaan qofa utuu hinta

ane barattootni shamarranii hedduunsaanii Boonsaa isuma namummaansaa jijjiiramaa kanaa wajjin deemanii utuu nyaatas ta'e dhugaatii afeeranii nihawwu turan. Hamma har'aatti, deemsa miilla ishee utuu Boonsaa duraa miliqsituu erga gara magaalaa Gimbii dhuftee xiqqoo bubbulteetti. Akka yeroo darbee isaa wajjin daandii konkolaataarra deemuun waan ekeraa wajjin deemtu isheetti fakkaate. Sababa kanaaf jireenyasaa ajeefattee balfite. Harka lafa jalaan imaanaasa harkaa fuutee hurguftee arcaafteetti.

Gara biyyasheetti deebi'uuf guyyaa muraasatu ishee hafe. Boonsaafi hiriyootnisaa gara mana obboleettiishee deemanii ishee yeroo gaafatan, kan mana jiru Meeroon qofa. Irrataa'umsa baafattee mana jalatti gadi baatee teessi. Sagaleesaanii yeroo dhageessu bakka teessuu kaatee balbala mooraasaa banattee yoo ilaaltu, Boonsaafi hiriyoota dareesaa ta'anidha. "Kan taa'umsatti jibban olkaatee namatti sirbiti" jettee garaashee keessatti maammaakaa gaditti baate.Miillashee walirra naqattee takkammoo koomee miillashee isa tokkoon tessumuma taa'aa jirturra kaa'atti, keessummaa mana dhufetti fuula dukkanoofti. Keessummaallee utuu hintaane jaalalleeshee duriifi hiriyootasaati.

Waggoota lamaan darban keessatti mudannoo jireenyashee mudate, gaariis ta'e hamaa isaanitti gadi fuutee haasofte. Dargaggootni magaalaa Gimbii baay'eensaanii kiyyoo jaalalaa keessa seensisuuf ishee adamsaa turaniiru. Kanneen afaaniin gaafatanii deebii irraa eeggataa jiranis ta'e mormii isheen isaaniif deebifteen kan haarii qabanis jiru. Isaan kana hundumaa waa'eesaanii kaaftee yoo haasoftu, "Gaaffii deebii hinqabneef deebii eeguun gingilchaatti bishaan guuruudha" Jettee mammaaksaaan deebii dargaggoota ishee jaallatanii dhabaniif deebisti. Isheen garuu Boonsaaf deebii deebisuu isheti.

Xiqqoo turteemmoo "Ajab! Yaa magaalaa Gimbii, yaa isa dugda Gaalaa fakkaatuu, hamma kanaan keessaa baanee galle. Ani kana booda gara biyya kanaatti as galagalee hin fincaa'u." Galatni nama udduu koobee dhuufuudha. Gaaddisni guyyaa tokkoof jalatti boqotanii darbaniyyuu nama dhiba, isheen garuu lafa isaas ta'e nama isaaf dubbii arrabaa waan qusatte hinqabdu. Amma namaa hingessu cabsa namaa...

Kunimmoo Boonsaattiyyuu gaaffii ta'ee argame. Guutumma guutuutti sagaleen sochii arrabasheefi yaadni sammuusheetii jijjiirameera. Yeroo kana hiriyootasaa leeyyoo guddaatu isaan qabate. Amalootni isheerraa calaqqisiifamaa jiran isaaniif waan galuu hafe miti. Xiqqooshee akka seequu ta'anii gurrasaanii lamaan gara Boonsaafi Meeroonitti qabanii dubbii afaan keessaa daddarbatamu dhaggeeffatu. Boonsaan dandeettii yaaduusaatii as galagalchee, achi galagalchee tilmaamaan xiyyeeffannoofi karoora isheen fuula duratti qabdu sakatta'ee bira ga'uuf muuxannoo jireenya waggoota lamaan ishee wajjin dabarse teellaa deebi'ee yaadaa ture. Ji'oota muraasaan fuula dura gara maatiisheetti qajeeluuf utuu konkolaataa hinseeniin buufata konkolaataa Gimbii keessa dhaabattee waadaa isaaf seentee turte. Innis qabxii ol'aanaa galmeessiseera. Haa ta'u malee, waadaa isaaf seente jaalalli Margaa qalbiishee keessaa booji'ee irraanfachiiseera. Sababa kanaaf, waadaa seente utuu hinrawwatiin hafte.

Innimmoo waadaa kanarra deebi'ee yaadatee, utuma isheen haasoftuu yaadaan fagaatee booruu yaadasaatii borcee bir jedhee ofbara. "Meeroon, kan darbe dubbachuun harma ekeraa haadha duutee nama hoosisa. Waan keessa turaniifi waan keessa jiran dagachuunis nama koompaasii malee galaanarra deemaa jiruudha. Garaan kaleessa cooma nyaate, har'a yeroo alba'u waan kaleessa nyaate dagatee ameebaa maqaa balleessa. Hum! Isa sobee muguu gowwaan nirafe se'a." Mammaaksa

akka tasaa afaansaa keessaa baateen innumtiyyuu ofqeeqee hafuura hurrii jaalalaa, isheerraa sassaabbate. Haata'u malee, dubbii dubbatamu kanaan haala keessa turte yaadattullee, qoraattiin gaabbii mar'ummaanshee waraanee madeesse hinjiru. Kan isheetti dhaga'amaa jiru qabxii galmeessifachuu isheeti. Kunimmoo xumura milkaa'umsaa isheetti fakkaata. Garaan ishee dagatee, qormaata fuula dura gargaarsa inni isheef gochaa tures hinyaadattu. Sababa isheetiif jechoota isaan jedhamaa ture hunda nidagatte. Kadhattee fiddee weeddisaa daakti.

Akkuma barattootni ciccimoon qo'atanii qabxii gaarii galmeessan kaan immoo qabxii giddu galeessaan darbu. Akkasumas qabxii gadi aanaa galmeessanii kan gara sadarkaa ol'aanaatti utuu hindarbiin kufanis jiru. Meeroon barattoota qabxii gadi aanaa fidanii kufan kanaan "Barattootni baay'een ishee bara kana lafatti gad nam'ite" Jetti, hidhiishee gadi qunciistee tuffatti. "Yaa saree utuu kan siin jedhan beektee, kan siif kennan hinnyaattu" jedha Oromoon.

Boonsaanis waan barattoota kufan jajjabeessu fakkaatee " 'Kufuun du'uu miti abdii hinkutatin, ka'uun ga'uu mitii ofhindagatin' jecha jedhu dhageessee hinbeektuu? Barattootni har'a kufan kun milkaa'uunsaanii guyyaa tokko ta'a malee waan hafu miti. Meeshaan waraanaasaanii, qalamaafi qubeessi, galaansaanii kitaabaafi daakuun boronqii, maaddiinsaanii, gabateen gurraachi, gorsaafi iyyi ajajaasaanii; barsiisaan, yeroo hinyaadamnetti gaafa tokko isaan falmachuu danda'a. Kanneen har'a milkaa'animmoo dachee kanaa wajjin uumaman utuu hintaane hamma xumuraatti milkaa'uu dhiisuu danda'u. Dhumni waggaa jalqabas miti xumuras miti, waljijjirraa dukkanaafi ifaati malee." Mammaaksa duraan mammaakeen walilaalchisee yaadasaa manii tokkotti sassaabbate.

Meeroon yeroo kana "Kufuun du'uu mitii abdii hinkutatiin" jecha jedhu, hariiroo jaalalaa isheefi isa giddu jiru waan addaan citeef "Boonsaan 'ani abdii hinkutadhu' jechuu isaati" Jettee dubbii kanatti fakkeessite.
"Boonsa, mammaaksikee dhugaadha. Garuu, barataan waggoota hamma kana dadhabee, sababa barnootasaafis hiriyootasaarraa addaan ba'ee, barnootakootu naaf caala jedhee utuu mararfatuu, milkaa'uu dadhabee yoo leyyoon isa qabatu erga kufee waan ol ka'ee dhaabatu sitti fakkaatamoo?" Barattoota kufan Boonsaatti yoo fakkeessituu, barnoota immoo jaalala isaaf qabdutti fakkeessite.

"Haa jettu jettuun duris jettii, waan jettuun jetteef hinjedhiin waan jechuuf jetteef jedhi malee, eenyuyyuu kaayyoosaaf yoo jibeenfate nitura malee galma niga'a" jedhee garaa isaaf dhaamsa dhaama. 'Utuu tolee waatii tola' jedhu warri Oromootaa. Si'achi namni barattoota kufan kana abdatuyyuu hinjiru. Biiftuun isaaniif ba'ees waan seene fakkaata. Mana barnootaa kan biroo hordofanii yoo barataniyyuu waan milkaa'an miti." 'Mana barnootaa kan biraa' immoo shamarree kan biraatti fakkeessiteeti. Kanaaf, shamarree kan biraa argattus hinmilkooftu jechuusheeti.

Hiriyootnisaa isaanii wajjin taa'aa jiran kun, lola sammuu meeshaan waraanaasaa arraba, dirreen waraanaasaa dirree jaalalaa kan ta'eefi daandii agarsiiftuun yookaan koompaasiinimmoo ija lamaan kan ta'e kana addaan baafachuu dadhaban. Waan gareen waraanaa lama walitti ba'anii walwaraanaa jiranis ni fakkaatu. Isheen sagalee abdii hinqabne haadubbattuyyuu malee, Boonsaan mataasaa garasheetti akka dabsuu godhee, gar tokkotti jal'atee taa'ee, "Sagalee sin gargaara jedhu....." jedhee dubbii eegale. "Sagalee 'sin gargaara' jedhu dhaga'een akkas se'e malee silas gargaarsikoo asii akka hintaane beekan ture.

Barataan mana barnootaa keessatti kufeef garaa kutatee, mana barnootaa kan biraa, kan ulaagaa guutuun barsiisu danda'urratti yoo baratee beekumsa isaatiinis ta'e gargaarsa argateen milkaa'uu danda'a, jechuun yaadasaa keesssatti kan murteeffatu biiftuun isaaf baate utuu hinseeniin milkaa'a. Kunis murtoo barataa kufe sanarratti hundaa'a malee." Onneensaa bulluqee boolli ijasaatii dhiiga oomisheera. Isheen shamarree ulaagaa guutte miti jechuu isaati. "Ilaa! Ani dhuguman sitti hima, garaankee ammayyuu waa'ee jaalala keenyaa duritiif as garakoo mil'ataa jira. Garuu ammayyuu karaa eeguun waa'ee hinbaasu. Biiftuun onnee gogaa yoo deebi'ee ba'us onnee gogsa." Miillashee walirra kaa'attee, ciqilee harka bitaashee jilba isheetti cuftee, bar'uu harkashee isa bitaan maddiishee isa gara bitaa olutubdee boca ijasheetii isa bitaa dhiphifteetti. "Biiftuun onnee gogaa----- jetteeree" Jedhe Boonsaan mar'umman haariin waadeen dubbiishee faana bu'ee.

Waraansi arrabaa kun hundumtisaa mooraa obboleettiishee keessatti ture. "Biiftuun onnee gogaa deebi'ee ba'us onnee gogsa" Jettee kan isheen arraba hadhaa'aadhaan mammaakte hundisaa utuu inni qaroo yaadaatiin ilaaluu, akka bishaan bo'oosaa qabatee dhagaa gidduu hulluuqee gadi dhangala'uu, buqqee mataasaatii huree seenee, diinqa sammuu isaa keessaa qaama dandeettii yaaduusaatiitti dhangala'ee siilesseera. Tilmaamni dubbiisheetii "Ati si'achi shamarree siif taatu hinargattu, dukkana limixii keessa teessee abdii dhala gaangeef karaa eegda." Jechuu isheeti. Abdii dukkanaa'aa, gadameessa hawwee dhabe kan foon ramacii baatuun waxalameetti fakkeessite.

"Walbaranii waadaa seenuun akka carraa dha.Waadaa dagatanii addaan ba'uun garuu godaannisa sammuudha" Jedhee carraa ishee wajjin haasa'uu kanarratti goolabe. Nagaa okkolaadhaan erga dhaamsa dhaameefii booda gara dugdaduubasaatti galagalee "Tarii guyyaa tokko...."

jedhee utuu hinxumurin sagaleesaa addaan kutee hiriyootasaa harka qabatee mooricha keessaa gadi ba'e. Meeroon balbala moorichaa cufuuf yoo gadi baatu, akkuma amalasheetii yeroo yartuuf balbala moorichaa qabdee dhaabattee, ijasheetiin daandii konkolaataarra sakattaati. Konkolaataan manaa tokko deemtee dhuftee balbala moorichaa fuula dura geessee dhaabatte. Konkolaachisaan achi keessa jirus calluma jedhee sagalee deemsa akeekkachiiftuu konkolaatichaa iyyisiisa. Ijishee utuu diida keessa daaddisaa jiruu gurrishee sagalee deemsa akeekkachiiftuu konkolaataa kanaa dhaga'e. Gadi jettee daawwitii konkolaatichaa keessa yoo ija hubannootiin ilaaltu keesssumma isheetti hintaane. Qaroon ishee utuu bararrisuu isamoo isa miti jedhee gaaffii sammuunshee isheef dhiyeessaa jiru injifattee sussuka sareen isa biratti lafa dhoofte. Innis balbala konkolaatichaa banatee gadi ba'ee hammatee shurrubbaashee fuulasaatti uwwifatee nagaa gaafate.

Margaan magaalaa Amboorraa gara magaalaa Gimbii dhufee hiriyootasaa konkolaachistoota kanneen magaalaa Gimbii jiraatanii wajjin Meeroon manasheetii waamanii gammachuushee wajjin hirmaachuuf konkolaataadhaan fuudhuu dhufan.

Boonsaafi hiriyootnisaa yeroo kana dhaabatanii ilaalu. Margaatti of agarsiisuuf jettee " 'qo'i mee 'istii' na eegi nan dhufaa, wantan sitti himun qabaa" Jette Boonsaa fageenyarraa waamtee as deebifte. Gara manaatti oldeebitee uffatashee gedderattee, dabbasaa matasheetii sirreeffataa jirti.
Margaan miiltoosaa wajjin konkolaataa keessaa gadi ba'ee konkolaaticha cina dhaabata. Kootii gurraacha kan gogaarraa hojjetame uffatee jiru ofirraa baasee harkasaa bitaarra buufatee, qomasaatti qabatee, leensii ijasaatii ijasaarraa fudhatee sooftiin hahaxaa'ataa, miiltoosaatti galagalee dhaabatee haasa'a.

Boonsaanimmoo hiriyootasaarraa xiqqoo siqee balbala mooraa Meeroonfaatti hirkatee ija hannaatiin Margaa ilaala. Akka tasaa yeroo ijisaanii walirra bu'ummoo akka rifachuu ta'ee quba harkaa abgudduudhaan qubasaa elmituu tokkosee waan hinjirre wayyaa gaddaa uffatee jirurraa haxa'a. Ammas xiqqoo turee mataasaa suuta jedhee gara Margaatti naannessee yoo ilaalu akka tasaa Margaanimmoo ija guutee isa ilaalaa jira. Ammammoo waan godhu yeroo wallaalu gonfoo mataasaarraa gadi fudhatee erga rurrukutee akka hahaxaa'uu godhee deebisee mataasaatti kaa'ata. Isheen yeroo olseente na eegaa waan jetteef, tarii maaltu ta'a jedhee dhaabataa jira. Hiriyootnisaa garuu bakka kana dhaabachuusaatti hingammadne, sammuusaa eeguuf isaa wajjin dhaabatu malee.

Meeroon balbala moorichaa saaqqattee yeroo gadi baatu qaamnishee guutummaan rifeensa mataasheerraa eegalee hamma quba miillasheetti jijjiirameera. Qaamni kabajaa tokkichi uumaanshee dhoksaatti isheef kenne bo'oosaa gadhiisee bakkee quruphisa. Rogaafi bocnisaa uffannaa jalaa kan qaamasheetti aanu dhiibee dayyaasuu ga'eera. Garri teessuu isheetimmoo A, B, C, D jedhee utuu ofkeessatti sagaleessuu sarara qubee "V" agarsiisee, utuu hinbaratin dubbisaa yeroo deemu luugama miira dargaggummaa nama harkatti harkisee cira.

Boonsaan kan argee hinbeekne waan argeef ija dheebotaadhaan garashee ilaala. Siidaan kajeellaa isarratti galagallaan qaamni saalaasaatii ija malee teessushee ilaalee, surreesaa isuma uffannaa gaddaa keessaan akka bofa gammoojjii mataa olqabachuu eegale. Haalli isarratti mul'ate kun seenaa jireenyasaa keessatti isa jalqabaati. Isheen garuu fuulashee garasaatti utuu hintaane gara Margaatti qajeelchite.

" 'Here qawix!' daraaraa abaaboo gara biyya alaatti fe'amaa jiru fakkaatta, xiqqooshee naaf obsi, achuma dhaabadhu" Jedhee kaameeraa dijiitaalii konkolaataasaa keessaa fuudhee suuraa ishee kaasee, garasheetti deemee isheetti agarsiise. Boonsaanimmoo yeroo kana faana miillasaanii duukaa ija nanaannessaa, gorora kudhan liqimseera.
Meerookoo, isa ammaa maal jetteree? Si eegaan jira'oo---Boonsaa. Haguuggii mataasaa sisirreeffataa garasheetti deeme. Nagaa mitimoo, rakkinatu jiraa?----Margaa. Lakkisaa rakkoon hinjiru, isheetu.... Jedhee utuu hinxumuriin, "...isheetu na eegi" jedhee ture-----Boonsaa. Boonsaatti achi galagaltee dhaabattee, xiqqoo isarraa siqxee, quba harkashee mirgaa isatti raaftee sagalee ulfataadhaan, "Ani dhuguman siin jedha, waggoota lama guutummaaf, utuma dhageessuu natti deddeebitee na dhiphisaa turte, kana booddee maqaa koo akka hinxureessine. Kan kanaan achii wanta sirra ga'uuf ani itti hingaafatamu. Ilaa! Jaalalleekoo Margaa birattin sitti hima" Jette.

Boonsaan harkasaa tokkoon afaansaa qabatee calluma jedhee lafa ilaalee hafe. Tarii maal natti himti jedhee dhaabatee kan eegaa ture xumurrisaa akkas ta'e. "Lafti abdatan sanyii nyaatee, namni abdatan waadaa nyaata" Jedhamee kanaaf mammaakame.

Margaan akka leenca loonirrati lafa dha'uuf jedhuu Boonsaa caccabsee nyaachuuf waan jechaa jiru fakkaata. Sagalee u'ulfaataa utuu daddarbatuu calluma jedhee konkolaataa seene.Waggoota lamaan turte keessatti utuu Afaan Oromoo Boonsaatti jijjiirtee hinhaasa'iin har'a Margaatti ofjajuuf jettee konkolaataa erga seentee daawwitii foddaa konkolaataa keessaan harkashee bitaafi mirgaa lamaan Boonsaatti facaaftee "Libba daraq, tsaahaa'i daagimanyaa biwaxaawu libbi yaadarqaal "

Maaliifan intala Obbo Girshaa, Yeneenashiin dhiiseree? Intalumasaanii waliin jaalala hineegalun turee? Isa fageenyaa odeessuu mitii eenyummaa ofii beekanii, eenyummaa jaalallee ofiis qorachuun dirqama jedhee Boonsaan yaada qalbiisaaf keessummaa ta'e kana utuu ofkeessatti hasaasuu, akka tasaa lafeen sammuusaatii walitti bu'ee isa suukanneessee jennaan akka rifachuu ta'ee sagalee guddaadhaan lafa gargar kute; ni axxiffate. Hiriyootasaatu "Si haa maaru" Jedhe malee, inni garuu "Sin maarin, ittiin du'akee haata'u, joonjoftuu.....kan hidhata hinbeekne, argiteef kan faana dhooftu, muu!....." jedhee arraba isaan qalbiisaa arrabsa. Isaaf hingalle malee nifurame.

Jaalalleen akkasii akka mana dhimmuuti, dubbiin arraba isheetiimmoo godaannisa sammuudha yoo jedhan nama hinsobsiisu. Jaalallisheen jaalalleesheetiif qabdu haalarratti kan hundaa'edha. Isa qabu faana niluuccaati. Kan dhabemmoo nibalfiti. Yoo ta'es dhiira miidhagaadhaafi uffata tolu yoo argites hamma simboon isarraa godaanutti afaan damma gootee kiyyoo jaalalaa keessa darbattee buufti. Nidhokfatti malee garaanshee gaaffii jaalalaa kamillee utuu keessummeessee nijaallatti. Amala kanammoo erguma qormaata biyyoolessaa qoramtee gara maatiishee deemtee deebitee eegalte. Amalli ishee durii sababa Boonsaatiif haguugamee kan ture, har'a bakkeetti mul'ate. Guyyaa gaafa miilli ishee magaalaa Gimbii keessa ejjetee eegalee, utuu dargaggoota warra akka waraabessaatti dhaabbiitti nama nyaatanitti carraan ishee qabeera ta'ee, silaa har'a dhadhaa ibidda buute taateetti. Isheen garuu amala Boonsaa dandamattee arraba ibiddaa baay'ee jalaa oolteetti.

Hariiroon isheefi jaalalleeshee gidduu jiru adaamii agamsa keessatti guddatee wajjin walfakkaata. Waqtiirratti hundaa'ee yoo qilleensaan sosocho'e, adaamiin madaa'uunsaa waan hafu miti; xumura fokkisaa

dha. Margaayyuu sababa inni qaama kabajaashee gonfateef wajjin jiraachuuf murteeffatte malee waan foon tokkotti biqilanii guddatan miti. Ta'us dirqamaan lafee cinaacha bitaasaatti maxxanse malee ishee wajjin foon tokkottii hinbiqille.

Namni tokko yeroo si jibbu qofa utuu hintaane, yeroo si jaallatus maaliif akka si jaallatu ofgaafachuu qabda. Adurree qoonqoftuun warra ishee guddise jalaa baddee qe'ee warra hantuutni jirutti qoonqoosheef itti galti. Bara beelaa dabarfattee ofsuphitee bor adala taatee cuucii lafa yaatus, ta'e kan baalleen kaatu hunda duguugdi. Manni gogaa harreerraa ijaarame yeroo waraabessi yuusu jijjiga. Jaalalli bu'aafi miidhaginarratti hunda'u yeroo miidhaginni akka daraaraa abaaboo bonaa goggogee harca'u egereedhaafi kuusaan yaadaa, habaqii qilleensaan hafuufame ta'a.

Jaalalli dhugaan saaxoo jaalalaa fe'atee dachaa ibiddaa qaxxaamura; hindhaamus, hingubatus. Dhugaa ibiddaa bishaanni hinmo'u waan ta'eef, jaalalli jaalala akka ibiddaan hundaa'e gooftaa bishaaniiti. Sobni bishaan dheebuu hinba'u, jaalalli jaalala akka urgaa bishaaniimmoo gooftaa ibiddaati. Ibiddi jaalalaas ho'ee barbadaa jaalalaa hindhalchu. Eenyuyyuu bu'aa mataasaatiif socho'a. Marabbaa namaa wajjin dha'uus ta'e, jaalala dhugaa namaa wajjin eegalee qabsoo jireenyaa itti fufus, fiixee gaara milkaa'umsaatti erga olba'ee booda an sin beeku jechuunsaa waan hafu miti. Kanaaf imala jaalalaa eegaluun dura, eenyummaa hidhata ofii beekuutu dursa. Kan kanarraan hafee eenyuyyuu bofa marga keessaati. Garuu jaalala dhugaan jiraachuuf gamoo jaalalaa seenanii, dungoon jaalalaa akka tasaa yoo dhaame, ogeessa gamoo jaalalaa wajjin hundeessan komachuu utuu hintaane, kan jaallatan nama akkamii akka ta'e adda baafatanii dungoo jaalalaa qabsiifachuudha.

....Biiftuun onnee gogaa yoo deebi'ee ba'us onnee gogsa!!!

Haa jettu jettuun duris jettii, waan jettuun jetteef hinjedhiinwaan jechuuf jetteef jedhi malee!!!

******

KUTAA 7

Biyya jibban maraatanii dhaqu akkuma jedhan carraan barnoota sadarka ol'aanaa Meerooniin gara Gimbiitti ishee deebise.Yuuniversitii Wallaggaa Damee Gimbii ishee ga'e. Magaalaan Gimbii inni isheen haala teessuma lafasaatiif tuqxellee keessummaa waan jaallatuuf didee akkuma amalaasaatii ofitti ishee hawwata.

Jireenya waggaa lama keessatti dabarsiteyyuu Boonsaa utubaa jireenyaafi gaaddisa aduu saafaa godhattee wajjin turte. Bidiruu jaalalaa tokkoon utuu deemanii walakkeessa galaana jaalalaarra erga ga'anii isa qofaa dhiiftee bidiruu duraan beektu tokko argattee itti seente. Dubbii arrabasheetii yeroo sanaaf ija hiriyaasheetii waan guuttu miti. Sammuunshee taa'ee taa'ee yaadata. "Ajab! Yaa magaalaa Gimbii yaa isa dugda gaalaa...."

Haata'u malee, Boonsaan inni dur jibbame sun har'ammoo eessa akka isa ga'e hubachuuf dhama'aa jirti. Isaa wajjin haasa'uufillee daandiin qilleensaa addaan citaadha. Sagaleen jaalalaas ta'e dubbiin kamiyyuu Boonsaafi Meeroon gidduu jiru bilbil-sochiin hinbaatamu, bilbil-sochiin isaaniis, toora hafuura daandii qilleensaa ofirratti hinbaatu. G

ara magaalaa Gimbiitti deebitee jiraachuurra barnoota addaan kuttee dhiisuu filattuyyuu, maatiinshee dirqamaan gara Yuuniversiti Waliaggaa Damee Gimbiitti ergan.

Boonsaa yoo ta'e garuu sagantaa dokteerummaadhaan gara mooraa Yuuniversiitii Finfinnee deemee jira. Haalotni tokko tokko yoo isa mudataniyyuu bu'aa ba'ii hedduu qaxxaamuree milkaa'umsatti akka ba'u waan beekuuf abdii hinkutanne. Akkuma mooraa barnootaa seeneen barattoota hedduu afaan garaagaraa dubbatan kan amalaanis ta'e bifaan garaagara ta'an naannolee sagal keessaa cuunfamanii walitti qabamanii wajjin qabsoo jireenyaa akka qabsaa'u xiinxale.

Qacaci yaadaa utuu itti qacacuu, karfaffuun gaabbii rooba cabbii yaadaa, keessa sammuusaa rukutee mudannoo jireenyaa waggoota kudhaniin as isa mudatan hunda yaadachiise.

Qalqalloo garaa bal'aa mataa hidhaatu koorsa --Geerarsa
Hojjetaan mana keenyaa inni yoo hurursan----Yeneenash
'Minoonki, min xeffaa'----Gargaaraa konkolaachisaa
Maal taate maal sigargaaru?-----Meeroon
Amma lafa kaayyoo keetii geessutti garba kaayyoo keeti ta'i-----Abbaasaa

Biiftuun onnee gogaa deebi'ee ba'us onnee gogsa----- Meeroon. Kana hundumaa erga yaadatee addunyaan kun guuboo rakkinaafi qormaataa ta'uushee hubate. Lamuu simboon gowwomfamuun na hinnyaattu, arrabnis firakoo fakkaattee kiyyoo jaalalaa keessa na buuftee mul'ata koo hindukkaneessitu jedhee bishaan booree cuunfaa dheebichaa caalaa hadhaa'u yaadaan abbuuqqatee dhuge. Inni akka durii sun hinjiru. Hiriyootnisaafi miiltoonsaa barattoota dareesaafi barsiisota isaa qofa ta'e.

Jaalalliifi kabajni inni hojjetoota mootummaa, barattootaafi kanneen biroorra argataa jirus guddataa dhufe. Sababa bilchina sammuusatiif jechootni afaansaa keessaa baa'aniifi gorsi inni barattootaaf kennu bakka ol'aanaa qabate. Kanarraan kan ka'e filannoo pirezedaantii barattoota yuuniversitichaarratti qooda fudhate. Innis injifannoo boonsaa galmeessisee pirezedaantii barattoota yuuniversitichaa ta'ee filatame.

Meeroon hafuura yaaddoo baafachuu erga eegaltee xiqqoo bubbulteetti. Mooraan isheen keessa jiraattu mooraa barnootaa utuu hintaane, mooraa waraanaa keessa waan jiraataa jirtu isheetti fakkaata. Barnootni kafanaafi simboo jireenyaa ta'uusaa utuma beektuu burqaan

abdiishee didee duraa boora'a. Gadda garaasheetiif amallishee jijjiiramuu waan oole miti.

Barattootni mooraa Yuniversitii Wallaggaa Damee Gimbii ishee wajjin baratan ishee biraa kolfanii yoo taphatan, yoo nyaatan, yoo dhugan, isheen garuu gorora isheen liqimsitutu ramacii ibiddaa godhee ishee waada. Barattootni tokko tokko simbooshee ilaalanii yoo wajjin qoosuu barbaadan balballi mar'ummaan ishee gaddaan cufamee waan jiruuf faarashee beekuu hindandeenye. Inni Afaan Oromoo qajeelchee hinhaasofnellee, "Baleeddu maal taatee, 'hiraatii' hiiftee raftee, 'qursii' kee badee?Moo maaltu sitti hufee? 'indee' iseen maaltaatee, 'min ayinat sawu nat hulgizee zim' jettee 'bichaa' isee deenti,'waygud taammirii agarre!' " Jechuudhaan kar'a mil'uu gaddaan guuteetti kan ishee hoofaa oolan barattoota hedduudha.

Akkasumas iyyaafannoo keessa Boonsaan Yuuniversitii Finfinnee sagantaa dokteerummaadhaan barnootasaarra akka jiru dhageessee, qalbiinshee bar'uu harka nama maraatee keessa seene. Mooricha keessatti fudhatama inni qabuufi fakkeenyummaa gaarii inni galmeessisaa jiru erga gurrashee bu'ee eegalee, yaadnishee mukaafi jirmaan reebamaa, galaana gaabbiitti bitintiraa oola.

Dargaggootni goodaa Gimbii warrii naannoo Gabaa Maalifuu waggaa darbe Boonsaa duukaatti waan ishee beekaniif, isheenis Boonsaafi miidhagina fuula isheetiin isaanitti ofjajaa waan turteef, har'ammoo fuullishee ibidda yaadaatiin gubatee midhaginasheerraa godaansiseera waanta'eef kan isheen ofiisheetii yaaddee ofdhiphiftu caalaa jechootni isaan isheetti daddarbatan akkasheen mooraa yuuniversitichaa keessaa baatee gara walakkeessa magaalaa Gimbiitti olhinbaaneef miillashee takaale. Guutummaa guutuutti namummaan ishee jijjiiramaa haata'

uyyuu malee, waggoota darbe Mana Barumsaa Kompireensiivii Gimbiitti yeroo isheen baarataa turte Boonsaa wajjin dandii konkolaataa gubbaatti waan beekaniif isheen isaaniif haaraa ta'uu hindandeenye.
Yeroo isheen qofaashee deemtu daandiirraa itti goranii "Boontuu, Boonsaa akkam gootee?" Jedhu, yeroo kana inni tokkommoo kolfa gogaa qasa'ee kolfee:
"Boonsaa? Boonsaan asii maal hojjeta? Inni Yuuniversitii Finfinnee gale. Dookteeridhaam! Ayii, ishee kanatu qofaa ishee asii lafa dhiita malee, mana barumsaa itti kutaa 11ffaafi 12ffaa barattetti digirii isheen eebbifamtee baati, baranammoo 'ispoondaan' ishee gadigale." Utuu isheen dubbii tokko afaanii baaftee hindubbatiin arrabnisaanii dubbii quufeera. Akka nama mari'atee, tokkommoo ishee fuulduraan bar'uu harkasaa walitti rurrukutee, hidhiisaa muxxeeffatee, sagalee faffaca'aadhaan fooricee:
"Eh!'qashtii'koo eessammoo?" Isheen jedha. Aduu ho'ee gubaa jiruun, guyyaa saafaan itii dukkanaa'ee qaama ishee walitti galchitee nama uffata qorraa barbaadaa jiru fakkaatti. Deemsi ishee harkatti yoo badu akka harree ba'aa jiffattee deemaa jirtuutti mohooshee gara tokkootti jalliftee deemti.

Kunimmoo akka wanta Boonsaan dargaggoota hamileeshee tuqan qopheessee, ofiisaatiimmoo barnoota demeetti, isheetti fakkaate. Amma ega walga'ee waldha'ee kallatti hundaan jireenyi ishee sammuu nagaan jiraachuuf abjuu isheetti ta'e. Barnootni isheen barattu itti cime. Miidhaginnifi amallishee walsimachuu dide. Mooraa keessaa gadi baatee gara magaalaa deemuuf shamarrees ta'e dhiira ni dhabde.
Eenyullee ishee wajjin yoo deemee kashalabboota magaalaa keessaan utuu hintuqamiin fayyaa deebi'ee hingalu. Kunimmoo akkasheeen hiriyaa dhabdu ishee taasise. Amala malee miidhaginni, aannan summiin keessa bu'edha jedhanii hundumtuu ishee baqatu.

Meeroon, Boonsaa nama tokkicha ajeefattee baqatte, isheemmoo barattoota hundatu ajeefatee baqate. Waggaa darbe teessee arrabaan Boonsaa waraantee kan madeessite, si'achimmoo kaatee dhaabattee jigii itti bobbaaftee akka madaasaa fayyisuu hindandeenye garaanshee amanee fudhate. "Hir'uun gadi fagoo wayya" jettee murteeffatte. "Tarii harkasaa dhaquun danda'a, kanaaf utuu inni nama guddaa hinta'iin yoo naaf danda'ame lubbuu isaarratti murtoo fudhachuun qaba." Jettee sammuushee kessatti hasaafti.

Halkaniifi guyyaan utuu isheetti dheeratanii, waggaan tokko jaarraa tokko utuu isheetti fakkaatuu jireenya miixuu ofkaltii hinqabneen barnootashee baratti. Akka maanguddoo raagdee lafa fageessitee, qofaa ishee teessee hidhiishee sosochoofti. Carraan jireenyaa Boonsaa waan ishee harka jiru isheetti fakkaatnaan lubbuu uumaan isaas ta'e uumamni beeku kan lammiin hedduu isa abdatuufi egereensaa guddaa ta'e kan kaayyoosaaf tarkaanfatu, miillasaa naaffisuuf qoraattii daandiisaa gubbaarra tarreessiti.

Margaa wajjin mari'attee, yeroo boqonnaadhaaf yuuniversitiirraa gara maatiisaatti galu dargaggoota dhiigni isaanii qarshii malee dachee kanarra hinjiraanne isatti bittee uffata gurraacha kan guyyaa eebba isaatii hiriyootnisaa yuuniversitiidhaa uffatanii eebbifaman, bakka awwaalchasaatiitti isaaf erguuf gola sammuushee keessatti wixinee du'a Boonsaa teessee qopheessiti.

Halkan utuu raftuu hirriba keessaa kaatee rifeensa mataasheetii harka bitaan qabdee ofirraa buqqisaa, harka mirgaan immoo keenyan kutaa hirribasheetiitti quba raasaa siree isheerra dhaabattee sagalee fokkisaadhaan "Gaafuma ati waggaa lammaffaakee yuuniversitichatti deebiten si arga, dhiigakee asfaaltii

magaalaa Gimbii ittiin dhiqsisiisee foonkeemmoo sareef hingoosisu taanaan ani Meerooniiree?" Jette isa guyyaa yaadaan sammuushee keessatti mari'attu ifa baaftee dubbatte. Barattootni doormiisheetii ji'a hamma kana ishee wajjin taa'anii har'a abjuu keessa eenyuutti akkasheen dhaadattu waan wallaalaniif shakkii keessa seenan.

...simboo jireenyaa ta'uusaa utuma beektuu burqaan abdiishee didee duraa boora'a!!!

....erga yaadatee addunyaan kun guuboo rakkinaafi qormaataa ta'uushee hubate!!!

****** ******* ******

KUTAA 8

Yuuniversitootni boqonnaadhaaf barattoota gara maatiisaaniitti galchaniiru. Haati dhalaa baatii dheeraatiif dhalashee hinargiin kan turte, har'a argitee gammachuudhaan itti marmitee takka hidhii keessa dhungataa, takka immoo ofitti qabdee harkashee lamaan dugda dhala isheerra qaxxaamursitee bar'uu harkasheetiimmoo gara waaqaatti olqabdee waaqa isa ija nagaan walisaan agarsiise galateeffatti.

Meeroonis boqonnaadhaaf gara maatiisheetiitti galteetti. Waggaa guutuu ramacii yaadaatiin waxalamaa waan turteef caasaan qaamasheetii lafee namummaa gadhiisee ekeraa ishee fakkeesseera. Simboofi miidhaginnishee akka ilillii aduun bonaa gogsee, harcaatee walgadhiisteetti. Kan bakka isaa qabatee jiru rifeensa mataa isheefi ilkaan ishee isa asheetii qofa. Kafanaafiyyuu safuudhaa yeroo uffannaa ammayyaa jijiijjiirtee uffattummoo nama fakkaatti. Darbee darbee uffannaa jijjiirrachuusheerraan kan ka'e ija namaatti seexana dhiiga dhugdee galaa jirtu yeroo isheen fakkaattus ni jira.

Harmeenshee harka mararteetiin cinaachashee bitaafi mirgaa isa dur bokokee waakkoo arfaasaa isa biyyoo dhiibee olba'aa jiru fakkaatu sana qaqqabanii yoo dhaban, "Mucaakoo ija maaliitu na duraa ilaalee?" jedhanii isheerraa achi galagalanii qubasaani abgudduufi elmituudhaan ijasaanii bitaafi mirgaa keessaa imimmaan haxaa'atanii gara lafee funyaaniitti olsassaabbatu. Meeroon dhukkuba waaqaa hinqabdu. Qilleensi magaalaa Gimbiis waan jijjiirame hinqabu, isuma yeroo isheen kutaa 11ffaafi 12ffaa barataa turtedha. Haata'u malee, kan gogaashee waadee qaammatee simbooshee isheerraa gadi quncise jireenyashee golgoleesse amalashee isa badaa Boonsaa wajjin waldhabsisiisedha.

lji walhinargiin ture baay'ee waldheebota, garaan waljaallatus halkaaniifi guyyaa karaa deema. Kan jaalallee ofiimmoo kana caalaa taa'umsaafi ijaajjii nama dhorka. Margaan garaa hawwiin guuteen utuu karaa eeguu har'a kunoo jaalalleesaa Meerooniin arge.

Dhaabbiin qaamasheetii inni durii bakka gadhiiseera. Inni dura ofitti nama hawwatu siidaa caccabe ta'ee lafee qofaatu dhaabata. Silaa jaalalli dhugaan furdachuufi qallachuu, miidhaguufi fokkisuurratti hinhundaa'u waan ta'eef jaalala isheef qabu irraan kan ka'e garaan isaa gaddaan cabee namummaan isaa waagii uffate. Erga nagaa gaafatee booddee sagalee mararteetiin rakkinashee yeroo gaafatu boo'ichaaf deebii tokkollee deebisuufii hindandeenye.

Hirqinfattee utuma boossuu qeensa qubasaatii qaqqabaa gara harkasaatiitti gadi jettee, dugda harka isaatiirratti imimmaan coccobsaa...."Ani utuun lubbuun jiruu jireenyikoo akka dungoo coccobdee dhumaa jirti. Namummaankoos guyyaadhaa gara guyyaatti gadi deemaa oola. Kanaaf jaalala naaf qabdu kan garaankoo karoorse raawwaachuudhaan mirkaneessi." "Meeroonkoo! Utuu ani jiruu akka dungoo coccobdee hinbaqxu. Eenyu kan si doorsisuu? Yoo jiraate dhiiga isaan fuula kee duratti coccobsee sitti agarsiisa" Nyaarasaa walitti gudunfee, mataasaa oliifi gadi hurgufaa, harkasaa mirgaa abboottifatee, bar'u harkasaa bitaa keessa haariidhaan rurrukuta.

"....bara darbee jechuun yeroo ani kutaa 11ffaafi 12ffaa barataa ture barataan Boonsaa jedhamu kiyyoo jaalalasaatii keessa na galchuuf na adamsaa ture. Anis utuu jaalalasaaf hinjilbeenfatiin isaafi dargaggoota isa fakkaatan mara wal'aansoo qabee barnootakoos yeroon xumuru, ammas carraan barnootaa gara magaalaa Gimbiitti na deebise. Boonsaanis gaaffii jaalalaa na gaafateef akka barbaadetti waan isaaf hindeebineef, dargaggoota magaalaa Gimbii kanneen akka naannoo Gabaa Maalifuu, naannoo Baariifi Roostoraantii Cheeruufi akkasumas buufata

konkolaataa magaalichaatti argaman mara akka isaan deemsa koo hordofanii jechoota hamilee koo tuqan naan jedhaniif natti qopheessee ofiisaatiimmoo sammuu nagaadhaan barnoota isaa barataa jira. Kanaaf...." Kan jette utuu hinxumuriin fuulashee gara lapheesaatiitti cuqqaaltee boo'icha eegalte. "....kan kanarraan hafee mar'ummaankoo utuu nagubatuu lubbuunkoo darbiti....." Akka hudhamuu taatee, sagaleenshee gargar ciccitnaan gadi jettee qufaatee, sooftii ciccirtee imimmaanshee fuulasheerraa....

"Meerookoo kun salphaadha, akka malee boossee mataa ofhindhukkubsiin. Dhalootni bara har'aa qarshiirra hintarkaanfatu waan ta'eef, qarshiidhaan dargaggoota itti bitna. Isaanis dargaggoota ispoortii ammayyaa kanneen akka 'tekuwandoo, wushuu' fi kan biraan kan ga'umsaafi beekamtii qaban ta'uu qabu. Yoos daqiiqaa yartuu keessatti maraatuu farda gulufsiifte isa taasisu""Uffee kaa! Margaakoo akkas taanaan garaankoo aannan dhugee qabbaneeffata" jettee ijasaa keessa mimil'achaa mormasaatti marmite. Yandoon yaadaa roobee cabbiifi bakakkaansaa ishee waxalaa tures isheerraa caamee darbe.

Dachaasaafi Gonfaan dargaggoota magaalaa Amboo keessaa warra fira harkaati. Dachaasaan magaalaa Jimmaatti dhalatee guddate. Maqaa kana kan argate erga gara magaalaa Amboo dhufeeti malee maqaansaa Masfiin ture. Yeroo namaa wajjin wallolu, gareedhaan yoo isatti nam'an gartokko goree walitti qabee dachaasa. Guddaafi xiqqaa, jaarsaafi jaartii utuu hinjedhin walitti qabee hari'a. Kanaaf Dachaasaa jedhanii maqaa kana kennaniif. Gonfaanimmoo Dambidoollootti dhalatee, daa'imummaasaatiin Finfinneetti badee Markaatoo keessaa karaa deemaarraa waan arge utuu butuu guddate. Dachaasaa wajjin buufata konkolaataa Markaatoo keessatti miiltoo cimaa waliif turan.

Yeroo muraasaa asitti garuu lama taa'anii erga Amboo dhufanii jireenya eegalanii turaniiru. Eenyuyyuu isaanitti waa haahiixatu malee firaafi alagaa adda hinbaasan. Foonni foon haata'uu malee, foon namaafi foon horii isaaniif tokkuma. Kan jalqaban xumuruuf immoo biiftuun dhiitee haa bariituu malee, wixataafi kibxata utuu adda hinbaasiin halkaniifi guyyaa walitti deemanii bakka itti ergaman ga'anii deebi'u. Kana malees, dandeettii ispoortifi cimina qaamaan sodaatamoodha. Hubataan dubbii gadi fageessee ilaalu badii Dachaasaafi Goonfaan dalagan yeroo ceepha'u.

"Qarshii ofii baasanii ispoortii barachuun yakka namatti fakkaata. Ta'us ispoortiin fayyaaf gaariidha, barachuun isaas bayeessa. Maalimmoo, kan ispoortii barate isaanuma qofaa? Ispoortii barachun ittiin lubbuu namaa balleessuufii? Warra waa'ee ispoortii sirriitti hinbeeknetu, yoo ji'a lama, sadiif baratan cinaachaan nama ilaalaa deemu malee, jaarsaafi jaartiitti qoma dhiibaa, karaa cufanii bira darbu malee, inni saqqii gurraacha mana kaa'ee gadi ofqabee deemuyyuu, inni fayyummaa qaamasaatiif baratee ofitti amanamummaasaa mirkaneeffatee hojiisaa hojjetatuyyuu gara hinqabuuhoo! Nama keessa jal'oon hindhibduuyyuu, gadheen tokko tokko dhiiga namaa qarshii godhattee ittiin jiraattimmoo malee" jedhee dargaggoota akka Dachaasaafi Gonfaa humna dhagaa cabsee misoomsu baatanii dafqa namaafi lubbuu namaarratti duulan qeequun isaa waan hafe miti.

Margaafi Meeroon dargaggoota kana lamaan waamanii mari'achiisan. Suuraa Boonsaa kan waggoota lamaan fuula dura harkaa fuute fiddee Dachaasaafi Gonfaatti agarsiifte. Suuraansaa jaalalaan sababeeffamee bu'aa mataasheetiif isa harkaa fuudhamellee, har'ammoo ittiin eenyummaasaa beekuuf, barbaadamee akka qabamu, qabamee akka ajjeefamuf raayyaa waraana diinasaatii kan ta'an, Dachaasaafi

Gonfaanis taarifa konkolaataa kan dhaqaafi galaa, bakka cisichasaaniifi nyaatasaanii kan turtii torban tokkoo herregatanii, qarshiisaanii fudhatanii gara magaalaa Gimbiitti qajeelan.

Boonsaan baranootasaa waggaa lffaa haala gaariin xumuree boqonnaadhaaf gara maatiisaatti galeera. Baadiyaa bakka dhalootasaatii, abbaasaafi harmeesaa bira erga tutturee, eessumasaa dubbisuuf gara magaalaa Gimbiitti deebi'ee jira.

Dachaasaafi Gonfaan gara galgalaa buufata konkolaataa magaalaa Gimbii waan ga'aniif utuu eessayyuu hindhaqiin siree qabatanii bulani. Magaalaa Gimbii keessaa bakka itti ergaman ga'uuf ganamaan sakatta'insa eegalan, fuulasaanii gara bahaatti qajeelfatanii utuma deemanii ganda 04 keessaa naannoo Qodaannaa Leexoo jedhamu gahaniiru. Gaaffi waa'ee Boonsaatiif isaaniif dhiyaatu deebisuuf sirriitti odeeffannoo gahaa qabu.

Akka waan isa beekaniitti namoota naannoo Qodaannaa Leexoo jiraatan gaggaafataa utuma deemanii, maanguddoo lafa guuran, kan sababa dullomaaf qe'ee keessa deemaa oolan, kan miilla hinfageeffanne tokko arganii, nagaa gaafatanii:
"Boonsaan baadiiyaadhaa hindhufnee?" Jedhanii gaafatan.
"Boonsaa!.....Boonsaa Biyyaatimoo nama biraa nagaafattu isin?" Silaa, namni maqaasaa hinbekne hinjiru! "...eeyyee, Boonsaa Biyyaa!" Miira gammachuu tokkoon utuu eenyummaasaanii hinbeeksisiifatin gaafataa jiru. "Kanumaammoo eessatti beekturee?" "Hiriyaa keenya kan Yuuniversiitii Finfinneetti wajjin barataa turreedha, kanaaf dubbisuu barbaanne" jedhan."Ishoo! Ijoolleekoo waliyyaafachuun bayeessa, naan haafudhatuka!....uf, hiriyaan walmarartiim! Waan walfakkaatu walbiratti fannisu isa jedhaniif walbarbaacha dhufatanii egaa?"

Garaasaaniitu jaalala dhugaa isa bara dargaggummaa, hiriyootasaanii wajjin dabarsan yaadate.
"Amma argachuu hindandeenyuuree?" Yoo bakkee baasanii hinkolfine ta'eyyuu, maanguddoo kanatti booda kolfuuf, eebba maanguddoon kun isaan eebbisan garaatti qabatanii, mataa buusanii afaan maanguddoorraa deebii eegaa jiru.
"Ah! Maali, ammumayyuu argeerahoo, eessatti deebi'e laata? Mee, naannoodhuma kana iyyaafadhaa, hindhabdani ijoolleekoo" Utuu isaan qofaa dhaabatanii, isa yaadaa jiran afaanii baasanii, gadi qabanii haasa'anii, lamaansaanii nagaa itti dhaamanii sokkan.

Boonsaanis magaalaa Gimbii keessa akka jiruufi bakki inni jiraatus mana eessumasaatii akka ta'e maanguddoo kanaafi namoota gaggaafatanirraa yoo deebii argatan yaadasaaniitiin qarshii isa galanii Margaafi Meeroon harkaa fudhatan lakkaa'u. Akka wanta dhimma dhufaniif xumuraniitti jaalala qarshiin sammuu isaanii gowwoomsu.Guyyaansaa Dilbata; aduun seenee maniinsaa dhokatee xiqqoo galgalaa'eera. Dargaggootni tokko tokko bashannanaaf daandii konkolaataarra yoo deeman, barattootni baadiyaarraa dhufanii mana kiraa fudhatanii baratanimmoo Sanbata Sanbata gara maatiisaaniitti galanii deebi'an, har'ammoo maatiisaanii harkaa waan argatan fudhatanii gurmuu isaniirratti baadhatanii, kaanimmoo ba'aasaanii keessa ulee baafatanii lama lama ta'anii wal cina bu'anii, walgargaaranii daandii konkolaataarra gara mana kiraasaaniitti deemaa jiru.

Barattootni Mana Barumsaa Biiftuu Gimbii Sadarkaa 2ffaa, Mana Barumsaa Kompireensiivii Gimbii, Mana Barumsaa Adiveentistii Gimbiifi kolleejji mootummaas ta'e kan dhuunfaarraa baratan heddu-unsaanii Boonsaa wagggaa tokkoon fuula dura beeku. Kan fuulasaa hinbeeknellee maqaasaa dhaga'uu hinhafne.

Naannoo Bunnaa Gabayyaatti waca guddaatu dhaga'ame. Dargaggootni namni lama kan fuullisaanii magaalaa Gimbiitiif keessummaa ta'e utuu Boonsaan hiriyootasaa wajjin deemuu, hiriyootasaa biraa waamanii, nagaa gaafatanii utuu gaaffii kan biraa dabalanii hindhiyeessiiniif dugdaan galagalchanii kuffisan. Hiriyootnisaas yoo of hinmul'isan ta'ellee qaamnisaanii ispoortii gosa garaagaraan daakamee bullaa'ee bilchina qaba. Dachaasaafi Gonfaan hiriyoota Boonsaa wajjin lola hadhaa'aarra jiru. Gareen waraanaa lama walitti ba'ee waan walwaraanaa jiru fakkaatu. Qilleensa keessa balali'anii yeroo mataa waliirra qubatan uffannaan isaanii koochoo fakkaata. Haata'u malee, bilchinni isaan ispoortiif qaban kan walgite waan ta'eef qaamni rukutes qaamni rukutames hinjiru. Gareen lamaan rukuttaa jalaa ofoolchuuf haala ajaa'ibsiisaadhaan walmiliqaa jiru.

Dargaggoota, daa'immaniifi maanguddoon naannoo Bunnaa Gabayyaa rukutamuu Boonsaa dhaga'anii mana cufaatti dhiisanii dul'aadhaan dirmatan. Barattotni daandii konkolaataarra jiranis qallaba isaanii isa lafa dheeraa baatanii dhufan, isa nyaatasaaniif ta'u gurmuusaaniirraa achi ofirraa darbatanii, uleesaanii ba'aasaanii keessaa luqqifatanii mataa Gonfaafi Dachaasaa tatarsaasaniiru. Jeequmsi guddaan waan uumameef poolisootni buufata poolisii ganda 04 keessa jiranis ta'e kanneen daandii konkolaataarra jiran hundi jeequmsa kana tasgabbeessuuf akka kanniisa saafaa murxuxxifamanii itti fiiganii biraan baahaniiru.

Dachaasaafi Gonfaan fuulasaanii gara Masgiida Anuwaaritti galagalchatanii bo'oo bishaan Mana Barumsaa Maadirasaa Sadarkaa 1ffaa (isa har'aa utuu hintaane isa durii) qabatanii poolisootaan utuu hinqabamiin miliqanii badan. Poolisootni isaaniin qabuufillee kallattii garaagaraan faffaca'anii haa hordofaniyyuu malee qaamni nama dhunfaa kana

rukute eenyu akka ta'e utuu adda hinbaasin hafan. Poolisootnifi namootni dirmannaadhaaf dhufan gara Boonsaatti dacha'anii yeroo isa ilaalan qarriffaan ilkaansaa inni kaarruusaa cinatti argamu tokko cabeera.

Dachaasaafi Gonfaan halkanuma gaafasii fuulasaanii kallattii bahaatti garagalfatanii daandii konkolaataa cinaan bosona keessa deemsa eegalaniiru. Gara lafa barii jala bakka gaara Abbaa Seenaa jedhamutti konkolaataa fe'umsaa tokko kan gara magaalaa Finfinnee deemaa jiru argatanii gara magaalaa Ambootti qajeelan.
Meeroon battaluma Dachaasaafi Gonfaa argiteen gammachuu naasuun golgameen, "Uuu! maaloo kan biraa mitii, ilkaansaa isa kaarruu akkám gootan?.....ufff..uffee! Lib gootanii, lafa ciniinsiftanii ittii hincabsinee maaloo?" Jettee lafaa olutaaltee harka ishee laman walitti rurrukutaa rifeensa mataashee urgufti.

"Nuti wanta takkaa magaalaa Gimbii keessatti ta'ee hinbeekne raawwatnee dhufne. Kan nama ajaa'ibu manni gadi deebi'ee cufamuu dul'aafi dhagaan nutti dacha'e. Nutis yeroo kana agarsiisa ispoortiif waan gara magaalaa Gimbii deemne fakkaatna malee, Boonsaa galaafachuuf nama deeme hinfakkaatnu. Garuu rukuttaa uleen utuu hintaane dhagaadhaan Gonfaa mataasaa tarsaasan. Haaluma kana keessa dhaabannee Boonsaa rukuttaa takkaan lafa ganne. Bakka inni kufee jorga'ettimmoo ilkaansaa isa kaarruu kopheen keessaa darbanne. Uummatni magaalaa Gimbii akkaataan inni itti walitti dirmatu ajaa'iba. Utuu nuti ga'umsa qaamaa hinqabnu taanee lubbuun keenya harka uummata Gimbiin galaafatamti turte. Haata'u malee, yeroonsaa gara galgalaa waan ta'eef lolaaf mijataa ture." Jedhanii gochaasaanii isa ajaa'ibaa Margaafi Meeroonitti himatu.

Margaafi Meeroonis, Boonsaan haala salphaan ajjeefamuunsaa waan isaan gammachiiseef garaansaanii waan aannaan dhuge isaanitti fakkaate. Dachaasaafi Gonfaan qarshii 5000 Meeroon harkaa fudhatanii ammas kan biraa barbaaddachuutti qajeelan. Amma egaa sammuun Margaafi Meeroon waan boqote fakkaata. Qarshii isaanin dhiiga nama yakkaa hinqabne dhangalaasanii lubbuusaa balleessuun, isaaniif gootummaadha.

Dokteer Dagaagaan gara magaalaa Gimbii dhufee Boonsaa ofbiratti fuudhee Hospitaala Ambootti tajaajilaa jira. Yerichi barattota hundaaf yeroo boqonnaati, Boonsaan garuu michuu siree Hospitaala Amboo ta'ee boraatii boraafatee ciisa. Dokteer Dagaagaan haala gaariitiin erga tajaajilee booda bakka ilkaan Boonsaa isa cabee, warqii dhaabsiseef. Kunimmoo mijidhaginasaa akka dabalchiisu taasise. Waaroo gaafa bokkaa haadhoo gaafa ....

Boonsaan teessuma goorduba mana Dokteer Dagaagaa keessa seenee, miillasaa isa mirgaa, miillasaa isa bitaarra xiqqoo qaxxaamursiisee, harkasaa bitaa lukasaarra xiqqoo loosee, ciqileesaarra dhaabbatee, qeensa quba elmituusaatiin ilkaansaa rurrukuta. Dhagaan daakuu yaadasaatii bukoofi bilchaataa walitti laaqee dafaqee, callaafi ingirdaada walitti daakames adda baasuuf gingilchaa daaraafi daakuutti naqee ungulaalaa jira. Qaroon ijasaatii xixiqqaatee ture, boolla ijasaa keessaa dhiibee yeroo ba'u boombii dhoqqee haadhaa jirtu fakkaata. Baallee ijasaatiin erga danqaree irra keessa akka dunuunfachuu ta'ee booda, ilkaansaa walciniinsisee dhiita xiqqoo akka dhagaa, maddiisaa mirgaafi bitaarratti altokko mul'isee balleessa. Walitti fufee ammaa amma erga lilibsatee booda, "Uf.....uff....ahh, namamoo!" Jedhee ammas yaadnisaa gara Margaafi Meeroonitti qaari'e. Ragaa qabatamaa harkasaa keessaa yoo dhabeyyuu garaansaa shakkuu hinoolle.

Tarkaanfii sukanneessaa Meeroon jaalalleeshee isa bara rakkinaa, isa bara miixatanii waan fidan hinqabnee, isa bara malkaafi laga hinbeeknee, isa ishee wajjin qaanqee jaalalaan waadamaa qabsoo hadha'aa isheef geggeessee sadarkaa barnoota ol'aanaati ishee ergee, Boonsaarratti yaalii ajjeechaa geessisuu isheetiif uumaafi uumamni itti gaddeera. Kan dhadhaa afaan kaa'an dhagaa afaan nama.....

Margaafi Meeroon, Boonsaa tuttuquunsaanii, ilkaansaa isa kaarruu cabsisiisuunsaanis Boonsaaf simboo dabale malee homa tokkollee isa hingoone. Lubbuu yoo ta'emmoo inni kan waaqaati. Utuma naraasanii, utuma naraasanii mataatti ol na baasani jette dhadhaan.

Guyyaa tokko magaalaa Amboo keessa utuu Dokteer Dagaagaafi Boonsaan wajjin deemaa jiranii, Margaafi Meeroonimmoo fuula duraan isaanitti dhufan. Boonsaan fuulasaa duratti baallee ijasaatii cabsatee garaa shakkiin guuteen Meerooniin ilaalaa itti deeme. Boonsaan Dokteer Dagaagaa wajjin utuma deemuu isaanitti dhiyaateera. Isaan cina ga'ee "Ihii! Fayyaa keesanii?" Jedhe akka gadi jechuu ta'ee, harkasaa mirgaammoo garasaanitti facaase. Isaan kaan dubbisa irra keessaa yoo waldubbisaniyyuu dubbisni Boonsaan, Meerooniin dubbise kan isaan kaaniirra adda ture. Fakkaattiin Boonsaa kutaa sammuu Meeroon keessaa erga haqamee xiqqoo bubbuleera. Sababa kanaaf kun Boonsaadha jettee yoo shakkuu dhiifteyyuu harkishee inni lubbuusaa ajjeesisuuf qarshii hiixate, yeroo isa dubbise hollachuunsaa hinhafne. Udduu dhuufetu.....

"Nama si beeku natti fakkaatta"

"Ani garuu mucaa firaati jedheen si dubbise. Namni fakkaattii hindhabuuf malee, garuu naafi ati firooma dhiigaa walkeessaa hinqabnu"

"Homaa miti walbarrakaa, Meeron Haayilemaari'aamin jedhama"

"Mee...ro..on! Maqaan kun naaf haaraa miti mucaa Meeroon jedhamtuu wajjin magaalaa Gimbiitti baradheera.

Ishee wajjin nyaachuudhaa yoon baadhes, ishee wajjin hojjedheera. Har'a garuu eessa akka isheen jirtuyyuu ani hinbeeku. Ofedhe, walbarrakaa! Animmoo Boonsaa Biyyaa Hundaarraan jedhama" Jedhee nama jarjaru fakkaatee harka ariitiidhaan nagaa isheetti dhaamee ishee cina darbe.

"Duuteetta siin hinjennemoo?" ija babaasaa, dugdadubasaatiin isa duukaa qajeelte. "Kkkkkkkkk.....kishkishkish...qaqaqaqaq... Ani hinduune lubbuun jira, warri du'akoo eegaa turan bakka awwaalchakoo akka na hindursine malee" Isheetti kolfaa, garuma fuulasaa duraa ilaalaa sagalee yartuudhaan deebii deebiseefii sokke. Itti galagalee haasofsiisuu hinbarbaanne. Inni waraane yoo dagateyyuu inni waraaname hindagatu. Meeroonitti aduu saafaa samii walakkaa jirutu isheetti dukkanoofnaan, waraabessi yaaddoo yuusee, himimsee ishee liqimsuuf afaan itti baneera. Utuu Boonsaan ishee wajjin dhaabatee haasa'ee nibarbaaddi turte. Garuu milkaa'uu hindandeenye. Yeroon itti Boonsaan dubbii afaanii qofaaf barbaadamu ammumayyuu ga'uu eegaleera.

".... moo, kan du'e meeqatu galee beekaa? Margaa koo nan salphadhe" Jettee mataashee qabattee gogdee hafte. Bara sana, bara.....Meeroon, Boonsaa wajjin waldhabdee turte. Konkolaataa Margaa seentee daawwitii foddaa konkolaatichaa keessaan quba Boonsaatti hurgufaa Margaa cinatti qaanessiteetti. Kana qofas utuu hintaane Boonsaa ajjeesisuuf qarshiisheetti hinhafne. Har'ammoo Boonsaatu Margaa cinatti ishee qaanesse. Harki dabaree waldhiqa! Margaafi Meeroon teellaa deebi'anii qarshiisaanii isa akkasuman galaanatti gadi darbatan yaadatan. Gaabbii dhiifama hinqabneen mar'ummanisaanii isaan raafame. Dhimma qarshii isaaniifi du'a Boonsaa, Dachaasaafi Gonfaa haagaafataniyyuu malee dhuguma Boonsaan lubbuun hafeera jedhanii hinamanne.

Warri nama nyaattu galgala keessa walnyaatti jedha Oromoon. Isaaniyyuu warra jibbaa ta'anii walitti galagalan. Silas, dubbiin kun gama Meeroonin eegale malee harki Margaa dhiiga namaa dhangalaasutti hingammadu. Har'a garuu innumtiyyuu ofdagatee, budooma bare. Isheenis kan eegalte kutannoodhaan xumuruuf Margaa taa'umsaafi ijaajjii dhowwitee ganamaafi galgala isa dhiphisti.

Dachaasaafi Gonfaan magaalaa Amboo keessaa mana bunaa Roobee taa'anii dhugaatii lallaafaa ofdura dhaabbatanii haasa'u. Boonsaanimmoo isaan cina teessuma dhaabbatee taa'aa jira. Isaan lamaan gochaasaanii isa badaa sana walitti odeessu. "...kan na ajaa'ibu tokkummaa dargaggoota Gimbiiti. Lubbuu Boonsaa kan baraare isaani." Jedha Gonfaan. "Mee dhiisi! 'Ilkaanisaa inni kaarruu cabuu qaba; Boonsaan lubbuun jiraatnaan harka kootiinan ofajjeesa' Meeroon jennaan Gimbiitti qajeelle malee Boonsaan nama tuqamuu qabu hinturre" Jedha Dachaasaanimmoo hidda mataasaatii bakkee yaafatee, akka nama fiigaa oolee hafuura dheeraa baafataa ija babaasaa taa'ee quba facaasa.

Boonsaan teessumasaa gara isaaniitti naanneffatee, isaanii wajjin wal dubbisee haasaa kan biraa eegale. "Eessati akkan isin beeku dagadheera garuu, fuulli keesssan naaf keesummaa miti" Matasaa bitaafi mirgatti raasaa, ilkaansaammoo walciniinsisee sagal libsata.
"Barataa Yuuniversiitii Finfinnee baratu tokkoo wajjin walnatti fakkaatta. Tarii fira waliif ta'uu dandeessu, anis kanaaf si mimil'achuunkoo hin hafne" jedhe Dachaasaan. "Barattoota Yuuniversitii Finfinnee nan beeka, eenyu maqaansaa?" "Boonsaa jedhama mitii laata, dagadheera" jedhe Gonfaanimmoo. "Mucaa Gimbii, kan Yuuniversitii Finfinnee sagantaa dokteerummaadhaan nu wajjin barataa jiruudha natti fakkaata, maal innihoo, boqonnaaf isa gale 'Hospitaala Adiveentistii Gimbii ciisee jira' jedhanii natti bilbilanii himanii turan.

Akkan odeeffannoo qabuttimmoo namatu reebe naan jedhan, mee! waa'eesaa maal beektu laata natti himuu dandeessuu?" Boonsaanimoo dubbii afaanii baasuuf akkas haasa'a. Dachaasaan dubbii duraan taa'ee Gonfaa wajjin dubbataa ture hunda yaadatee ofqeeqe. Gonfaan garuu... "Eeyyee isuma. Jaalalleesaa kan turte Meeroon intala jedhamtutu dargaggoota nama lama as magaalaa Amboorraa ergitee reebsifte odeeffannoo jedhu nutiyyuu dhageenyerra." Ilma jarjaraa kan dubbiin afaan hinteenye Gonfaan. Boonsaan harkasaa walitti rurrukutee ergamtuu mana bunichaa keessaa waamee, herrega Gonfaafi Dachaasaa kaffale. Harkasaa bitaafi mirgaa walkeessa baafatee minjaala isa fuuldura jirurra hiixatee irratti hirkifatee, garasaaniitti jedhee sagalee marartee nama hawwatuun eenyummaasaa isaaniif ibse.

"Kan duutni itti murtaa'es, kan ilkaanni qarriffaa cabes anuma. Ani garuu hinduune lubbuun jira. Ilkaankoo isa cabeefimmoo miidhaginan argadhe. Utuu hintuttuqamiin miidhaginni hindhufu. Isinimmoo odeeffannoo kana naaf kennuu keessaniif galatoomaa. Eenyuyyuu kan hindogoggorre hinjiru, kanaaf dargaggoota natti bitamanii wajjin utuun walbaree baay'ee natti tola ture. Sababnisaa, isaan jibbakoo qabu utuu hintaane qarshiif jedhaniiti malee tarii lammiikoo ta'uu danda'u. Anaaf isheen garuu hidda dhiigaa walkeessaa hinqabnu, hormummaashee sababeefattee lammiitiin lammii, haadhootiin haadha dhabamsiisuuf karoorsite," jedhe, mataasaa bitaafi mirgaatti suuta jedhee sosochoosa. Nama gaabbiin guutame fakkaata.

".....dhiifama! Qarshiidhaan gowwoomfamnee sirratti badii dalagneerra. Garuu, waaqni tokkichi baga lubbuukee nu harkatti hinballeessiin. Adaraa maaloo, dhiifama ..... ah! ..... uhuuh! ... Dachaasa, mee atis maaloo na wajjin afaan tokkoon 'dhiifama!' jedhi."

Dachaasaa gororri hudheera. Waan dubbatu wallaalee bakka taa'umsa-saarraa sax jedhee ka'ee dhaabate. "Kun homaa miti, dogoggora darbe walyaadachiifnee garaa tokkoofi yaada tokkoon waltumsinee jiraachuu qabna. Dhiifama immoo waaqatu jaallata" Sadan isaaniiyyuu lafaa ka'anii hammannaa jaalalaan walhammatanii dhiifama waliif godhanii deebi'anii taa'an.Yeroo dheeraa fudhatanii gadi fageenyaan erga yaada waljijjiiranii booda lakkoofsa bilbilaa waliif kennanii, firoomasaanii cimsachuufimmoo guyyaa kan biraatti beellama qabatanii nagaa walitti dhaamanii adda bahan.

....warri du'akoo eegaa turan bakka awwaalchakoo akka na hindursine malee!!!

******

Gudunfaa

Asoosamni erga kalaqamee hayyoota garaagaraatiin mul'achuu danda'een asitti hiika garaagaraa faana waan dhufeef hiika kana jedhu tokko kennuufiin ulfaachuu mala. Hiikni isaan kennan kunis gosa asoosama qorataniin, dhimma ibsuu barbaadan, kaayyoo qorannoo isaanii, amalaafi kallattii qorannoo isaanii irratti waan hundaa'uufidha. Haaluma kanaan asoosamni fakkii lubbu-qabeessa yaanni sammuu barreessaa keessaa madde yookiin immoo gochaaleen dhuguma raawwataman barreessaan uumamanii mudannoofi gochaalee adda addaa seenessuuf gargaaranidha.

Asoosamni jiruuf jireenya dhala namaa kallattiin ibsuu danda'a. Akka waliigalaatti yoo ilaalle, barreeffamahanga ammaatti jiraniifi wanta adda addaa irratti barreeffamee dhiyaate yoo ilaalle inni tokko waan ijaan mul'atu (mul'ate) akka jiruun dhiyeessa. Inni kaan dhugaan isaa qoratamee hawaasa keessatti mirkanaa'uu danda'a. Namni kana barreessus isa arge /argu akka jirutti mul'isuu malee ofii isaatiin waan itti ida'u hin qabu. Inni lammaffaan immoo waan sammuu abbaa barreessuu keessaa burqe dabalatee, isas dhugaa hawaasa keessatti mul'atuun walfudhachiisee kan dhiyaatedha. Inni lammaffaan kun kalaqa sammuu namaa dabalatee waan uumamuuf asoosama jedhama. Asoosamni akaakuu og-barruu barreessaan tokko gochaalee addunyaa dhugaa keessatti namoota hawaasa keessa jiraataniin raawwatan yookaan raawwatamuu danda'aniin ka'umsa godhatee akka hubannoofi ilaalchasaatti dandeettii kalaquu isaatiin qindeessudha.

Asoosamni waan addunyaa dhugaa kanarratti jireenya keenya keessatti nuquunnameefi nuquunnamuu danda'u, barreessaan uumeefi qindeessee bifa qabatamaa ta'een nuuf dhiyeessudha. Asoosamni dhugaa jiru bu'ureeffachuun kan barreessaan ogummaa isaa itti dabalee barrees-

sudha. Kun ammoo asoosamni suuraa jireenyaa ta'uusaa agarsiisa. Yaada gabaabaan gaafa keenyu, asoosamni: hojii seenessamaati, sammuu barreessaatiin kan kalaqamudha, amalaafi gochaalee dhalli namaa raawwatu bu'uura godhachuun waan qophaa'uuf haqa fakkaata. Kun ammoo, amalliifi gochaaleen namfakkiiwwan raawwatan hawaasa keessatti kan raawwataman ta'anillee, namfakkiiwwan asoosama keessatti argaman qaamaan hawaasa keessa barbaadanii argachuun hindanda'amu.

Haalli jireenya hawaasaa guutummaatti asoosama keessatti mul'achuu danda'a. Asoosamni hojii kalaqqii muuxannoo hawaasa keessa jiru hawaasichumaaf deebi'ee dhiyeessudha. Asoosaan gochaalee haqa ta'an dhimma dhiibbaa, koloneeffachuu, bilisummaa, roorroo, haqa dabu, jaalala, diddaafi kan kana fakkaatan kan raawwataa jiran yookaan raawwachuuf jiran itti yaaduun kalaqee barreessuu danda'a. Gama biraanis asoosaan tokko afaan bara inni asoosamasaa kalaqee barreesse jiru irratti hedduu dalaguu danda'a. Kun ammoo afaan, aadaa amantii, eenyummaafi kan kana fakkaatan waan of keessatti qabatee jiruuf hojiin kun hunduu asoosama keessaan ifa ba'uu danda'u. Asoosama keessatti barreessaan, dhugaa hawaasa keessatti mul'atu irraa haaka'u malee ofii isaatiin waan hedduu itti uuma. Qooddattoota yaada isaa dabarsan ni uummata. Tarreeffama caasaa dhimma hawaasaa keessatti arge sana akka fedha isaatti foyyeessuu yookiin jijjiiruu danda'a. Akka isatti toleefi akka dubbistoota hawwisiisuu danda'a jedhee yaadetti qindeeffatee dhiyeessa. Namni asoosama barreessu bu'aa sammuu isaa itti dabalee waan fedhii namaa guutuufi yaada isaas bakkaan ga'uuf uummata. Asoosamni yeroo dheeraaf itti yaadamtee baate kun maqaa 'ILKEE ARRABAA' jedhu fudhattee ba'uusheetiin waan hawaasni Oromoo ta'ee darbeefi ta'aa jiru kuusuun akka dubbistoonni duuba deebi'anii seenaa sakatta'aniif qindoofte!!